# XIINXALA FAARUU LOONII TOOHAA HORAA OROMOO ANNIYYAA

**WARAQAA QORANNOO SAGANTAA BARNOOTA DIGRII LAMMAFFAA (MA)**

**IBRAAHIM MAHAMMAD AADAM**

**BITOOTEESSA, 2025**
**YUUNIVARSIITII HARAMAAYAA, OROMIYAA**

# Xiinxala Faaruu Loonii Toohaa Horaa Oromoo Anniyyaa

**Qorannoo Barnoota Digirii Lammaffaa (MA)**

**Muummee Afaan Oromoo, Ogumaafi Quunnamtiif Kan Dhiyaate**
**Daarektoreetii Sagantaa Barnoota Digrii Duraan Boodaa**
**Yuunivarsiitii Haramaayaa**

**Ulaagaalee Ittiin Guuttannaa Gartokkee Digrii Duraan Boodaa Oguma Oromootiin**

**Ibraahim Mahammad Aadam**

**Bitooteessa, 2025**
**Yuunivarsiitii Haramaayaa, Haramaayaa**

**WARAQAA MIRKANEEFFANNAA**

**DAAREKTOREETII SAGANTAA BARNOOTA DIGRII LAMMAFFAA YUUNIVARSIITII HARAMAAYAA**

Waraqaa qorannoo**:** Ibraahim Mahammad Aadam Mata Duree 'Horaa-Horsiisa Loonii: Faaruu Toohaa Oromoo Anniyyaa' jedhu irratti hojjadhee, xiinxalee, dubbisee madaaleera. Kanaaf uunkaa Waraqaa Qorannoo Digrii Duraan Boodaa waan guutee jiruuf akka inni dhiyeessuuf yaada kenneera.

Maqaa Gorsaa Ijoo:

___________________________________Mallattoo_________ Guyyaa______________

Maqaa Gorsaa Gargaaraa:

____________________________________Mallattoo__________Guyyaa_____________

Akka miseensota boordii qorattoota digrii duraan boodaa (MA)tti waraqaa qorannoo barataa**:** Ibraahim Mahammad Aadam qophaa'e dubbisee madaaleera. Akka kootti waraqaan qorannoo kun uunkaa waraqaa qorannoo sagantaa barnoota digrii duraan boodaa Afaan Oromoofi Oguma Oromootiin niguuta jedhee mirkaneesseera.

Gaggeessaa:

__________________________________Mallattoo_________ Guyyaa____________

Qoraa keessaa:

________________________________Mallattoo___________ Guyyaa___________

Qoraa Alaa:

____________________________________Mallattoo________Guyyaa __________

Itti Gaafatamaa Muummee ykn qindeessaa sagantaa barnoota digrii lammaffaa (MA

____________________________________Mallattoo_________ Guyyaa___________

# IBSA QORATICHAA

Qorataa mallattoon kiyya armaan gaditti argamu qorannoon kun hojii kiyya ta'uu isaafi kanaan dura yuunivarsiitii kamittillee qorannoo eebbaatiif kan hindhihaatin ta'uu isaa akkasumaas wabiileen qorannoo kanaaf tarreeffaman dubbisuudhaan itti dhimma bahe hunda isaaniiyyuu tartiiba wabiileen fayyadamee keessatti ibsuu kiyya mallattoo kootiin nan mirkaneessa.

Maqaa: Ibraahim Mahammad Aadam

Bakka: Yuunivarsiitii Haramaayaa,

Haramaayaa

Guyyaa:______________

Mallattoo: ____________

# SEENAA QORATAA

Qorataan Bitootessa 4/1984 A.L.Itti Naannoo Oromiyaa Godina Harargee Bahaa Aanaa Gola Odaatti Abbaa isaa Mahammad Aadamiifi Haadha isaa Kadiyyaa Mahammad irraa dhalate. Akkuma umriin isaa barnootaaf gaheen barnoota sadarkaa 1ffaa Marsaa jalqabaa (1-4) Mana Barumsaa Gooroo Aabbuu Sadarkaa 1ffaatti barate. Itti fufuun kutaalee barnootaa (5-8) Mana Barumsaa Burqaa Sadarkaa 1ffaatti baratee jira. Mana barumsaa sadarkaa 2ffaa Burqaa (9-10) erga xumureen booda barnoota diploomaa Kolleejjii Barnoota Barsiisota Asallaatti bara 2002 hanga bara 2004tti baratee xumure. Hojiif immoo Godina Harargee Bahaa Aanaa Mayyuu Mulluqqeetti ramadamee barsiisummaan dalage. Bara 2009 irraa jalqabee Godina Harargee Bahaa Aanaa Gola Odaatti jijjiirame. Akkasumaas barnoota digrii jalqabaa bara 2006 Yuunivarsiitii Haramaayaa Muummee Afaan Oromoo, Ogumaafi Qunnamtiin eegaleera. Erga bara 2011 Yuunivarsiitii Haramaayaarraa eebbifame. Bara 2013tti Sagantaa barnoota idileetiin kennametti fayyadamee digrii 2ffaa Yuunivarsiitii Haramaayaatti Muummee Afaan Oromoofi Ogumaatiin baratee xumure.

# GALATA

Duraan dursee waan hundaatti na gargaare Waaqni akka fiixaan ba'iinsa naa laateef galanni koo guddaadha. Itti aansuun adeemsa hojii qorannoo koo yeroodhaa yerootti na hordofuun na qajeelchuun na sirreessuun; yeroofi beekkumsa isaanii osoo hinqusatin ogummaa isaaniitiin na gargaaaruun hojii qorannoo kanaa kan naaf milkeessan gorsaa koo Dr. Abbabaa Lammeessaafi gorsaa lammaffaa Dr. Fiqaaduu Baldaa onneerraan galateeffad ha. Barsiisota Muummee Afaan Oromoo kan Yuunivarsiitii Haramaayaa kan ogummaa isaanii osoo narraa hinqusatin na deeggaraa turan hundaan galatoomaa jechuun barbaada. Itti aansuudhaan, yeroo kamiyyuu na cinaa dhaabbachuun hamma ammaatti na gargaaraa kan turaniifi jiran warra guyyaa tokkoof na biraa hafanii hinbeekne abbaa koo Obbo Mahammad Aadam Aliifi haadha koo Aadde Kadiyyaa Mahammad Muussaa galataan galfadha. Akkasumaas hojii barnootaafi hojii qorannoo kana hojjechuu irratti jalqabaa hanga xumuraatti kan na deeggaraa turte haadha manaa koo Aadde Jooharaa Yuusuf hedduun galatoomfadha. Dabalataan namoota ragaa qorannoo kanaan walqabatuuf madda ragaafi gochaan qorannichaaf gargaarsa naaf taasisaniif keessattuu ogeeyyii waajjira Aadaafi Turiizimii Aanaa Gola Odaa galanni koo guddaadha.

# YAADANNOO WARAQAA QORANNOO

Yaadannoon waraqaa tanaa namoota ilaalcha gaarii Oromummaafi Afaan Oromoo gara afaan barreeffamatti akka jijjiiramu gahee taphatan kanneen akka Dr. Sheek Mahammadras haad Abdullee, Dr. Haylee Fidaafi Sheek Bakrii Saphaloo akka matootti jiraataniis kannee n hanga ammaatti sabboonummaa Oromoof wareegaman hundaaf haa ta'u!!

## HIIKA JECHOOTAA

Ababuu - Jabbiileen yeroo nyaata eegalaniidha.

Baajii - Gaafa horii mammaramaa ta’e.

Balala - Horii badiisaa ta’e yoo hora dhaqeen waamu.

Balaysuu - Naanniga guutuu.

Beenuu - Deemi

Bulchaa - Iddoo loon naannawa qe’eerraa fagaatanii loon hora geessanii achuma bulan.

Cafatuu - Irra deddeebiin dhuguu

Dhabsuu - Bishaan dhabuun guyyaa osoo hindhugin gidduu oolan

Dhiilkaa - Meeshaa aannanii ta’ee kan muka irraa tolfamuudha.

Dolchaa - Biyyee soogidda ofkeessaa qabdu yookiin haya.

Foolate -Yeroo horiin dhaluuf warraaqu jechuudha.

Garaangara - Guddaa yookiin bal’aa.

Gilgilee - Qulqulleessee

Guba - Citaa abiddaan lafti irraa gubattee citaan haarayni margeen guba ja’aniin

Haalche - Kajeele.

Hadiyyoo - Qofaa

Haya - Gosa biyyee tahee soogidda kan ofkeessaa qabduudha.

Ittidhaabbatee - Hora yookiin dhuguu eegalan

Laffee - Deddeeme.

Meerroo - Mee eessa jiran jechuuf oola.

Muyoo - Masluufa yookiin nama hojii jibbu.

Okolee - Meeshaa aannaniiti.

Qorkee - Horii hoojjaan isaa gaggabaabaa kanneen gaafaa dhedheeraa qaban.

Saalaa - Gosa bineensaa gadamsa fakkaatu garuu, saalaan hundi gaafaa qaba.

Sorreey - Dabarsaa

Surree - Gosa meeshaa keessaa kan dhadhaan keessatti kuusaniidha.

Uuda - Midhaan walitti qabame.

Waldoo - Aannan baaduufi mi’ii walitti makuudha. Galumsi afwalaloo kanaa, loon abbootiin adda addaa guyyaa walitti makamanii waliin oolaniidha.

**BAAFATA**


**QABBIYYEE** **FUULA**

**WARAQAA MIRKANEEFFANNAA** **ii**

**IBSA QORATICHAA** **iii**

**SEENAA QORATAA** **iv**

**GALATA** **v**

**YAADANNOO WARAQAA QORANNOO** **vi**

**HIIKA JECHOOTAA** **vii**

**TARREEFFAMA FAKKIIWWANII** **xi**

**AXEERARA** **xii**

**1. SEENSA** **1**

1.1. Seenduubee Qorannichaa 1

1.2. Ka'umsa Qorannichaa 3

1.3. Gaaffiilee Bu'uura Qorannichaa 5

1.4. Kaayyoowwan 5

1.4.1. Kaayyoo Gooroo 5

1.4.2. Kaayyoolee Gooree 5

1.5. Barbaachisummaa Qorannichaa 5

1.6. Daangaa Qorannichaa 6

1.7. Hanqinaalee Qorannichaa 6

**2. SAKATTA'A BARRUULEE FIROOMINAA** **7**

2.1. Ogwalaloo 7

2.2. Afwalaloo 7

2.3. Faaruu 8

2.2.1. Faaruu Loonii 9

2.5.1. Faayidaalee Faaruu Loonii 10

2.5.2. Yoomessa Faaruu Loonii 12

2.5.3. Duudhaalee Horsiisa Horii Oromoo 13

2.5.3.1. Horii Akka Qabeenya Guddaatti 13

2.5.3.2. Horii Akka Ilmootti 13

2.5.3.3. Horii Akka Falaasama Jireenyaatti 14

2.6. Yaadxina Qorannichaa 14

2.7. Sakatta'insa Ogbarruu Aantee 15

2.7.1. Wal fakkeenya Qorannoo Kanaafi Biroo 15

2.7.3. Xiinxala Joornaalii Biroo 16

2.7.2. Garaagarummaan Qorannoo Kanaafi Biroo 16

**3. XIINMALA QORANNICHAA 18**

3.1. Ibsa Naannoo Qorannoo 18

3.2. Saxaxa Qorannichaa 19

3.3. Madda Ragaa Qorannichaa 20

3.4. Iddattoowwaniifi tooftaa Iddatteessuu Qorannoo 20

3.4.1. Baay'ina Ummataafi Iddattoo 20

3.4.2. Tooftaa Iddatteessuu 21

3.5. Meeshaalee Funaansa Ragaalee 21

3.5.1. Afgaaffii Banaa (Interview) 21

3.5.2. Marii Garee Xiyyeeffannoo (Focus Group Discussion) 22

3.5.3. Sakatta'a Harshammeelee (Document Analysis) 22

3.5.4. Hubdaawwannaa Banaa (Observation) 23

3.6. Malleen Xiinxala Ragaalee 23

3.7. Naamusa Qorannichaa 24

**4. XIINXALA RAGAALEEFI DHIHEESSA 26**

4.1. Gochaawwan Faaruu Loonii Toohaa Horaa Oromoo Anniyyaa 26

4.1.1. Akkaataa Baniinsaafi Cufinsaa (Opening And Closing Formula) 26

4.1.2. Gaaffilee Maalif, Akkamitti, Hangam Turan 27

4.1.3. Haala Qooda Fudhattootaa 27

4.1.4. Haala Fuula Isaanii 28

4.1.5. Meeshaalee Itti Tajaajilaman 28

4.1.6. Haala Hurrubbii /Raawwii Dhiiraafi Dhalaa 28

4.1.7. Gareen Walharkaa Fuudhuufi Walii Dabarsuu 28

4.2. Qabiyyee Faaruu Loonii Toohaa Horaa 29

4.2.1. Faaruu Loonii Toohaa Horaa Kan Siyaasaa Yookiin Qabsoo agarsiisan 29

4.2.2. Faaruu Loonii Danta Dhabdummaa Balaaleffatan 34

4.2.3. Faaruu Loonii Guddina Diinagdee Mul'isan 37

4.2.4. Faaruu Loonii Hawaasummaa Mul'isan 41

4.2.5. Faaruu Loonii Tuffii Mul'isan 44

4.2.6. Faaruu Loonii Eebbaafi Abaarsa Mul’isan 47
4.2.7. Faaruu Loonii Waliin Dubbii Abbaa Looniifi Loonii Mul’isan 49
4.3. Jijjiiramaafi Itti Fufinsa Faaruu Loonii Toohaa Horaa Oromoo Anniyyaa 51
**5. GOOLABA, ARGANNOOWWANFI YABOO 56**
5.1. Goolaba 56
5.2. Argannoowwan 57
5.3. Yaboo 57
**Wabiilee 59**
Faaruu Loonii Osoo Hinqaacceeffamin Hafan 63
Dabaleewwan 66

# TARREEFFAMA FAKKIIWWANII

**Fakkii** **Fuula**

Figure 1.Kaartaa Itoophiyaa, Oromiyaa Harargee Bahaafi Aanaa Gola Odaa .................... 19
Fakkii 2. Suuraa MGX Qorannoo Dirree Fudhatame......................................................... 69
Fakkii 3 Suuraa Yeroo Qorannoo Dirree Fudhatame .......................................................... 70

# Xiinxala Faaruu Loonii Toohaa Horaa Oromoo Anniyyaa

## AXEERARA

*Kaayyoon qorannoo kanaaa faaruu loonii toohaa horaa Oromoo Anniyyaa xiinxaluudha. Faaruun loonii yeroo hora toohaniif kaayyoolee gooree galmaan gahuuf gaaffilee bu'uura qorannoo qophaa'e deebisuuf meeshaalee funaansaa kanneen akka afgaaffiin, marii garee xiyyeeffannoo, sakatta'a ragaaleefi hubdaawwannaan funaanaman bifa sagaleefi suursagalee dhaggeeffatamaniifi ilaalamanii gara barreeffamatti jijjiiramuun xiinxalaman iiru. Tooftaan xiinxalaafi hiikaa dhiheessa ragaaleef mijjawaa ta'ee hojiirra oole immoo kan mala akkamtaa keessaa tooftaa qaaccessa sagaleefi ergaa afwalalooti. Tooftaa iddatteessuu filatame iddatteessuu carraanalaa keessaa, iddatteessuu darbaa dabarsaan kan qindaa'eedha. Qorannoon kun faaruu loonii funaanaman akkaataa itti hubatamuufi hiikamu xiinxaluun gumaacha hawaasa keessatti qabu ifa godheera. Yaaxxinni qorannoo kanaaf filatame yaaxxina fayyadaminsaa (functionalism) yoo ta'u dhugaa hawaasa keessa jiru haala jiruuf jireenya hawaasaafi aadaa isaa qoratanii akka jiraachisaaniif uumametti dhimma bahuun kan raawwatameedha. Argannoon qorannichaa faaruuwwan funaanaman keessatti jaalala horiif qaban akka ilmoo namaaf qabaniin walqixa akka turan qorannoon kun agarsiiseera. Faaruun loonii kuniis qabiyyeewwan hawaasa keessatti murteessoo ta'an kanneen akka: siyaasa, diinagdee, danta dhabdummaa balaaleffatan, tuffii mul'isanii, eebbaafi abaarsafi waliin dubbiin looniifi namaa jiraachuu mul'isaniidha. Akka waliigalaatti faaruun loonii eenyummaa, seenaa, safuufi aadaa Oromoo eeguuf faayidaa guddaa qaba. Hawaasa horsiisee bulaa keessatti faaruun loonii gooroowwan addaa isaanii ibsuuf baay'ee barbaachisaa ta'uu qorannichaan bira gahameera. Akkasumaas faaricha akka tapha faayidaa hinqabneetti ilaalamuun dogoggora ta'uu qorannoon kun bal'inaan mul'iseera. Yaboon qorannoo kanaan lafa kaa'amees dhimmoota aadaa, seenaafi eenyummaa ofii eeguun kan Oromoota hundaa waan ta'eef faaruu loonii Oromoo Anniyyaa qabeenya hawaasa Oromoo kunuunsuuniifi dagaagsuun miira Oromummaa guddisaa kan adeemuudha.*

# 1. SEENSA

Kutaa kana keessatti matadureewwan kanneen akka seenduubee, ka'umsa, gaaffilee bu'uuraa, kaayyoolee, barbaachisummaa, daangaa, danqaalee qorannichaatu walduraa duubaan dhihaata.

## 1.1. Seenduubee Qorannichaa

Ogafaan hawaasa tokkoo yoomiifi eessatti akka jalqabe wanti beekkamu jiraachuu baatullee, erga ilmi namaa gamtaan jiraachuu jalqabee kaasee kan tureefi har'aas kan jiru akka ta'e nibeekkama. Dhimma kana ilaalchisee (Hayiluun, 2016:16). "Afwalaloon barreeffamaa osoo hineegalin dura ilmi namaa aadaa, duudhaa, barsiifataalee, haala jireenyaa kkf. dhaloota lufuufi dhufutti dabarsaa kan ture ogafaan fayyadamuuni'' jedha (Abdulshakuurfi Alamuu, 2021). Itti dabaluun Afrikaan duudhaa afaaniin dubbatamu badhaadhaa oguma ummattoonni yeroo dheeraaf qabatanii turan ofkeessaa qabu qabdi. Duudhaan kun beekumsa guddaa afaaniin dhalootaaf darbu keessummeessa. Dirreen beekkumsaa bal'aan kun 'complex corpus of verbal arts' jedhamee kan moggaafame yoo ta'u, seenaa irraa dandeettii ibsuuf kan fakkeeffameedha. Aartiileen afaanii kun hojiiwwan barreeffamaa waliin hariiroo waloo akka qaban falmamu**,** sababiin isaas afaan aartiifi fakkii waan fayyadamaniif. Qaamolee barsiisaafi bashannansiisaa walitti makuun isaaniis daawwitii hawaasummaa akka uumu yaadameera. Duudhaan afaaniin dubbatamu dhugumatti toorri 'Insaayikolooppiidiyaa seenaa ummatoota adda addaa, muuxannoo aadaa, duudhaafi safuu; galmee miira, ilaalcha, deebii muuxannoofi naannoo isaaniif kennan oguma dhalootaa bakkaafi yeroo keessatti eeguufi babal'isuuf akka malatti itti fayyadaman. Kuusaa bal'aan aartii afaanii Afrikaa gosoota hedduu ogbarruufi 'seenaa' jedhamuun ramadamuu danda'a. Seenaaleen adda addaa akka hindagatamneef ummanni Oromoo bifa faaruu walaloofi yeedaloo ofkeessaa qabduun sammuu hawaasaa keessatti olkaa'atu (Ashannaafiifi Eebbaa, 2017:1).

Afwalaloon dhimma afaaniin dhalootarraa dhalootatti darbaa dhufeedha. Akkuma afoolaa afaaniin kan darbaa dhufe jedhamee beekamu kuniis damee hedduutti qoqqoodama. Isaan keessaa durdurii, hibboo, geerarsa, faaruu loonii, uruursa daa'immanii, sirba jaalalaa, sirba cidhaa maqaa dhahuun nidanda'ama. Afoolli hawaasa itti fayyadamu sanaaf bu'aa guddaa

qaba. Damee afoolaa keessaa tokko kan ta’e faaruun loonii eenyummaa saba tokkoo ibsuu irratti gahee guddaa akka taphatu himama. Isa kanaas (Finnegan, 1970:260). Gama birootiin ummanni Oromoo ummata damee Kuush keessaa tokko yoo ta’u ummata seenaa bara dheeraa qabuufi seenaa ofii qaban bifa barreeffamaatiin osoo hintaane fookilooriitti (afaanitti) fayyadamuun sagaleefi gochaan dhalootaa dhalootatti kan dabarsaa tureedha. Akka “Afrikaa keessaa afaanota dubbatamu keessaa Afaan Oromoo, Arabaa, Awusaafi Iswaahilitti aanee baay’ina ummata afaanicha dubbatuun sadarkaa afraffaarratti kan argamuudha”(Asafaan, 2009:12). Akka Itoophiyaatti immoo baay’ina ummata Afaan Oromoo dubbatuun parsantii (%40) ol akka ta’e nihimama. Haa ta’uu malee, afaan kanaan qorannoo baay’een hinhojjatamne keessattuu afwalaloo isaarratti. Isaan keessaa faaruu loonii toohaa horaati. Kanumarraa ka’uun qorataan mata duree kana filatee qorateera.

Afwalaloon beekkumsa ganamaa (indigeneous knowledge) hawaasni tokko jiruufi jireenya isaa toora qabsiifachuuf kalaqatee gamtaadhaan itti gargaaramu waliin walqabata. Afwalaloon qaama ooltee bultee dhala namaati. Afwalaloon aadaa keenya, afaan, uffata, gadda, gammachuu, nyaataafi dhugaatii keenya hunda kan hammatuudha. “Afwalaloon hawaasa tokko keessatti kallattii hedduudhaan akka waa gumaachuu danda’u mirkaneessa”. Afwalalootti gargaaramuun hawaasni tokko waa walbarsiisa, duudhaa hawaasaas toora qabsiisa, fooyyessa, waa’ee eenyummaafi seenaa isaa addunyaatti beeksifata, ittiin bashannanee wal bashannansiisa akkasumas, ummanni tokko ofiisaafi afaansaa kan keessatti dubbatuufi guddifatuu danda'uudha. Hayyuu Georgesfi Jones, (1995:314). Hora jechuun gosa bishaanii ta’ee soogidda yookiin ashabboo waan ofkeessaa qabuuf walhormaata beeyladootaaf baay’ee mijjaawaadha. Akka qorannoo Joornaalii kana keessaa fudhatametti hora jechuun bishaan soogidda ofkeessaa qabu ta’ee duudhaafi ilaalcha Oromoon naannawa sanaa achitti waaqa kadhachuun iddoo qabeenyi hawaasummaafi uumamaa itti argamuudha. Qorannoon godhame kun aadaa Oromoo Maccaarratti haa xiyyeeffatuu malee aadaan Oromoo wal fakkaataadha (Milkessa Edae et al, 2017:1).

Jechi “Oromoo” jedhu maqaa Horo jedhu irraa kan fudhatameedha (Gammachuu, 1993:27). Afaan Oromoo, afaan Kuushii kan maatii Afroo-Eeshiyaa ta’e keessatti, sagalee /h/ yeroo hunda dubbachiiftuu Ia], hi, lot fi /u/ dura hin ibsamu, kun amala sagaleedhaan walqabatu miti. Akkasitti maqaan (H)oromo jedhu jalqaba/h/ waliinis ta’e osoo wal hinqabatin dubbifamuu danda’a ture. Walitti dhufeenyi maqaa lamaan kana gidduu jiru sirna guddifachaa keessatti ifa ta’ee kan mul’atu yoo ta’u, bifa jechaa jechaa adeemsa

miseensa hawaasa Oromoo guutuu ta’uu ibsuuf yeroo itti fayyadamnuudha. Sirni kun horomsa jedhamuun beekkama hiikni isaas jechaa jechatti “namni tokko qaama (H)oromoo akka ta'u gochuu”. Horo, jecha hundee (H)oromoo irraa argame, dabaree isaatiin gocha horuu jedhutti hiikni isaa “horachuu” jedhutti hordofamuu danda'a. Miira Oromoo jecha kanaatiin walhormaanni taatee baayoloojii qofa osoo hintaane, kan hawaasummaas ta’uu isaati. Kunis mirga akaakkayyuu sanyiin, Horo waliin kallattiin walitti dhufeenya himachuu dabalata. Seerri aadaa Oromoo nama hidda dhaloota hawaasummaafi baayoloojii adda baasuuf yaalu cimsee dhorka, cimsee adaba. Sababni aadaafi baayoloojii addaan baafachuu diduu kanaa marii ilaalcha addunyaa Oromoo booda barruu qorannoo keessatti taasifamuun ifa ta’a. Dhimma Oromoo keessatti, gama firummaatiin walbira qabnee yoo ilaalle “dhiigni bishaan caalaa furdaa” jechuun akka dirqama fira fuudhuun hintaane agarsiisuuf qofa yaadameeti (Gammachuu, 1993:27).

Gama biraan kan dirree hiika walfakkaataa kan ta’e jecha hormaata jedhuudha. Jechi kun yaad-rimee sansalata walxaxaa yaad-rimeewwan biroo saddeet kanneen sirna finnaa jedhamuun beekkamu uumuun, yaada “misooma” jedhuuf dhaabbatu keessa ta’e bakka bu’a. Adeemsi saddeettan kun yeroo tokkotti sochiirra akka jiran mul’atu. Jechi finna jedhu gocha fiduu irraa kan fudhatame yoo ta'u, “fiduu” kan agarsiisuudha. Innis akkaataa jireenya waliigalaa agarsiisa, kan darbe irraa gara ammaatti gadi bu’ee kan ammaa muuxannoo mataa isaa kan darbe irratti dabalee dhaloota itti aanuuf dabarsee kenna. Yaadonni guddinaafi dhala namaa maqaa Oromoo wajjiin walqabatan akkasitti jecha kana keessatti kan hammataman yoo ta’u mul’ata Oromoo eenyummaa mataa isaanii hundeedhaan qabatanii jiru (Gammachuu, 1993:28). Barreeffamni qorannoo kanaa jechi horo jedhu as dhuftee Oromoo, aadaafi safeeffannaa ummatasaa waliin hariiroo cimaa qabaachuu agarsiisa.

## 1.2. Ka’umsa Qorannichaa

1. Qorannoo (Alamayyoon, 2022). Mata duree ‘Ergaa afwalaloo faaruu loonii godina Shawaa Kaabaa Aanaa Dabra Libaanoos xiinxaluu irratti kan xiyyeeffateedha’. Qorannoo taasise tooftaalee iddatteessuu carraan alaatiin yoo ta’u qorannoo kun immoo tooftaa carraan alaa ta’ee (snow boll) darbaa dabarsaan ragaa funaanameen gargar ta’ee argamuu danda’eera. Xiinmala akkamtaan xiinxalame. Iddoo qorannoon kun keessatti taasifame Harargee Bahaa Aanaa Gola Odaa keessatti. Meeshaaleen funaansa ragaalee daawwannaa, marii gareefi afgaaffiin funaanameera. Qorannoo kana keessatti immoo meeshaalee

funaansa ragaalee gosa afuriin funaaname. Qabiyyeen isaa immoo walfakkaataniis faaruu toohaa horaa Oromoo Anniyyaarratti jedhuun irraa adda ta'e.

2. Qorannoon (Bayyanaa, 2016). Faaruun loonii yoomessa adda addaa qabdi. (Bayyanaa, 2016:6-7). Isaaniis kan yeroo bobbaa, galaa, elamaafi toohaa horaa jedhamuun addaan qooduu nidandeenya. Daangaa lafaatiin Godina Baaleeti, kun immoo Harargee Bahaa keessaa kan Oromoo Anniyyaati. Yoomessi isaan keessatti qorataman adda adda. Qorannoo Bayyanaa keessatti akka goorootti qoratame; garuu, qorannoon kun haala gadi fageenya qabuun qoratama. Fakkeenyaaf ergaa yookiin dhaamsa, xiinxala faaruuwwanii, qaawwa yookiin hanqina hojii loon horsiisuu keessatti mudatu addeessuudha. Saxaxni qorannichi ittiin dhiyaate Sanyabsaan ta'uunsaa adda taasisa.

3. Qorannoo (Abdulshakuuriifi Alamuu, 2021). Mata dureen qorannoo isaanii 'Qabiyyee faaruu loonii hawaasa Oromoo Booranaa qaaccessuudha'.Yaada kanarraa wanti hubatamu hawaasni kamiyyuu afwalaloo mataasaa kan qabaatu yoo ta'u, hawaasni Oromoos akkuma hawaasa kanneen biroo afwalaloowwan dhimma garagaraaf itti gargaaraman qabaachuu isaati. Muuxannoo hawaasa darbeefi sona aadaa qorachuun miseensonni isaanii beekkumsaafi miira eenyummaa isaanii yeroo ammaa hojiirra akka turan dandeessisa.

Walumaagalatti kanaan dura qorannoowwan adda addaa gaggeeffamaniis qaawwa cufuu hindandeenye. Faaruu toohaa horaa Oromoo Anniyyaa kan qoratame hinjiru. Irra caalatti wanti qorataa kakaase aadaan faaruu loonii toohaa horaa fayyadamuu kun sababa ammayyummaatiin dhiibamaa waan jiruuf. Jechoonni akka malkaa, ciciisa, eelayyoo, siiqqee, funyaan kaahuu, ittidhaabbate, dabarsaa (sorroow), kaarra, maala teenya, jedhaman jechoota safuu achi keessatti tajaajilaniidha.

Sakatta'insa hanga ammaatti gaggeeffameerraa faaruun loonii yoomessa adda addaa qabaatuus qorannoon faaruu loonii kan yeroo toohaa horaa irratti gaggeeffame hinjiru. Addatti immoo faaruu loonii toohaa horaa Oromoo Anniyyaarratti qorannoon gaggeeffame tokkolleen hinjiru. Bu'uuruma kanaan, faaruu loonii badaa jiru kana haala raawwannaa yookiin hurruubbummaa, yoomessa isaa akkasumas jechoota iddoo horaatti Oromoon Anniyyaa fayyadamu jechootaafi gochoota safuuwwanii achitti eeggaman bifa qorannoo kanaan dhiheesseera.

## 1.3. Gaaffiilee Bu’uura Qorannichaa

- Gochaawwan fayyadama horaa-horsiisa Oromoo Anniyyaa maal fakkaata?
- Qabiyyeewwan faaruu loonii toohaa horaa Oromoo Anniyyaa kam fa’i?
- Jijjiiramaafi fufinsa faaruu loonii toohaa horaa Oromoo Anniyyaa keessa jiru maal fa’a?

## 1.4. Kaayyoowwan

Qorannoon kun kaayyoowwan gurguddoo lama ofkeessaa qaba. Isaaniis kaayyoo gooroofi kaayyoolee gooreeti.

### 1.4.1. Kaayyoo Gooroo

Kaayyoo gooroon qorannoo kanaa faaruu toohaa horaa Oromoo Anniyyaa aadaa horsiisa loonii hawaasa Oromoo keessatti xiinxaluudha.

### 1.4.2. Kaayyoolee Gooree

1. Gochaawwan fayyadama horaa-horsiisa Oromoo Anniyyaa maal akka fakkaatu ibsuu.
2. Qabiyyeewwan faaruu loonii kan yeroo toohaa horaa Oromoo Anniyyaa kan toohaa horaa nixiinxaluu.
3. Jijjiiramaafi fufinsi faaruu loonii toohaa horaa Oromoo Anniyyaa keessa jiru addeessuu.

## 1.5. Barbaachisummaa Qorannichaa

Duraarratti barattoota dhaabbilee barnoota olaanaa keessatti argaman kanneen Yuunivarsiitii Haramaayaa waraqaan kun inni jalqabaa; Muummee Afaan Oromoo keessa taa’uun qorannoof xiinxalan gaggeessuu barbaadaniif madda ragaa ta’ee gargaaruuf nita’a. Inni biraa immoo Waajjira Aadaafi Turiizimii Godina Harargee Bahaafi Waajjira Aadaafi Turiizimii Aanaa Gola Odaa aadaa Oromoo Anniyyaa baruufi qorannoof dhimma itti bahaniif ni oola. Dhaloota yeroo ammaa aadaa Oromoo Aanaa Gola Odaa keessa jiruuf ergaa faaruu loonii toohaa horaa Oromoo Anniyyaa akka beekanii dubbisan nijajjabeessa. Qorattoota afwalaloo Oromoof akka bu’uuratti taa’ee qorannoof deeggaruu nidanda’a. Bu’aan waraqaa qorannoo kanaa osoo sirna barnootaan haalli mijjaawaan kan uumamu ta’ee sirna barnootaaf barbaachisuu danda’a. Akkasumaas ergaawwan qorannoo kana keessatti dhihaatan gama beekkumsa faaruu looniitiin dhokatan ittiin ibsachuuuu danda’a. Qorannoon kun dagaaginaafi jajjabina oguma Oromoof baay’ee barbaachisaadha.

## 1.6. Daangaa Qorannichaa

Qorannoon kun karaalee adda addaatiin daangeeffame. Isaaniis qabiyyeen, iddoo, malleen qorannoo, xiinxala ragaalee, yaadxina qorannoofi malleen funaansa ragaaleetiin daangeeffamuu danda'eera. Qabiyyeen qorannoo kanaa hora horsiisa faaruu Toohaa Hora loonii Oromoo Anniyyaarratti kan xiyyeeffateedha. Daangaan isaas lafa qubsuma Oromoo Anniyyaa kan Godina Harargee Bahaa keessatti argamurratti daangeeffamee kan gaggeeffameedha. Gama birootiin meeshaaleen funaansa ragaa qorannoo kanaas afgaaffii, sakatta'a dookumantii, marii garee xiyyeeffannoofi hubdaawwannaan ragaaleen walitti kan qabameera. Qorataniis kana xiyyeeffannoo keessa galchuun daangaa kana hunda keessatti yeroo tokkotti qorachuuf baasiifi humna guddaa qorataa waan fixuuf qorannichi bakka jireenya qorataa Aanaa Gola Odaa qofatti daanga'uu danda'eera. Akkasumas, sababoota hubannoofi fedhii dhabuu namoota tokko tokkorraa kan ka'e faaruu loonii toohaa horaa faarsuun waan xiqqaataa dhufeef kana hir'isuufis akka bakka kanatti daangaa'u taasifameera. Aanaan Gola Odaa kan filatameef immoo yeroo ammaa kana dhabamaa deemuu hora horsiisa faaruu Toohaa Hora loonii Oromoo Anniyyaati.

## 1.7. Hanqinaalee Qorannichaa

Yeroo qorannoon kun taasimutti wantoota hanqina ta'aaniifi kallattiin kaa'aman nijiru. Kuniis dura mata duree afwalaloofi oguma Oromoo Anniyyaa ilaalchisee qorannoon taasime jiraachuu dhabuun barruu firoominaa argachuun ulfaataa ta'uus sakatta'insa ragaa argachuun danda'ameera. Ragaaleen Waajjira Aadaafi Turiizimii Aanaa Gola Odaa keessatti argaman qindaa'ina dhabuu. Hirmaattonni gaaffilee gaafataman qixa sirriin deebisuu dhabuu. Haa ta'uu malee laffaatii guddaa taasisuun ragaalee argachuun qorannichaaf ragaalee barbaachisan namoota ragaa kennaniif waraqaa hayyamaa kan Yuunivarsiitiin kenne itti argasiisee amansiisuun qorannoo kanaaf firii isaa dhumaa goolabbiifi yaboo ykn yaada furmaataa bira gahuu danda'eera. Gama biraatiin naamusa qorannoorratti ragaa odeef-kennitoonni koorniyaan lachuu walqixa hirmaachuun sababa sodaataniif waliigalteen taasifamuun ofitti amantaa guutuun akka ragaa kennan taasisuun qorannoon kun milkaa'uu danda'eera.

# 2. SAKATTA'A BARRUULEE FIROOMINAA

## 2.1. Ogwalaloo

Ogwalaloo ilaalchisee akka hayyuun (Chiildis, 1999). jedhutti gosoota lamaatu jira. Isaaniis: Ogwalaloo aadaawaa(afwalaloo)fi ogwalaloo ammayyaawaa (Barwalaloo) Ergaa walaloon darbu irratti xiyyeeffachuu keessatti gosootni ogwalaloo, mallattoo ykn ragaa kan kee isa jalqabaati. Gosoota ogwalaloo immoo haalota garagaraatiin kaasnee ilaaluu dandeenya.

## 2.2. Afwalaloo

Ogwalaloo aadaawaa (Traditional Poetry) akka hayyuu kanatti ogwalaloon aadaawaa dhawataafi qindoomina yeedaloo (rhyme Scheme) beekkamaa ta'e waliin qajeelfama seerlugaafi xiinhimaa sadarkaa gaarii qabu hordofa. Ogwalaloon aadaawaa(Traditional Poetry) jedhamu kun afwalaloo jedhamuu danda'a. Yeroo baay'ee walaloo gosa kanaa keessatti dheerinni bo'oowwanii walqixa (walqixxummaa qabu); aanguu/humni(stanza) walaloo hundi bo'oowwan murtaa'aa ta'e qaba. Yeroo durii ogummaa walaloo barreessuu keessatti qajeelfamoonni kunneen hojiirra oolaa turan (Muhaammad, 2013:34).

Afwalaloon bifa walaloon kan dhiyaatuufi dhimmoota akka diinagdee, hawaasummaan ,siyaasaan, akkasumaas gama seenaatiin gumaacha guddaa kan taasisu damee afoolaati. Afwalaloon Oromoos akkuma afoola isaan biroo afaanumaan kan dhaloota darbeerraa dhaloota dhufutti darbu yoo ta'u, yeedaloo qabaachuu isaatiin afoolaawwan kaan irraa adda ta'a. Hayyuun (Dorson, 1972). afwalaloo akka ibsutti 'afwalaloon uunkaa isaa qofaan osoo hintaane, haalli darbiinsa isaa adda isa taasisa. Afwalaloon kan dhalootarraa dhalootatti darbu barreeffamaan osoo hintaane himiinsa afaaniitiin yookaan dalagaan bifa sirbaan, geerarsaan, faaruudhaan darba'jedha.

Uunkaan walaloo barreeffama waliin tokko ta'ee walaloon barreeffamaa dhalootaa dhalootatti kan darbu barreeffamaan yoo ta'u afwalaloon immoo afaaniin kan darbu ta'uu yaadni armaan olii nihubachiisa. Haaluma kanaan wantoota hawaasaa jireenya guyyuu keessatti mudatan, wantoota uumamaan walqabatanii mudatan falaasama hawaasichi qabu beekkumsa, ilaalchaafi kkf. afwalaloo bu'uureeffachuun dhalootatti darba (Finnegan, 1970:109).

Afwalaloo Oromoo afwalaloo jaalalaa, faaruu gootummaa, afwalaloo seenaa, faaruu tiksee ykn faaruu loonii, faaruu ayyaaneffannaa amantaa, afwalaloo qeeqaa, faaruu nama beekamaafi afwalaloo dhimma hawaasaati (Sumner,1996).Yaada hayyuu kanarraa hubatamu hawaasni kamiyyuu afwalaloo mataasaa kan qabaatu yoo ta'u, hawaasni Oromoos akkuma hawaasa kanneen biroo afwalaloowwan dhimma garagaraaf itti gargaaraman qabaachuu isaati.

## 2.3. Faaruu

Faaruun sagalee gurra namaatti tolu fayyadamuun afaaniin walaleeffama (afwalaloo) qindaa'een jamaa kan gammachiisuudha (Bayyanaa, 2016:16-17). Akka qorannoo isaatti faaruun miira mararfachuun guuttamee jiruudha. Namni tokko waan faarsu san jaalatee mararfata. Wanti faarsamu sun biyya, hiriyaa, haadha, abbaa, loon, dachee, waaqa, gootaafi kan kana fakkaatan ta'uu danda'a. Ilmi namaas wantoota kana keessaa tokkoof miira jaalalaa qabu faarsuun mul'isa (Galmee Jechoota Afaan Oromoo, 1996). Faaruu yommuu hiiku 'sirba gaariin isa kaasanii sirbuuf guuza (daboo), loon faarsuuf, gocha gaariidhaan maqaa namaa kaasuu, sagalee galataa mararfachuu'akka ta'e ibse.

Gama biraatiin qorannoon falaasama muuziqaa Afrikaa jedhu akka ibsetti, faarfannaan akka afoolaatti lakkaawamti. Faarfannaan afoolaa muuziqaa ofumaafi aadaa ummata, sanyii, naannoo yookiin saba tokkoo dhalootaa dhalootatti dhageettiidhaan darbuudha. Caalaatti kallattiidhaan sirna duudhaa, amantiifi siyaasaa wajjiin kan walqabatuudha. Muuziqaan afoolaa duudhaadhaan waan eegameef, yeroo baay'ee qindeessaan jalqabaa hinbeekamu. Akkasumaas muuziqaan afoolaa ofumaan uumame waan ta'eef uumamaan jecha muuziqaa ummata isaa calaqqisiisa (Agu, 1989:115). Hiikni armaan olii kun hawaasa aadaa Afrikaa keessatti sirbi afoolaa maal akka fakkaatu ifa godheera. Yeroo tokko tokko sirboonni afoolaafi oduu durii waliin deemu. Isaan hariiroo waliin qaban afoola tokkoo keessatti sochoo'u, oduu durii afoolaa ergaa akkamii kenna, sirbi afoolaa garaagarummaa odeeffannoo sirbootaa itti dabala. Jecha biraatiin duudhaa Afrikaa keessatti afoolli akkuma sirba afoolaa barbaachisaadha. Jechoonni lamaan walsimsiisuun hojiirra ooluu isaanii yoo ilaalle, ammallee garaagarummaa safartuu tokko tokko jira, kanarraa kan ka'e hiika oduu durii gabaabsinee ilaaluun barbaachisaa ta'a. Akka (Ogbalun, 2011). Oduu durii afoolaa uumama isaaniitiin akkasumaas hiika isaaniitiin akka waan sobaa, sheekkoo, haala jireenya dhugaafi taatee irraa guutummaatti kan baafame ta'ee ilaalama.

Raawwii jireenya qabatamaa keessatti dinqisiifannaa isaanii keessatti, namni tokko oduu durii afoolaa caacculee dhugaa tokko tokko kan agarsiisan yoo ta'u, isaanis haala kamiinuu gara dhugaa ta'uufi haala jireenya dhugaatti isaan jijjiiru. Haaluma walfakkaatuun, (Ibekwe, 2010). akka ilaalutti, bineensonni akka qocaa, mixii, korophiisa, leencaafi kanneen biroo hedduun yeroo baay'ee yeroo seenaa himuufi afoolaatti akka namaatti namootatti mul'atuus, fakkiiwwan isaanii uumuun karaa kamiinuu ergaa isaan dabarsan hinhir'isu yookiin dhiibbaa hingeessisu kennuudhaaf yaadameeti. Akkasumaas, hammam iyyuu fakkeessaa sheekkoofi sheekkoo (folktales) yoo ta'ee mul'atan illee ammallee humna hawwataafi humna jijjiirama jireenyaa dhageeffataa irratti dhiibbaa geessisu akka qaban ni eegdi (Ibekwe, 2012: 346). Hiika armaan olii irraa sirboonni afoolaafi oduu durii duudhaa umrii dheeraa kan jireenya shaakaltootaa irratti dhiibbaa geessisuudha. Kanaas ta'e sana, oduu durii afoola tokko tokkoo kanneen sirboota afoolaa gidduutti mallattoolee addaan baafamaniifi faallaa kanaa malee ofumaan xumuramanii jiru. Amalli baay'ee adda ta'eefi sirboonni afoolaafi oduun durii waliin qooddatan duudhaa afaaniin dubbatamu yoo ta'u, kunis sababni inni guddaan yeroo hundumaa garaagarummaa wal-hinsimanne dhiheessiifi raawwii hawaasa adda addaa gidduutti akka jiraatu garuu, karaa kamiinuu yoo raawwataman hojiin isaanii inni jalqabaa naannootti naannaa'aa bashannana, hawaasummaa, safuufi ofdhugoomsuu dabalata. The philosophy of African Music as Oral Literature (Ibekwe E. U, 2010).

Itti dabaluun faaruu ilaalchisee, Warquufi Kaawwan, (1993). Faaruu gabaabsee yoo ibsu jajachuu yookiin mararfachuu akka ta'etti lafa kaa'a. Qabiyyeerratti hundaa'uun faaruu waaqaa, dachee, jaalalaa, biyyaa, hiriyaa, loon, haadha, abbaafi kkf jechuun gosa adda addaatti qoodama. Walumaagalatti faaruun kanneen gareen yookiin dhuunfaaniis faarfachuu akka danda'an hayyoota lameen wabeeffachuun irratti waliigalaniiru. Akkaataa dhihaatuun irratti hundaa'uun hurruubbummaa niqabaata. Miira yeroo sana jiru irratti gammachuu, gadda, naasuufi gootaan faarsuuf sagaleessuu danda'a.

### 2.2.1. Faaruu Loonii

Ummanni Oromoo looniif bakka guddaa qaba. Kanaaf, jaalalaafi kabajaa loon isaatiif qabu faaruudhaan ibsata (Bayyanaa 2008fi Filee, 2016). Faaruun loonii kunis Oromoota hedduu, keessattuu kanneen horsiisee bulaa ta'an biratti bifa garagaraatiifi yeroo garagaaraatti faarfatama. "Akkuma ummattoota horsiisee bultoota kanneen biroo, ummanni Oromoo Anniyyaa faaruu loonii kanatti fayyadamuudhaan, kallattiidhaan waa'ee loonii yookiin

hojii gaarii dhimma looniitiin wal qabataniifi alkallattiidhaan immoo qabiyyeewwan siyaas-diinagdee, aadaafi seenaa isaatiin walqabate ittiin ibsata'' (Abdulshakuurfi Alamuu, 2021). Akkuma gosoota Oromoota kanneen biroo Oromoon Anniyyaa faaruu looniitti fayyadamuudhaan ergaawwan garagaraa dabarfata jira.

### 2.5.1. Faayidaalee Faaruu Loonii

Faaruun loonii gosoota faaruu ta'ee kan hawaasni kabajaafi jaalala loowwaniif qaban agarsiisuuf yoomessa adda addaa keessatti bifa sagalee miidhagsuun akka dadhabbiin itti hindhaga'amneef faarfamuudha. Faaruun waggoota dheeraadhaaf beekkumsa sammuu dhala namaa keessaa madde yaadachuun namoota birootti himafaaniin, mammaakuun yookiin yadaleessuun oguma dhalootaa dhalootatti darbaa dhufe. Ogumni kunis falaasama hawaasichaa, aadaa, haala jireenyaa, duudhaa, barsiifata hawaasaa, seenaa, wantoota jireenya keessatti nama mudataniifi k.k.f ilaalchisuun oguma ittiin dabarsaniifi beeksisaniidha. Kana giddugala godhachuun hayyoonni adda addaa afoolaaf hiika armaan gadii kaa'uuf yaalaniiru (Malaknee, 2006:9-13). Afoola yoo ibsu, 'Oral literature refers to hirval heritage of mankind transimitted from generation to generation by word of mouth. Folk literature also called oral tradition the lore (traditional knowledge and beliefs) of cultures having no written language is a branch of folklore' jechuun ibsa. Yaada kana irraa wanti hubatamu, afoolli damee foolkiloorii keessaa isa tokko ta'ee beekkumsaafi aadaa afaaniin dhaalamaa, daddarbu ta'uu isaati.

Faaruun akkuma afaan namaa dulloomaa, akkuma aduun boruu bahuu haaraadha. Aadaa kamiyyuu keessatti ogumni jalqabaa afaaniin dubbatama. Ammaas itti fufuun hayyuun (Carter, 2001:3). Epics Giriikii durii seeneffamu yoo ta'u Eeshiyaa Gilgamesh Macaafa Qulqulluu isa jalqabaa hundi isaanii afaaniin kan dabarfaman yoo ta'u dhaloota irraa gara dhaloota garaagarummaa, dabalataa dhiisuufi faaya hamma bifa barreeffamaan kaa'aman nutti agarsiisuuf gadi bu'a (Carter, 2001:3) kan jedhuudha.

Akka yaada oliirraa hubatamutti faaruufi afaan hawaasaa umrii dheeraa kan qaban ta'eefi ogumni aadaa jalqabaa kan afaaniin daddarbaa ture ta'uusaati. Faaruun gootota Giriikii durii seenessi warra Eeshiyaa, hiikkaan Macaafa Qulqulluu afaaniin waliigalamee jijjiiramaa itti dabalamaa keessaa hafaafi haaraya afaaniin dhalootatti hanga gara barreeffamaatti jijjiiramuun lafa kaa'amutti daddarbaa kan tureedha. Faaruun gooroowwan fookiloorii keessaa tokko ta'ee, waan gareen hawaasa tokkoo waliin qooddatan kanneen

akka aadaa, amantaa, siyaasaa, diinagdee, guddina, qaroomina afaanii, safuu, duudhaafi wkf ofkeessatti hammata. Yaada kanaan walqabsiisee (Birhaanuu, 2009:13). Akka yaada kanaatti,'faaruun aadaafi duudhaa hawaasaa kan ofkeessatti hammatu ta'ee, himiinsa afaaniin dhalootaa gara dhalootatti kan darbu akka ta'e nu hubachiisa' (Rabbiirraan, 2009:159). akka ibsutti, afwalaloon calaqqee sammuu keessatti yaadamuun kalaqamanii afaaniin himaman yookiin dhihaataniidha.

Faaruu jechuun, hawaasni tokko aadaa, muuxannoo, falaasama, aartii, amantaa, afaan, uffannaa, nyaataafi meeshaalee isaa dhalootaa gara dhalootatti kan ittiin eegee dabarsuudha. Haalli inni ittiin dabarsuus raawwiidhaan yookiin himamsa afaaniin ta'uu danda'a jedha. Haala kana keessatti faaruun kalaqaa ta'ee, muuxannoo hawaasa darbee isa ammaa kanaaf ibsuu keessatti ga'ee guddaa qabaachuufi uummata har'aafi durii wal qunnamsiisa. Ittuma dabaluun (Mengeshaan, 1970:2). akka ibsutti 'Oral literature is created and recreated in the moment when speaker and lister meet and its meaning refer to their shared expriences'. Faaruun afaaniin faarfamu kan uumamuufi irra deebi'amee kan uumamu yeroo dubbataafi jamaan wal arganitti yoo ta'u hiikni isaas muuxannoo isaanii waliin qaban agarsiisa' jechuun faaruuf hiika kenna. Akka yaada kanatti faaruun adeemsa dubbataafi dhaggeeffataa gidduutti waliigaltee uumuun haala jiran keessatti ergaa afoolaa bu'uureeffachuun muuxannoo akka qooddatan taasisa.

Finnegan, (1976:24). Faaruu yommuu ibsitu; afwalaloon afaaniin faarfamu hiika isaatiin raawwataa yeroo murtaa'e tokkotti jechoota bocuu irratti hundaa'a. Akka uumama ogbarruutti karaa biraatiin dhugoomu hinjiru. Akka yaada kanatti, hiikni isaa jecha haala yeroo murtaawaa keessatti nama afoola kana hundeesseefi gocharratti hundaa'a. Kanarraa kan hafe karaan nu ittiin yaada kana dhugoomsinu akka hinjirreedha. Dimshaashumatti, maalummaa afwalaloo ilaalchisee hayyootni garagaraa hiika kallattii adda addaatiin hiikuu yoo yaalaniis; afoolli umrii dheeraa qabaachuu siyaasa, diinagdee, duudhaa, muuxannoofi mudannoo hawaasni qabuufi jiruuf jireenya hawaasaa bu'aa bahii dhala namaa mudatu ibsuun qabeenya hawaasni waliin ijaarrate kan dhalootaa dhalootatti afaaniin daddarbaa tureefi jiru ta'uu isaa haala adda addaa keessatti ibsuuf kan yaalan ta'uun kan hubatamuudha.

Faaruu loonii Oromoo kanneen akka:faaruu jaalalaa, faaruu gootummaa, afwalaloo seenaa, faaruu tiksee, faaruu ayyaaneeffannaa, amantaa, afwalaloo qeeqaa, faaruu nama beekkamaafi afwalaloo dhimma hawaasaati (Sumner, 1996). Qorannoo (Abdulshakuuriifi

Alamuu 2021). Yaada kanarraa wanti hubatamu hawaasni kamiyyuu faaruu mataasaa kan qabaatu yoo ta'u, hawaasni Oromoos akkuma hawaasa kanneen biroo afwalaloowwan dhimma garagaraaf itti gargaaraman qabaachuu isaati. Gama biraatiin qorannoo barruu joornaalii (Garramaaw Caalaafi Hundumaan, 2018).Yuunivarsiitii Haramaayaaatti qindaa'e tokko akka agarsiisutti afwalaloon hawaasaaf waan hunda ta'uu ibsa. Muuxannoo hawaasa darbeefi sona aadaa qorachuun miseensonni isaanii beekumsaafi miira eenyummaa isaanii yeroo ammaa hojiitti akka hojjetan dandeessisa. Kana jechuun ga'umsa aadaa isaanii kan akka hojii kalaqaafi aartii afaanii kanneen karaa gosoota afoola adda addaatiin dhiyaatan jireenya yeroo ammaa hawaasaa keessatti beekkumsa guddaa gumaachuu danda'u jechuudha. Kan kanaan walqabatu qorannoon kun akkaataa ummanni Oromoo walaloo afaaniin dubbatamu (folksongs) uumama waliin walqunnamu hubachuuf gargaara) sababni isaas 'afoolli ummata tokkoo guutumatti hubatamuu kan danda'u aadaa isaa gadi fageenyaan beekuudhaan qofa' (Bascom, 1954:338).

Qabiyyeefi mata dureen bifa adda addaafi gosoota barreeffamaa afaaniin dubbataman kana fakkeenya isaanii haala ifa ta'e nuuf kennuuf jireenya guyya guyyaa hawaasaa keessatti baay'ee barbaachisaadha. Sana ilaalcha keessa galchuun, aadaa badhaadhaa duudhaa afaaniin dubbatamu qorachuuf jecha: sirboota afoola Oromoo walitti qabuu, ramaduufi qeeqaan xiinxaluu irratti qorannoo gaggeessuun murteessaadha; hariiroo sirboota afoola kunuunsa naannoofi qaamolee raawwii isaanii haala hawaasummaa adda addaa keessatti qabaniidha (Garramaaw Caalaafi Hundumaa, 2018:2).

### 2.5.2. Yoomessa Faaruu Loonii

Faaruun hawaasa tokkoo, yoomiifi eessatti akka jalqabe wanti beekkamu jiraachuu baatullee, erga ilmi namaa gamtaan jiraachuu jalqabee kaasee kan tureefi har'aas kan jiru akka ta'e nibeekkama. Dhimma kana ilaalchisee (Hayiluun, 2016:16). Qorannoo (Abdulsh akuuriifi Alamuu, 2021). Ogumni barreeffamaa osoo hineegalin dura ilmi namaa aadaa, duudhaa, barsiifataalee, haala jireenyaa kkf. dhaloota lufuufi dhufutti dabarsaa kan ture ogafaan fayyadamuun jedha. Yaada kanarraa akka hubatamutti ogafaan dhalli namaa aadaa barreeffamatti gargaaramuun dura eegalee kan jiruudha. Qorannoo kana keessatti faaruuwwan loonii akka naannoo daangaa qorannichaatti beekkaman kanneen akka faaruu loonii yeroo galaa, bobbaa loonii, dheedaafi toohaa horaafi yeroo elmaa as keessa jiru. Faaruu loonii toohaa horaa irratti xiyyeeffachuun falaasama, siyaasaa, hawaasummaa, diinagdee, hariiroofi safuu hawaasichaa kunuunsa looniif qaban itti fayyadama jechoota

naannoo horatti tajaajilan nijajjabeeffamu. Qorannoo kanaaf odeef-kennitoota bu’uura taasifachuun tajaajila adda addaa faaruuwwan qabanirratti addaan qooduun qorata.

### 2.5.3. Duudhaalee Horsiisa Horii Oromoo

Duudhaalee Oromoon looniif qabu baay’ee ta’aniis kanneen murteessaa ta’a armaan gaditti tarreeffamaniiru.

#### 2.5.3.1. Horii Akka Qabeenya Guddaatti

‘Ummanni Oromoo looniif bakka guddaa qaba. Qabeenya guddaas jedhee amana. Kanaaf, jaalalaafi kabajaa loon isaatiif qabu faaruudhaan ibsata’ (Filee, 2016fi Bayyanaa, 2008). Faaruun loonii kunis, Oromoota hedduu, keessattuu kanneen horsiisee bulaa ta‘an, biratti bifa garagaraatiifi yeroo garagaaraatti faarfatama. Akkuma ummattoota horsiisee bultoota kanneen biroo ummanni Oromootis faaruun loonii kanatti fayyadamuun kallattiidhaan waa‘ee loonii yookiin hojii gaarii dhimma looniitiin wal qabataniifi alkallattiidhan immoo qabiyyeewwan siyaasa, diinagdee, aadaafi seenaa isaatiin walqabate ittiin ibsata. Akkuma gosoota Oromoota kanneen biroo Oromoon Booranaa faaruu looniitti fayyadamuu dhaan ergaawwan garagaraa dabarfata (Abdulshakuuriifi Alamuu, 2021). Dabalataan Oro-oon Anniyyaas akkasuma faaruu loonii fayyadamuun ergaawwan ifaafi dhokataa ta’an ittiin dabarfataa as gaheera, ammallee itti fayyadamaa jira.

#### 2.5.3.2. Horii Akka Ilmootti

Leetoon hawaasa Oromoo Booranaa loon horsiisuurratti kan bu‘uureffateedha. Loon immoo, bu‘uura leetoo isaanii waan ta‘eef niseexessu. Gaarummaa loonii kaasuudhaan hawaasichi loon isaa faarfata. Haalli kun ummata Oromoo hedduu birattis dhugaa ta‘uu isaa (Filee, 2016:96). Oromoon horii isaa akkuma dhala isaatti ilaala, jaallata, kunuunsa, faarsa jechuudhaan mirkaneessa. Aadaan kuni amala hawaasa horsiisee bulaa hundaa akka ta‘e (Finnegan, 2012:245). akkana jechuudhaan ibsiti: “Among pastoral peoples, songs are often composed and sung in praise of individual beasts”. Haaluma kanaan, hawaasni Oromoo Booranaa loon faarsuun yookiin jajuun jireenya leetoo isaanii kan utubuuf waan ta‘eef, yoo faarfatan ni mul’ata (Abdulshakuuriifi Alamuu, 2021).

#### 2.5.3.3. Horii Akka Falaasama Jireenyaatti

Hawaasa Oromoo Booraanaa biratti, jireenya loonii yoo mijjeessan, hormaanni isaas daran kan dabaluufi dhimmoota hunda keessatti looniifi wanti loon irraa argamu baay'ee kan barbaachisu ta'uu agarsiisa. Walumaagalatti Oromoon Booranaa bareedina qaamaa akkasumas, sochii adda addaa loon isaanii godhan ilaaluudhaan gammachuu isaanitti dhaga'amu faaruu looniitiin ibsatu. Kun immoo, xiinsammuun isaanii jireenya loon isaanii waliin hangam tokko walitti hidhataa akka ta'e nimuldhisa (Abdulshakuuriifi Alamuu, 2021).

## 2.6. Yaadxina Qorannichaa

Qorannoo kanaaf yaadxinni filatame yaadxina fayyadaminsaa (functionalism) sababa yaaxxinni kun filatameef fayyadaminsa faaruu loonii yoomessa toohaa horaa haala Oromoo Anniyyaa gadi fageenyaan qabiyyee adda addaatti qooduuf gahee guddaa taphachuu kan danda'uudha. Yaaxxinni fayyadaminsaa kun hayyoota xiinmaddaatiin kan eegale ta'ee, ogafaan hawaasa keessatti tajaajila akkamii akka qabu qorachuurratti xiyyeeffata (Okpewho, 1992). Yeroo jalqabaatiif yaaxxina kana ogafaan keessatti kan qorate nama 'William Bascom' akka ta'e ibsa. Yeroo sana namni kun ogafaan faayidaa afuriif oolcheera. Isaanis: barsiisuu, miliqsuu, tursiisuufi gatii qabeessummaa addaaf gumaachuudha. Akkasumaas, yaaxxinni fayyadaminsaa tooftaa ittiin jiruuf jireenya hawaasaafi aadaa hawaasaa qoratanii, akka jiraachisaniif uumame. Kana ilaalchisuun (Okpewho, 1992). Yaaxxinni fayyadaminsaa akka mala jireenyaafi aadaa hawaasa tokkoo qo'achuutti mil'ate dalagaa yookiin gahee wanti kamiyyuu hawaasa keessatti shaakalamu (fakkeenyaaf, oduu durii miseensota isaatiin himamu) akkasumaas akkaataa dalagaaleen kan itti gargaaran mirkaneessuun lubbuun jiraachuu hawaasaa, kan ibsu akka ta'e adda baaseera (Fiqaaduun, 2007:12). immoo yoo ibsu' malli qorannoo dhala namaa argama dhala namaarraa kan madde akka ta'ee, afoolli aadaa saba tokkoo keessatti akkamitti akka tajaajilu qo'achuu bu'uura kan godhate ta'uu ibseera. Akka (Gonfaan, 2016:47). ibsetti immoo yaaxxina fayyadaminsaatti dhimma bahuun afoolli saba tokkoo, aadaa saba sanaa akkamitti akka tajaajiluufi agarsiisuu ilaalchisee xiinxaluuf kan tajaajiluudha.

## 2.7. Sakatta'insa Ogbarruu Aantee

Kutaa kana jalatti waraqaalee qorannoo adda addaa mata duree kana waliin walitti dhufeenya qabantu barbaadama. Iftoomina qorannoo isaaf qorataan qorannoo asiin dura hojjetaman keessaa kanneen mata duricha kanaan walitti dhiheenya qabu jedhee tilmaame ilaaluuf yaala.

Akka qorannoon (Bayyanaa, 2016). Xiinxala Yoomessaafi Qabiyyeewwan Faaruu Loonii Ummata Oromoo Godina Baalee Aanaa Laga Hidhaa keessatti Waraqaa Qorannoo Digirii Lammaffaa (MA) Guuttachuuf Muummee Afaan Oromoo, Ogbarruufi Fookilooriitiif dhiyaate Yuunivarsitii Addis Ababaa (Finfinnee). Qorannoo kana keessatti faaruun loonii kan godina Baalee ta'uus akka qorannoo kana keessa jirutti faaruu loonii yeroo toohaa horaa qabiyyee adda addaatti qoodamanii ilaalamuu dhabuun qorannoo kana akka dalagu qorataaf ka'umsa ta'uu danda'eera. Qorannoo kana keessatti ergaafi qabiyyee faaruu toohaa horaa Oromoo Anniyyaa bakka adda addaatti qooduun niqorata. Faaruuwwan adda addaa keessatti akkamitti namoota loon jibban, hojii balaaleeffatan niqeeqan, jechaan tuquun akka namoonni hojii jaalatan onnachiisuu danda'an tarreessa.

### 2.7.1. Wal fakkeenya Qorannoo Kanaafi Biroo

Akka (Bayyanaa, 2016). Xiinxala Yoomessaafi Qabiyyeewwan Faaruu Loonii Ummata Oromoo Godina Baalee Aanaa Laga Hidhaa keessatti gaggeeffame. Qorannoon lameenuu oguma hawaasaarratti xiyyeeffatu. Afaan Oromootiin gaggeeffaman. Lachanuu qabiyyee faaruu loonii haa fakkaatan malee qorannoon kun qabiyyeen qoodee gadi fageessee waan qaaccesseef irraa adda.

### 2.7.2. Xiinxala Ergaa afwalaloo faaruu loonii godina Shawaa Kaabaa Aanaa Dabra Libaanoos xiinxaluu

Mata dureen qorannoo "Ergaa afwalaloo faaruu loonii godina Shawaa Kaabaa Aanaa Dabra Libaanoos xiinxaluu irratti kan xiyyeeffateedha". Faaruu loonii kunis xiyyeeffannoo dhabuu irraan kan ka'e aadaa, seenaafi duudhaa hawaasichaa duukaa dagatamaa jira. Mala akkamtaan xiinxalame. Iddoo qorannoon kun keessatti taasifame Harargee Bahaa Aanaa Gola Odaa keessatti godhame. Meeshaaleen funaansa ragaalee daawwannaa, marii gareefi afgaaffiin funaanameera. Qorannoo kana keessatti immoo meeshaalee funaansa ragaalee gosa afuriin funaaname. Qabiyyeen isaa immoo walfakkaataniis faaruu toohaa horaa Oromoo Anniyyaarratti jedhuun irraa adda ta'e. Qorannoo (Alamayyoon, 2022). taasise

tooftaalee iddatteessuu carraan alaatiin yoo ta’u qorannoo kun immoo tooftaa carraan alaa ta’ee (snow boll) darbaa darbasaan ragaa funaanameen gargar ta’ee argamuu danda’eera.

### 2.7.3. Xiinxala Joornaalii Biroo

Mata dureen qorannoo isaanii ‘qabiyyee faaruu loonii hawaasa Oromoo Booranaa qaaccessuudha’. Oromoo Booranaa irratti yoo ta’u akka joornaalitti waan qindaa’ee maxxanfameef qaamolee qorannoo hunda ofkeessatti hammate hinjiru. Qorataan mala qorannoo akkamtaatti dhimma bahuudhaan ragaalee qorannichaaf barbaachisan afgaaffii, daawwannaafi marii garee xiyyeeffannoo fayyadamuun walitti qabuun mala akkamtaan qaacceffaman. Qorannoon kun immoo meeshaalee funaansa ragaalee afgaaffii, hubdaawwannaa, marii garee xiyyeeffannoofi sakatta’a dookumantii qabaachuun irraa adda ta’uu danda’eera.

Argannoowwan qorannichaa akka muldhisanitti, faaruun loonii Oromoo Booranaa sirna mataa isaa kan qabuufi dhiiraafi dubartoonni gamtaan yookiin dhuunfaadhaan kan faarfatan. Oromoon Booranaa faaruu loonii ittiin booharuuf, jaalala loon isaatiif qabu ittiin ibsachuudhaan alatti, dhimmoota siyaasaafi ilaalcha hawaasaa, diinagdee, aadaafi seenaa isaaatiin walqabatan irratti dhaloota haaraa barsiisuuf yookiin qaruuf itti fayyadamu’. Argannoowwan kana immoo gochoota faaruu loonii toohaa horaa Oromoo Anniyyaa jiraachuu mul’ateera. Qabiyyeewwan faaruu loonii toohaa horaa Oromoo Anniyyaa kanneen akka qabsoo, diinagdee, hawaasummaa, tuffii hojii balaaleffatan mul’isaniifi addatti faaruun waliin dubbiin horiifi ilma namaa gidduu jiraachuu qorannoo kanaan bira gahameera.

### 2.7.2. Garaagarummaan Qorannoo Kanaafi Biroo

1. Qorannoon Bayyanaa daangaa lafaatiin Godina Baaleeti, kun immoo Harargee Bahaa keessaa kan Oromoo Anniyyaati. Yoomessi isaan keessatti qorataman adda adda. Dhaabbanni qorannoon itti dhiyaatus adda adda. Qorannoo Bayyanaa keessatti akka goorootti qoratame; garuu, qorannoon kun haala gadi fageenya qabuun qoratama. Fakkeenyaaf ergaa yookiin dhaamsa, xiinxala faaruuwwanii, qaawwa yookiin hanqina hojii loon horsiisuu keessatti mudatu addeessuudha. Gama birootiin iddoo hora toohanitti jechoota safuuf hiika adda addaa qabaniif duudhaa Oromoo achi keessatti calaqqisan tarreessuun dubbistoota qorannichaaf beekkumsa qorannoo aadaan qoratamuun dabarsuun

isaa qorannoo kana isaan lameen irraa adda taasisa. Saxaxni qorannichi ittiin dhiyaate Sanyabsaan ta'uunsaa adda taasisa.

2. Qorannoo (Abdushakurfi Alamuu (PhD), 2021).taasifameen naannoon qorannoon irratti gaggeeffame yoomessaan addaan fagoodha. Mata dureen isaanii faaruu loonii ta'uun haa walfakkaatan malee faaruun gonkuma wal hinfakkaatan. Ergaan isaanii akkasuma adda adda ta'uun qaawwa qorannichaa ta'uu danda'eera. Qabiyyee irratti gaggeeffamuun garaagarummaa qabaachuu danda'eera.

3. Qorannoon faaruu loonii irratti godhame biroo godina Shawaa Kaabaa Aanaa Dabra Libanoos yoo ta'u mata dureen isaa 'ergaa afwalaloo faaruu loonii Godina Shawaa Kaabaa Aanaa Dabra Libaanoo xiinxaluu irratti kan xiyyeeffateedha.'Yoomessaan yoo ilaallu qorannoon kun godina Harargee Bahaa Aanaa Gola Odaa irratti taasifame. Mata dureen Xiinxala Faaruu Loonii Oromoo Anniyyaarratti waan ta'eef garaagarummaa guddaa qabaachuu danda'eera. Akka waliigalatti qorannooleen sadeenuu mala funaansa ragaalee sadi qofaan kan funaanaman yoo ta'u, qorannoon kun immoo meeshaalee funaansa ragaalee afuriin odeeffannoo lafee duugdaa qorannichaaf taatu funaannateera.

# 3. XIINMALA QORANNICHAA

## 3.1. Ibsa Naannoo Qorannoo

Aanaan Gola Odaa aanaalee Godina Harargee Bahaa keessatti argaman keessaa tokko yoo ta'u, fageenya magaalaa guddoo biyyattii Finfinnee irraa gara bahaatti Kiloomeetira 617 yoo ta'u, magaalaa guddittii godinichaa (Magaalaa Harar) irraa Kiloomeetira 133 irratti argama. Aanaan kun irra caalatti gosoota Oromoo achitti argaman keessaa qubsuma Oromoo Anniyyaa jedhamuun beekkama. Hawaasummaa ilaalchisee Aanaan Gola Odaa tajaajiloota akka bilbilaa, manneen barnootaafi manneen yaalaa fayyaa kan qabduudha. Iddoon hawwata turiizimii ta'an kanneen akka gaara Sabroo, Gaara Jabeeniifi laggeen akka Raammis, Dannabaafi Mojoo daawwiidhaaf kanneen namoota hawwachuu danda'aniidha. Akkasumaas Aanaan Gola Odaa irra caalatti horsiisa beeyladootaan beekkamaadha. Keessattuu, beeyladoota kanneen akka loonii, gaalaafi re'ee horsiisuun beekkamaadha. Kanaafuu Aanaalee horsiisee bulaa godinni Harargee bahaa qabu keessaa isa tokko. Qubsumni Oromoo Anniyyaa kan argamu laga Raammis kan Bahaan Aanaa Malkaa Balloofi Dhihaan Aanaa Gola Odaa gidduutti argamu, Kibba Bahaatiin Aanaa Qumbiitiin akkasumaas Kibbaan hanga Godina Baalee Bahaa(ammaa)fi Harargee Lixaatti daangeeffamuudha. Kallattii Bahaan laga Gobeelleerraa hanga magaalaa Mulluutti dhihaatanii gara Bahaatiin gammoojjii kibba Gaara Mullataa hunda keessa faca'anii qubataniiru. Gama kallattii Kaabaatiin hanga magaalaa Baddannoo laga Dannabaa jedhamutti faca'iinsi Oromoo Anniyyaa bal'inaan mul'ateera. BATO. (2007). Kaartaan Aanichaas kan armaan gadii kana fakkaata.





Figure 1.Kaartaa Itoophiyaa, Oromiyaa Harargee Bahaafi Aanaa Gola Odaa

## 3.2. Saxaxa Qorannichaa

Qorannoon kun dhiyeessa xiinxala qabiyyee irratti kan hundaa'uudha. Akkaataa fayyadama, ergaa faaruuwwan loonii toohaa horaa kanneen jiruufi jireenya hawaasichaa keessatti qabu xiinxaluu waan ta'eef saxaxni qorannichaa Sanyaabsaa. Akkasumaas xiinxala faarichaa hordofuun kan qaacceffamu waan ta'eef, tooftaa akkamtaan kan ibsamuudha. Qorannichis xiinmala akkamtaan kan qoratameedha. Kanumaan walqabatee, 'qorannoo tooftaa al-lakkoofsawaa kanaan gaggeeffamu keessatti qorataan odeeffannoo argate tooftaa addeessaatiin yookaan mala ibsaatiin dhiyeessa' kan jedhan (Dastaa Dassaaleny, 2002:20). Yaada kana ka'umsa godhachuun qorataan qorannoo kana geggeessee, tooftaa qulqullee kun filatamee qorachuu danda'eera. Haaluma kanaan qabxiileen bal'inaan ilaalamuun qorataan ragaalee iddattoo irraa argaman kana qaaccessuuf mala ibsaa gargaarameera.

## 3.3. Madda Ragaa Qorannichaa

Maddoonni ragaa qorannoo kanaa: Madda ragaa tokkoffaafi madda ragaa lammaffaadha. Maddi ragaa tokkoffaan kanneen qorataan kallattiin yeroo hurruubbummaan faaruu toohaa horaa gaggeeffamtu waraabamaniifi yeroo afgaaffiifi mariin garee xiyyeeffannoo taasifamutti odeef-kennitootarraa argameedha.

Maddi ragaa lammaffaan ammoo afwalaloo faaruu loonii toohaa horaa barreeffamanii jiraniifi kanneen hawaasa keessa jiran walbira qabuun afwalaloon isaa hawaasa jiraachuun mirkanaa'eera. Haaluma kanaan harshammeewwan Waajjira Aadaaf Turiizimii Godina Harargee Bahaatti Waajjira Aadaafi Turiizimii Aanaa Gola Odaatiin barraawanii jiraniifi barruulee akka Joornalii, gaazexaaleefi kitaabilee adda addaa kanneen maxxanfamaniifi hinmaxxanfamin kanneen qorannoo kanaaf akeekuu danda'an madda ragaa lammaffaa ta'uu danda'aniiru.

## 3.4. Iddattoowwaniifi tooftaa Iddatteessuu Qorannoo

### 3.4.1. Baay'ina Ummataafi Iddattoo

Aanaan Gola Odaa araddoota baaddiyyaa 17fi magaalaa 1 ofkeessaa qaba. Isaan keessaa araddoota 5fi ogeeyyii Waajjira Aadaafi Tuurizimii mata dureerratti akka namoota darbaa dabarsaatti tajaajiluu danda'aniidha. Qorannoo kanaaf araddoota filataman hunda keessaa dhiirota 5 hanga 7 fi dubartoota 2 Waajjira Aadaafi Tuurizimii irraa immoo dhiirota 6fi dubartoota 2 ida'ama 8 ta'an akkasumaas Akka waliigalaatti dhiirota 32fi dubartoota 8 ta'an iddattoo ta'anii filatamanii ragaa kennuu danda'aniiru. Qorannoowwan qulqullee hedduu keessatti, gaafattoonni bifa odeeffannoo walitti qabuun yeroo isaanii baay'ee haala uumamaa keessatti odeeffannoo walitti qabuun kan addeesseedha. Hojimaatni ragaa walitti qabuu kun xiinmala akkamtaa keessatti gosoota bu'uuraa afur, ciminaafi daangaa isaanii kan ofkeessatti hamate kan fayyadame yoo ta'u. Baay'ina ummata Aanaa kanaa kan lakkoofsa manaafi ummata Itoophiyaa bara 1999A.L.I lakkaawameen dhiira 88,421, dubartoota 86,986 waliigalaa 175,407 keessaa namoota waa'ee faaruu toohaa horaarratti hubannoo qaban 40 ta'an irraa funaanameera. Isaan kun hundi madda ragaa qorannoo kanaaf ta'uu danda'aniis yeroo tokkotti qorannoo tokkoof itti fayyadamuun ulfaataadha. Sababni isaa yeroo, humna, baajataafi ragaa bal'aa waan ofkeessatti hammatuuf qorataan isaan olitti tarreeffame fudhateera.

### 3.4.2. Tooftaa Iddatteessuu

Iddatteessuu carraanalaa (miti carraa) non-probablity sampling**)** keessaa kan qorataan filate gosa lama qaba.Isaaniis:- Iddatteessuu darbaa dabarsaan (Snowball Sampling)fi Iddatteessuu Dhimmataa (Purposive Sampling) dhimma qorannoo kanaa akka guutuu danda'u beekee adda baafatee qorannoo kana filateera. Qorannoo sanarratti namoota ragaa gahaa kennuu danda'u filateera. Iddatteessuu ulaagaa(Criterion-based sampling) jedhamees nibeekkama tarii ulaagaa kanneen armaan gadii kana namoonni dhimma itti bahan ta'uu danda'u: isaaniis muuxannoo, beekkumsaa, dandeettiifi kkf irratti hundaa'uun namoota iddattoo filateera.

Iddatteessuu iyyaafataa keessatti qorataan karaa deemaa iyyaafachuun nama kan biraa kan dhimma sana beeku yookaan raawwatu akka eeran naannoo daangaa qorannoo keessatti argaman gaafachuun darbaa dabarsaan kan ragaa sassaabbateera. Malleen iddatteessuu lameen keessatti namoota dhimma sanarratti beekkumsa aadaa qaban malee, ummata aanaa sanaa hunda filachuun waan hinmijjoofneef, ogeessota waajjira aadaafi Tuurizimii Aanaa Gola Odaa, manguddoota, dargaggeeyyii hora loonii toohuuf dandeettii qaban irraa ragaan funaanameera. Aanaan Gola Odaa Araddoota aanichaa17fi magaalaa 1 kan qabu yoo ta'u Aanaa guutuu keessatti qorannicha dalaguun waan ulfaatuuf namoota ragaa gahaa kennuu danda'an irraa mala darbaa dabarsaan irraa guurrateera. Tooftaa iddatteessuu iyyaataa keessatti namoota hubannoo qaban kanneen qorannoof filatamanii argaman irraa ragaa qorannoof ta'uu filatee raawwatameera.

## 3.5. Meeshaalee Funaansa Ragaalee

### 3.5.1. Afgaaffii Banaa (Interview)

Qorataan hirmaattota waliin af-gaaffii fuulaa-fuulatti gaggeesseera, bilbilaan af-gaaffii taasiseera, yookaan garee tokko tokkoon isaanii keessatti namoota af-gaaffii taasisan ja'a hanga saddeet waliin af-gaaffii garee xiyyeeffannoo irratti bobba'a. Af-gaaffiin kun gaaffilee caaseffama hinqabneefi akka waliigalaatti banaa ta'aniifi baay'inaan muraasa ta'aniif hirmaattoota irraa ilaalchaafi yaada baasuuf yaadaman kan ofkeessatti hammateedha. Adeemsa qorannoo keessatti qorataan sanadoota qorannoo xiinmala akkamtaan walitti qabuu danda'eera. Isaan kun sanadoota ummataa (fakkeenya, gaazexaa, haasawa walgahii, gabaasa ofiisaa) yookiin sanadoota dhuunfaan (fakkeenyaaf, barruulee

dhuunfaafi galmee guyya guyyaa,) ta'uu danda'u. Cresswell. (2013:237).Yaada kana bu'uura godhachuun qorataaniis namoota qorannoo isaatiif madda ragaa nita'an jedheef beekkumsaafi hubannoo mata duree kana deeggaran irraa karaa afgaaffii fuulaa fuulatti funaanameera. Itti dabaluun adeemsa afgaaffii keessa yaadota deebii keessaa ta'an dabaluun gaaffilee dhiheessuun kan danda'amu yoo ta'u, yeroo hojii dirreerra deddeebi'amee taasifamu adeemsa qorannoo keessatti qaawwaa uumaman kan guutan gaaffileen dhiiroota 10fi dubartoota 4 waliigala 14 dhihaatan deebii argatanii jiru.

### 3.5.2. Marii Garee Xiyyeeffannoo (Focus Group Discussion)

Mariin garee xiyyeeffannoo meeshaalee funaansa ragaalee bal'inaan yeroo tokko keessatti ragaalee hirmaattota baay'ee ta'an irraa argachuuf gargaara. Getufi Tegbar.(2006:61). 'Malli kun gareewwan hawaasaa waa'ee dhimma qoratamu sana haalaan beekanirraa ragaa argachuuf gargaara'jedhu. Kunis odeeffannoo maloota afgaaffii, galmee qaacessuufi hub-daawwannaadhaan hinargamne/dagatamanii bira darbame tokko argachuuf fayyadameera. Kaayyoo malli kun ittiin tajaajilarra oolufis odeeffannoo gahaafi gadi fagoo ta'e tokko ittiin argachuun danda'ameera. Haaluma kanaan, qorataaniis odeef-kennitoota dhimma faaruu loonii kanneen toohaa horaarratti mala darbaa dabarsaan filataman keessaa (8) jechuun dhiira jaha (6)fi dubartoota lama (2) bakka tokkotti argachuun gaaffilee marii qorannichaaf bu'uura ta'an deebisuu danda'aniirraa gaafachuun qindeessee walitti qabateera.

### 3.5.3. Sakatta'a Harshammeelee (Document Analysis)

Adeemsa qorannoo keessatti qorataan sanadoota akkamtaan walitti qabuu danda'eera. Isaan kun sanadoota ummataa (fakkeenya, gaazexaa google irraa, haasawa walgahii, gabaasa ofiisaa) yookaan sanadoota dhuunfaa (fakkeenyaaf, barruulee dhuunfaafi galmee guyya guyyaa) ta'uu danda'eera (Cresswell, 2013:237). Qorataaniis ragaalee barreeffama namoota dhuunfaafi Waajjira Aadaafi Turiizimiin walitti qabamee xiinxalame. Sakatta'a ha rshammeetiin kitaabolee, barreeffamoota hinmaxxanfamin kan waa'ee xiinxala faaruu Loonii Toohaa Horaa Oromoo Anniyyaa ibsaaniifi dhimmoota faaruu loonii Oromoo Anniyyaan walqabatanii faarsan irratti xiyyeeffatan qorannoo kana keessatti dhimma itti bahameera. Isaaniis, mujuloota qorannoo Waajjira Aadaafi Turiizimii Aanaa Gola Odaa keessatti gareen qoratanii olkaa'aniifi kanneen namoota dhuunfaa dhiirota sadiin (3)fi dubara 1 barreeffaman irraa ragaa qorannoof ta'u keessaa argameen gosoota faaruu loonii

ta'ee kan yoomessa akka elamaa aannanii, toohaa horaa, bobbaa, uuda midhaanii/ooydaafi galaa walitti qabamanii kuufaman irraa ragaa funaannachuun danda'ameera.

### 3.5.4. Hubdaawwannaa Banaa (Observation)

Qorataan amalaafi sochii namoota dhuunfaa bakka qorannootti hojjetan irratti yaadannoo dirree yeroo kan fudhateedha. Yaadannoowwan dirree kana keessatti, qorataan, haala hincaaseffamneen yookaan walakkaa caaseffama qabuun (gaaffiiwwan duraan turan tokko tokko kan gaafataman beekuu barbaadu fayyadamuun), sochiiwwan bakka qorannootti raawwataman waraabee ilaaleera. Taajjabdoonni xiinmala akkamtaa gahee hojii hirmaataa hintaane irraa kaasee hanga hirmaataa guutuutti garaagarummaa qabu irrattis bobba'uu danda'eera. Akkaataa idileetti ilaalchi kunniin qorattoonni gaaffii waliigalaa hirmaattota gaafachuun hirmaattonni yaada isaanii bilisaan akka kennan kan hayyamu ta'uu isaaniitiin. (Cresswell, (2013:237).Yaada hayyuu kanarratti hundaa'uun qorataaniis sochii yeroo hora toohan gaggeeffamu daawwachuun gabaasa qorannoo deeggaruun madda ragaa gahaa ta'e irrraa argachuun qorannoo kanaaf akka tumsan godheera. Aanaa Gola Odaa keessatti yeroo hora toohan ammallee itti fayyyadamaa waan jiraniif qorataan raawwii isaanii hordofee dhiheessuun ragaa gahaa dhiirota 13fi dubara 1 waliigalaan 14 ta'an irraa sassaabuun argachuu danda'eera.

## 3.6. Malleen Xiinxala Ragaalee

Mataduree kana jalatti xiinmala qorannoon kun ittiin gaggeeffamuufi malleen funaansa ragaalee akkasumas tooftaalee ittiin xiinxalan kan keessatti hammateedha. Mariin xiinmala akkamtaa keessatti taasifamuus tarkaanfiiwwan bifa adda addaa ragaalee xiinmala akkamtaan xiinxaluu keessatti fudhataman ibseera. Walumaagalatti, akeekni barreeffamaafi ragaalee fakkiifi meeshaalee funaansa ragaaleen funaanamaniif hiika kan kenneedha. Inniis ragaa qoqqoodanii addaan baasuu akkasumas walitti deebisuu ofkeessatti qabateera. Mariin yaada kennan keessatti xiinxala ragaa xiinmala akkamtaatiin qabxiilee waliigalaa hedduu waa'ee adeemsa waliigalaatiin eegaluu danda'eera. Xiinxalli odeeffannoo xiinmala qorannoo akkamtaa keessatti kutaalee qorannoo xiinmala akkamtaa jiran keessaa; odeeffannoo walitti qabuu, barreessuufi argannoowwaniin walqabatee kan argameedha. Fakkeenyaaf, af-gaaffiin osoo deemaa jiruu, qorataan af-gaaffii duraan walitti qabame xiinxaluu, yaadannoowwan dhumaa irratti, gabaasa xumuraa keessatti akka goolabaatti hammatamuu danda'an barreessuun, caasaa gabaasa dhumaa qindeessuun danda'eera.

Ragaan barreeffamaafi fakkii baay’ee hedduufi badhaadhaa waan ta’eef, odeeffannoon hundi xiinmala akkamtaa keessatti fayyadamuun danda’ameera.

Akkasumaas xiinxala ragaa xiinmala akkamtaa qabu keessatti fayyadamuun ragaa xiinxaluuf gargaarameera. Qorataan ammallee sarara barreeffamaa tokko tokkoon isaa keessa darbuun hordofee sirreesseera. Dabalataaniis, kuusaawwan ragaa gurguddoo keessatti qorataan kutaalee barreeffamaa walfakkaatu qaban hunda dafee argachuuniifi hirmaattoonni yaada tokkoof karaa walfakkaataa yookaan adda addaatiin deebii kennuu isaanii murteessuu danda’eera. Garaagarummaan xiinxalaa kun gosa tooftaa itti fayyadame irratti hundaa’uun jiraatuus, gaafatamtoonni xiinmala akkamtaa yeroo baay’ee hojimaata waliigalaa fayyadamuun yaada dhihaate keessatti tarkaanfiiwwan xiinxala ragaa keessa dabarsuun qaacceffameera. Dimshaashumatti, ragaalee qorannoo kanaaf barbaachisan ittiin funaanaman kan sirrii moo dogoggora akka ta’e adda baasuuf: Qabxiilee asiin gadii ilaaluun barbaachise. Iddattoowwan filataman keessaa kan ragaa kennan adda baafachuu danda’eera. Yaadoleen isaan kennan kanneen gaaffiilee bu’uura qorannichaa deebisuu danda’uu isaanii waliin madaaluun xiinxaleera. Ragaalee akkaataa walfakkaatuun wal bira kaa’ameera. Yaadolee barbaachisaa hintaane keessaa hambiseera. Yaadonni kennaman beekkumsa biroof kan oolan yoo ta’e kuusaa yaadannoo biroorratti olkaa’achuu dandameera. Namoonni ragaa haala qorannoo kana deeggaruun kennan jajjabeeffamuun yaada dabalataa akka kennan taasisuun guddina qorannoo Oromoo akka arjooman taasifameera.

### 3.7. Naamusa Qorannichaa

As keessatti adeemsa qorannoo keessatti wantoota akka qajeeltootti raga kennitootaafi qorataa gidduutti adeemsifamu kan ilaalatuudha. Keessattuu adeemsa suursagaleefi suuraa kaasuu keessatti bifa dhiifama yookiin eeyyama gaafachuun kan gaggeeffameedha. Hojii qorannoo keessatti naamusni qorannoo gahee guddaa qaba. Neuman.(2007). Akka barreessetti naamusni qorannoo karaa seera qabeessaan naamusa eeguun qorataan iccitii barbaachisu eeguun qorannoo gaggeessuudha. Hawaasa waa’ee dhimma isaa qoratu kabajuun odeeffannoo barbaachisaa fudhachuuf kan adeemsisu ta’uu isaa ibsa. Kuniis qorannoo gaggeeffamu keessatti iccitii hawaasichaa eeguun qulqullinaafi amanamummaa qabaachuun argannoon qorannichaa hawaasaaf akka oolu gochuu keessatti qooda guddaa qaba. Kanaafuu, qorataan ragaa kennitootaaf of ibsuufi xalayaa seera qabeessa qorannicha akka gaggeessuuf kennameef qabaachuun barbaachisaadha. Kana malees, aadaa, duudhaa,

amantii, seenaafi safuu hawaasa naannoofi odeeffannoo kennitootaa kabajuufi eeguun dirqama qorataati jechuudha.

# 4. XIINXALA RAGAALEEFI DHIHEESSA

Kutaa kana jalatti qabiyyeewwan ragaan qorannichaa mala qorannoo adda addaa wixinee keessatti ibsame fayyadamuun funaanaman qaaceffamuun dhiyaateera. Kunis ragaa mata duree garaagaraatti hiruun erga kaa'amanii booda xiinxalamuun hiikni itti kennameera. Haaluma kanaan ragaalee ijoon qabiyyee kana jalatti dhihaatan maalummaa Faaruu Toohaa horaa Oromoo Anniyyaafi ergaawwan faaruuwwan kunneen hawaasa Oromoo biratti qaban haala duudhaa hawaasichaa ibsuu danda'uun odeef-kennitootaarraa walitti qabamuun duraa duubaan qindaa'ee dhihaateera. Faaruuwwan dhihaatan keessatti gahee horiifi loonii jechaan ibsuun ulfaatuus odeef-kennitoonni yoomessa faaruu loonii, itti fayyadama meeshaalee toohaa horaa looniifi falaasamoonni adeemsaafi raawwii faaruu loonii toohaa horaa Oromoo Anniyyaa duudhaa looniif qaban baasuu keessatti argaman qaacceffamaniiru. Faayidaan faaruu toohaa horaa loonii qabu baasuufi haalli faaruu loonii yeroo ammaa irra jiruus kallattiin ibsameera.

## 4.1. Gochaawwan Faaruu Loonii Toohaa Horaa Oromoo Anniyyaa

Akka odeef-kennitoonni af-gaaffii gaafa 15/9/2016 gaafatamanii deebii kennanitti adeemsa jechuun tartiibaafi karaa gochoonni faaruu loonii hordofuun jalqabaa hanga dhumaatti raawwatamaniifi qaacceffaman kan hordofuudha. Innis gochoonni yeroo qophiin duraa irraa jalqabanii hanga yeroon qophii boodaa itti xumuramu kan of keessaa qabuudha. Raawwiin immoo faaruu loonii toohaa horaa keessatti haalota adda addaa hordofuudhaan hojiirra kan oolu yoo ta'u, kunis yoomessa qabatamaafi dhugaa ta'e keessatti hojiirra oola. Yoomessa qabatamaa kanaas faaruu loonii toohaa horaa kana keessatti arguu dandeenya. Raawwiin kunniinis eessatti akka raawwataman, yoom akka raawwataman, eenyuun akka raawwataman, eenyu waliin akka raawwataman qabu. Adeeemsa raawwii/hurrubbii (Process of Performance).

### 4.1.1. Akkaataa Baniinsaafi Cufinsaa (Opening And Closing Formula)

Afwalaloon akkaataa itti eegaluufi xumuramu qaba. Afwalaloon kun bifa aadaa hawaasaa eegeen dursi manguddootaaf kennamuun eegala. Akkuma bakka horaa horii isaanii geessaniin bakka ciciisa jedhamutti tikseen dabaree eegan loon dhaabuu eegalan warri hora toohan ganamaan dursanii iddoo san waan dhaqaniif iddoo hora itti toohan naanniga jedhamu biyyee supheefi dhagaarraa ijaaruun yookiin keessa qulqulleessuun bishaan horaa

akka keessaa hindhangalane gochuun qopheessanii faaruu loonii namni dura boolla horaa keessa gad bu’e sun faarsuu eegala. (Dabalee D, Obboo Usmaa’il Mahammad Ahmad Adoolessa 12,2016).

Gama birootiin Cufinsa irratti akka manguddoon biroo (Dabalee D, Obboo Abdushakuur Saanii Aadam Adoolessa 12, 2016) ibsetti faarichi akkuma eebbatti manguddoon eegalee xumurarratti immoo manguddoonni waan dadhabaniif keessaa bahuun dargaggeessi sagalee isaanii akka jalqabatti osoo hinguddifne faaruu fayyadamuun yeroo tikseen ‘loon dheerate’ ja’anii ergaa dabarsanitti bifa faaruutiin akka gahe keenya fagoo galti geessee, galatoomi asiin nugeessee’.jechuun xumuran. Akka safuu guddaa naannoo horaa jirutti bishaan horaa ol toohame sana osoo hinbooressine horiin badiisaafi bineensonni akka karkarroo, gadamsaafi biroo akka dhuganiif biraa deeman. Isaan kanaas faaruun yoo ibsan

### 4.1.2. Gaaffilee Maalif, Akkamitti, Hangam Turan

Gaaffilee kana deebisuuf marii garee xiyyeeffannoo irraa akka argametti (Dabalee D, Obbo Musxafaa Yaaqubiifi Badrii Amiin Waxabajii 29/2016) irraa akka fudhatameetti haalli akkamitti maali jedhuuf mata duree faarichaan ala osoo hinbahin akkamitti akka eegalan tartiiba umriitiin kan itti fufanii hanga horiin bakka horaa geessan hundi dhuganii dheeratanitti faaruun akka turu marii garee xiyyeefannoo kanaan argameera.

### 4.1.3. Haala Qooda Fudhattootaa

Qooda fuudhattoota faaruu kanaa bakka lamatti qooduu dandeenya. Isaaniis 1. Kanneen hora keessa seenanii bishaan oldarbaniifi 2. kanneen alaa loon dabaree eegsiisanii dhageeffatanii ililchan fa’a yeroo danda’an qabu. Dubartoonni gaheen isaan qaban muraasa ta’uus kanneen nyaataafi dhugaatii manaafi iddoo horatti qopheessuu danda’u. Warri dhiiraas yeroo dubartoota isaanii ofbiratti argan miira gammachuufi waldorgommiin hojii toohaa horaa osoo hinmufanne hamilee guddaan xumuruu danda’aniif gahee isaanii guddaa jechuudha.

Haalli faarsitoonni itti waliiif qooduun gahee isaanii bahatan faaruu keessatti wal tuquun waan jirtuuf miira gootummaan kan raawwataniidha. Namoota toohaa horaa dadhaban osoo haati manaa isaa dhageessuu faaruun akkana jechuun ‘Gurbaan ganama shuumoo bulte nyaate gaawwaa ijibaate’ jechuun yeroo inni toohee itti darbamte lafatti bishaan keessaa jigse jechaan itti himu. (Obbo Mahammad Asad Yuusufiifi Mahammad Ahmad Alii, Dabalee D, Adoolessa 12/2016 irraa fudhatame.)

#### 4.1.4. Haala Fuula Isaanii

Haalli fuula namoota hora toohanii akka odeef-kennitoonni himanitti akkaatuma faaruun dabalaa deemutti jechootaafi gochoonni namootaa jijjiiramuun fuula ifaan wal ilaaluun wal jalaa qabuu eegaluun sagalee walii dhageeffachuun sodaafi dadhabbiin osoo namatti hindhagahamne fuula gammachuun toohee walitti darbuun gammachuun agarsiisu. Faaruun isaan kana yoo ibsan ‘gurraan ilmii dhageeffadhu harkaan gaawwaa jabeeffadhu’ jechuun bifa faaruutiin addeeffataa wal booharsaa horii obaafatanii galu.(Obbo Mahammad Asad Yuusufiifi Mahammad Ahmad Alii, Dabalee D, Adoolessa 12/2016 irraa fudhatame.)

#### 4.1.5. Meeshaalee Itti Tajaajilaman

Meeshaaleen toohaa horaa keessatti fayyaduu danda’an kanneen akka gaawwaa, dhiilkaa, muraa, Xaasaan iddoo horatti hedduu tajaajila kennan akka durii osoo hintaane yeroo ammaa meeshaaleen aadaa kunneen tajaajila kennaa hinjiran. Fakkeenyaaf dhiilkaa, gaawwaa, Ciicoo isaan kun dhiilkaan muka irraa tolfamee guyyaa toohaaf gargaara, halkan immoo aannan itti elmatu. Gaawwaan immoo biyyee irraa tolfamee bishaan ittiin toohuuf gargaara. Ciicoon immoo citaa/migira jedhamurraa tolfame.(Dabalee D, Hubdaawwannaan iddoo hojii dirreerraa Obbo Ahmad Ibrooshee Alii Adooleessa 13/2016)

#### 4.1.6. Haala Hurrubbii /Raawwii Dhiiraafi Dhalaa

Akka odeef-kennitoonni ibsanitti haalli hurruubbii sochiilee adda addaa taasisuun gochoota raawwii toohaa horaa keessatti mul’ateedha. Qaamoleen adda addaa as keessatti argaman warri dhiiraa kanneen hora keessa gadi bu’anii toohee ol darbaniifi irraa fuudhanii naannigatti naquun horaa obaasan yoo ta’u, kanneen alaa horii ciciisatti dhaabuun dabareen akka horiin tartiiba duraa duuba dhufeen eeganii walitti bu’iinsa tokko malee safuu Oromoo eeguun addaan galuu danda’u. Warri dubartootaa immoo naannoo horaatti beeyladonni baay’ee yoo ta’an achutti nyaataafi hoojjaa qopheessuun akka isaan boqonnaa fudhataa hora toohan jajjeebeessu. (Dabalee D, Obbo Abraahim Aadam Sheekaafi Aarif Aadam Ibroo Adoolessa 13/2016).

#### 4.1.7. Gareen Walharkaa Fuudhuufi Walii Dabarsuu

Afwalaloon amaloota isaa keessaa jamaan taphatama faaruu loonii toohaa Oromoo Anniyyaa keessatti gareen akkuma raawwatan/gochaan dalaganitti faaruu faarsaniis wal

jalaa qabuun tartiiba eeguun dabaree eeguun manguddoota irraa dursa fudhachuun wal jalaa qabuun sagalee olkaasuun horii dhageessisuun hanga horiin mar'atee ofwallaalee gara bishaanii dhufee dhugutti onnee guutuun namoonni waliin boohaniis nijiru. (Dabalee D, Obbo Haajir Abdukariim Odaafi Ahmad Hassan Sheekaa Adoolessa 10/2016).

## 4.2. Qabiyyee Faaruu Loonii Toohaa Horaa

Qindoominniif sagalee afwalaloo muraasni ergaa bal'aa qabiyyee isaa ibsuuf humna guddaa qaba. Sumner (1996) afwalaloon muraasni yaada bal'aa ibsuuf akka humna qaba' jedha. Yaada kanarraa akka hubatamutti muuxannoo namoonni yeroo dheeraaf qaban gaddaafi gammachuu calaqqisiisuuf gahee guddaa akka qabu.
Afwalaloon falaasama duudhaa, seenaafi jiruufi jireenya hawaasichaa kan agarsiisaniidha. Kunis afwalaloo keessatti bal'inaan mul'ateera. Isa badaa qeeqee qajeelcha, isaa gaarii ta'e afwalaloon bareechee faarsa. Afwalaloon tokko tokko ergaa walalichaa irratti kaan immoo qindoominaafi caasaa irratti xiyyeeffachuun danda'a. Afwalaloo tokko keessatti xiyyeeffannoon walitti dhufeenya namaafi taatee karaa adda addaan mul'achuu danda'eera. Akka gaafatamtoonniifi sakattaa'an ragaaleen argametti faaruun loonii toohaa horaa akka namoonni horii waliin dubbatan waan agarsiisu kan faaruu keessatti argameedha. Inni kun immoo faaruuwwan waliin dubbii jalatti ramadameera.

### 4.2.1. Faaruu Loonii Toohaa Horaa Kan Siyaasaa Yookiin Qabsoo agarsiisan

Malaawwan hawaasni tokko quuqama siyaasaa sammuu isaa keessa jiru ittiin ibsatuuf fayyadaman keessaa faaruun isa tokkoodha. Haala kana, Ruth Finnega (2012:265). 'Songs can be used to report and comment on current affairs, for political pressure, for propaganda and to reflect and mould public opinion' jechuudhaan ibsite. Akka hayyuu tanatti afwalaloon dhimmoota akka siyaasaafi taateewwan haaraa ummata keessa jiran calaqqisiisu. Oromoon Anniyyaas, faaruu looniiitti dhimma bahuun maalummaa daangaafi dhimmoota daangaa ummatichaatiin walqabatu labataa labatatti daddarsaa jira. Yommuu kana raawwatuus, faaruu loonii keessatti wantoota akka mukkeeniifi gaarreewwan adda addaa ummaticha ollaa tokkoon waldaangessan gargaaramuuni. Faaruu loonii yaadrimee kana ofkeessaa qabu armaan gadiitti dhihaateera. Abdulshakuur Ahimadfi Alamuu Disaasaa (PhD). (2021).

**Fakkeenya 1ffaa:** *Keenya laafaan waa dhalatu.*
*Dhalatullee waa hinguddatu.*

*Guddattullee beera wajjiin ganna baaduu haa cafatu,*

*Bona algee haa naqatuu.*

*Malkaa/Caayaa anbaa haa lagatuu.*

*Heyyaa Heyyaa.*

(Dabalee D, Obboo Badrii Amiin Aadam, Adoolessa 8/2016).

Faaruu loonii Oromoo Anniyyaa kana olitti ibsame kanaan faaruu loonii kana keessatti eebba loon isaaniif godhuun gara horaa akka deeman faaruun addeesseera. Bo'oowwan shan (5) ofkeessaa qaba. Bo'oo isaa hundi afwalaloo faaruu toohaa horaa ta'anii akkaataa mammaaksaan haa dhihaatu malee faaruu loonii toohaa horaati. Ergaan isaa ummanni Oromoo Anniyyaa namoota amala akkanaa qaban dhalachuu isaanii akka fedhii hinqabne, yoo dhalatanillee akka guddachuu hinqabne. Erga guddatan boodaas beera wajjiin ganna baaduu cafatuun jireenya isaa akka dabarsaa turuu. Bona algee bishaan keessa haa naqatu jechuun balaaleffataa turan. Namoonni hawaasa keessatti beekaa laaffatanii hojii horsiisa loonii irratti hanqina guddaa agarsiisan caayaafi malkaa dhaqee rakkoo tokkollee furuuf faaydaa kanneen hinqabneedha.

**Fakkeenya 2ffaa:** *Akka leedii bona baatee.*

*Ganna qorkeen kormaan aatee.*

*Heyyaa heyyaa.*

(Dabalee D, Obboo Siraac Ahmad Muussaafi Ahmad Hassan Sheekaa (WAT) Adoolessa 8fi 12/2016).

Faaruu loonii olii keessatti 'akka leedii bona baatee' jechuun faarsuun eegale. Leediin gosa mukaa ta'ee baay'ee qajeelee margee guddata, inni kun ulee ta'ee hawaasa horsiisee bulaa biratti tajaajila guddaa kenna. Ergaan bo'oo 1ffaa muka leedii jedhamuun qabatee ergaa cimaafi dhokataa dabarsuu eegala. Mukni leedii kun ganna margee bona bahee argamnaan uleef haala gaarii mijjaataa ta'ee tajaajila ulee loon ittiiin tiksuuf gahee guddaa qaba. Bo'oo 2ffaan immoo 'ganna qorkeen kormaan aate'jedhu kun namoonni gowwummaa qaban yoomessi toleefii namoota gootummaafi namummaa qaban miidhuu yeroo danda'e agarsiisuuf itti fayyadamuu mul'isuu isaati. Hiikaan jecha qorkee jedhuu horii sanyiin isaa gabaabduu taate, gaafa dhedheeraa qabduudha. Ulee muka leedii kana meeshaa lolaaf itti gargaaramaniidha. Yeroo lolaaf qophaa'an itti yaadanii bishaan keessa kaawwatanii akka hincabneef isaan gargaara jedhu odeef-kennitonni afgaaffii dhihaateef kunneen. Gama biroon immoo bishaan kaawwatanii akka cabne gochuun sun namoonni duulaaf deemun qophii taasisuuf wal gorsaafi onnee walitti godhaa gootota ofii jalaa deemnaan injifannoo waliin argachuun akka danda'amuu hubachuun danda'eera.

Bo’oo lameen yoo walitti qabnee ilaalle bo’oowwan lameen gidduu wal dhabdee guddaan miidhaafi miidhamaa gidduu jiraachuu xiinxala kanaan adda baasuun danda’ameera. Qabsoo godhamu keessatti gantuufi kennituun haala adda addaan bitamuun hawaasa Oromoo miidhaa turuu faaruu loonii kanaan hawaasni horsiisee bulaa naannoo qorannoo keessatti godhame afgaaffiin dhihaateef ragaan deeggaruu danda’aniiru.

**Fakkeenya 3ffaa:** *Hoggaa boruu narra ajjattee,*

*Lolli geenyaan sitti aane*

*Heyyaa heyyaa.*

(Dabalee D, Obbo Sharaf Sheek Afandii Abbaajundaa Adoolessa 14/2016 WAT Aanaa Gola Odaa).

Firri yeroo baldhinaa yoo walitti bu’aniis yeroo lolli alagaa waliin qaban argame walitti dirmachuu agarsiisuuf faaruu kanaan haajaa bahaa turan.

Bo’oo 1ffaa keessatti afwalaloon kun hoggaa boruu narra ajjattee. Ergaa bo’oo kanaa namoonni yeroo sadoo walitti bu’aa turan immoo lolli alagaa waliin taasifamu jiraatus gara fira ofitti dirmachuun tokkummaan wal deeggaraa jiraachuu agarsiisa.

Bo’oo 2ffaa keessatti ergaan afwalaloo kanaa wal deeggaruufi tokkummaan diina Oromoo namoota ta’an dura dhaabbachuu mul’iseera. Walitti bu’iinsi gosaa akka naannootti yoo jiraate, diinni yookiin saboonni biroo dhufee Oromootti roorrise Oromoonni naannawa sanii walitti qabamuun diina isaanii lafa Oromiyaafi qabeenya naannoorraa tooftaa adda addaa fayyadamuun tiksaa/eegaa turan.

**Fakkeenya 4ffaa:** *Yaa adiyoo adii lawwee*

*Goromsi kee bite qawwee .*

*Heyyaa heyyaa.*

(Dabalee D, Obbo Abdullaahii Hassan Baarrinkoofi Leeylaa Ahmad Siraac Adoolessa 10fi 13/2016).

Faaruu loonii olitti tarreeffame kunneen bo’oo lama.  Bo’oo 1ffaan ‘Yaa adiyyoo adii lawwee’ afwalaloo kana keessatti beeyladoota isaa faarsuun bifa isaa adda baasee haadhaa ilmoo waliin jajjabeessuu agarsiisa. Inni kun gara ilmoo namatti yoo jijjiirree ilaallee ilmoo kee bakka guddaa geessee yoo argite waan gammaduu dandeessuuf faaruu kana keessatti of ilaalee miira mukuu malee horaa horiif toohee horii obaafatee gargar galchuuf ittiin boohara. Bo’oo 2ffaa ‘goromsi kee bite qawwee’ ilmoon isaa gurguramee akka meeshaalee lolaa qawwee jedhamtu bitte faaruun faarsate. Bu’aa horii keessaa tokko immoo rakkoowwan hawaasummaa, jireenyattifi kanneen akka diinaan ofirraa ittisuuf ooluun isa tokko inni kun bu’aa horii namoota danta dhabdummaan jiraatan irratti hamilee gaarii

uumuun boohartiifi ergaa cimaa dabarsuu faaruu agarsiisa. Gama birootiin karaalee qabsoo ittiin utuban keessaa tokko horii yookiin qabeenya ta'uu mul'istuu cimtuudha.

**Fakkeenya 5ffaa:** *Guyyaan sadii heera kiyya sirraa hafuu.*

*Guyyaa hayaa*
*Guyyaa toohaa*
*Guyyaa iyyaa*
*Heyyaa heyyaa.*

(Dabalee D, Obbo Bayaan Mahammad Abraahim Waxabajjii 21/2016).

Faaruu loonii toohaa horaa armaan olii keessatti akka heeraa taasifatee murteedhaan akka walirraa hinhafnetti waadaa waliif galuu Oromootaa bifa faaruutiin agarsiisa. 'Guyyaan sadii heera kiyya sirraa hafuu'. Bo'oo 1ffaan 'guyyaa hayaa' jedhu keessatti guyyaa addatti ilaalamu cimaa waan ta'eef horsiisee bulaa biratti guyyaa murteessaadha. Guyyaa hayaa biyyee soogidda of keessaa qabdu geejjibaan fe'anii fiduuf biyyee hayaa kana yeroo lagni ceesisuu hindanda'amneef looniif qe'ee isaanitti bakka keessatti dhugan yookiin naanniga qopheessuun achumatti obaasuuf guyyaa san walirraa hafuun heeraan akka baditti gaafatamuu danda'a waan ta'eef hafuun akka hindanda'amne faaruu loonii dhihaateen addeesseera. Bo'oo 2ffaa keessatti 'guyyaan toohaa akkuma guyyaa hayaatti jabeenyi isaa olaanaadha. Yoomessa kana keessatti hora toohuuf hojii gamtaan hojjatamu waan ta'eef hojii gamtaa kanarraa qooda fudhachuun dirqama hawaasummaati. Ollaan waliin jiraatu kun hora dhaquurraa kaasee toohee waliif darbuun walirraa fuudhuun akka tartiiba horaan gaggeeffamtu guututti haala safuu horaa eegeen akka raawwatamuufi faarfamu kan mul'isuudha. Bo'oo 3ffaan immoo 'guyyaa iyyaa' Inni hunda caalaa barbaachisaafi dirqama guyyaa ta'eedha. Akka aadaa naannawa qorannoon gaggeeffameetti iyyarraa hafuun adabbii olaanaa namarraan gahuu danda'a. Iyya jechuun guyyaa gumaan namaa galeedha. Guyyaa gumaa sanitti namoota namni duraa du'eefi ajjeesse qofa osoo hinta'in jaarsoliin biyya jirtu hundi itti dhagahamuun xiyyeeffannaa guddaan sababa tokko malee bakka iyyi itti gale gahanii nagaya buusuun wajjiin jireenya isaanii bifa safuu Oromdur eeggateen jiraatu. Hariiroo waliin jireenyaa kana kanneen guyyoota murteessoo sadeenitti addaan qoodee faaruudhaan agarsiisuu danda'eera. Walumaagalatti namoonni guyyaa sadeen olitti faarsaman kana hinguunne waliin qabsoo adda addaaf shakkamaa akka ta'e afwalalichi ibseeera. Dabalataan guyyaa iyyaa yeroo dhiirti tokko intalaan deemmatee gara maatii intalaa dhufanii intalli keessan gurbaan gosa keenyaa amala gaarii qabu waan jaalate nutti fidateef isinitti iyya dhufne jechuun manguddoonni yeroo fayyadamaniis guyyaan iyyaa Oromoo naannawa sanaa hunda biratti kabaja guddaan ilaalamuu cimsee hubachiisuu

isaati. Guyyaa sadeen kun akka guyyaa jabaa ta'etti ilaalcha olaanaan itti yaadamaa jira.

**Fakkeenya 6ffaa:** *Adda gaarree saalaa halchee.*

*Abbaan kankee boojuu galchee.*

*Heyyaa heyyaa*.

(Dabalee D, Afgaaffii Obbo Badrii Amiin Aadam, WAT Aanaa Gola Odaa Caamsaa 20/2016).

Faaruu loonii olitti tarreeffame keessatti bo'oo 1ffaan 'adda gaarree saalaa halchee'jechuun isaa bifa horii isaa mallattoo isaaniitiin adda baasee addi isaa gaarree ta'uufi bifa bineensaa keessaa kan loon fakkaatu 'saalaa' fakkaachuu barbaade jechuun kan faarfamuudha. Bifti beeyladoota isaanii akka saalaa sanitti qaamaan dhedheeroo ta'uu faarichaan ibseera. Bo'oo 2ffaa keessatti 'abbaan kankee boojuu galchee' jechuun isaa gootummaan humnaan horii yookiin qabeenya biroo fiduusaa faaruu loonii toohaa horaa oromoo kanaan lafa kaa'era. Qabsoo keessatti horii diina ofii jalaa saammatanii galchuun gootummaa guddaadha. Gootonni bara duriifi ammaas diina ofii jalaa fudhachuun akka mallattoo jabina qabaachuu karaa ittiin agarsiisaniidha. Qabeenya ofii eeggachuu danda'uufi diina jalaa qabeenya duraa barbaadessuu osoo hinta'in akka aadaa Oromootti qabeenya barbaadessuu caalaa saammatanii achi deebisanii diinan rukutuun baay'ee filatamaadha.

**Fakkeenya 7ffaa:** *Nyaapha dheefaaf gubbaa dhiifnee,*

*Laga buunee akka roorroon sirra geenye.*

*Heyyaa heyyaa.*

(Dabalee D, Afgaaffii Obbo Badrii Amiin Aadam, WAT Aanaa Gola Odaa Caamsaa 20/2016).

Bara durii ummanni Oromoo nyaaphaan akka malee roorrifamaa turuu ibsuun rakkoo kana keessatti horii isaanii akka jalaa hinsaamneef lagaafi raasaa keessa baqachuun diinagdee ofii oolfachuun karaalee addaa addaan diina ofirraa ittisuun qabeenya qofa osoo hintaane aadaa, seenaafi falaasama, duudhaa ittiin bulaa turees diina jalaa baqachaa tureera. Bo'oo 1ffaa 'Nyaapha dheefaaf gubbaa dhiifnee,'jechuun nyaaphni Oromoo haala itti diinagdee ummataa saamaa turuu agarsiisa. Gubbaa dhiifnee gara lagatti godaanaa turuu akka seenaatti ilaaluun nidanda'ama. Bo'oo 2ffaa 'laga buunee akka roorroon sirra geenye' jechuun ergaan isaa roorroo, cunqursaa, dhiibbaa, hammeenyaafi miidhaa namoota Oromoo irraa gahaa turte hanga qabeenya isaa duraa saamuun hiyyoomsuu, abdii kutachiisuu, gadadoo ulfaataa keessatti kuffisuun jiraachisuuf dhiibbaa gurguddaa godhaa turan. Walumaagalaatti afwalaloon olii kun diinni Oromoota durii miidhaa turuuf ragaa

cimaadha. Qabeenyi isaanii humnaan irraa dirqamaan gurraachuufi Oromoonni haala itti diina ofirratti ittisaniif lafa biraatti duraa godaanaa tooftaan ittisaa turuudha.

**Fakkeenya 8ffaa:** *Nyaaphaa dhahee si weeraree,*
*Si dhaqqabee abbaan kee sirraa furee.*
*Heyyaa heyyaa.*

(Dabalee D, Afgaaffii Obbo Badrii Amiin Aadam, WAT Aanaa Gola Odaa Caamsaa, 20/2016)

Faaruu loonii olii keessatti bo’oowwan lachuu, kanneen ergaa cimaa oguma keessatti gahee olaanaa dabarsuu danda’a. Bo’oo 1ffaa ‘nyaaphaa dhahee si weeraree’ jedhu keessatti nyaapha jechuun namoota safuu Oromoo naannoo tooraa horaatti eeggamuu qaban darbuun horii uleen tumanii osoo hora hindhugne dhoorkaniif kan faarfameedha. Inni kun yaada diina alagaa kan Oromoo miidhan kallattiin waliitti himuuf kan ittiin ibsataniidha. Bo’oo 2ffaan immoo ‘si dhaqqabee abbaan kee sirraa furee’ firri yommuu rakkate kan waliif dirmatu Oromoota ta’uufi yeroo rakkatan kan tokkummaan diina dura dhaabbatee ofirraa akka ittisan jajjabeessuu kan agarsiiseedha. Fakkeenyaaf Oromoon naannoo tokko jiraatu diinni humna isaaniitii olta’ee argamnaan walitti iyyachuun akka tokkummaa qabaachuu Oromoo mul’isuuf dhimma itti bahuuf faaruu loonii toohaa horaa kanaan ibsachuu danda’aniiru. Qabsoo Oromoo keessatti tokkummaa cimsuuf diina waliin daangaa, qabeenyaafi jibba Oromoo kanneen qaban akka itti fufuun miidhaan hammaatee lafarraa sanyii Oromoo hinballeessineef walitti dirmachuu faaruun agarsiisuuf faaruun ibsachuu danda’eera.

### 4.2.2. Faaruu Loonii Danta Dhabdummaa Balaaleffatan

Qabiyyeewwan faaruu loonii keessaa tokko namoota danta dhabummaa balaaleffachuun hojii isaanii akka jabeefatanii horsiisa loonii hamiilee guutuun qabatanii jiruufi jireenya keessatti afwalaloon kan dhimma bahaa jiru. Faaruu loonii toohaa horaa Oromoo Anniyyaa ergaawwan akka wal gorfachaa, wal barsiifachaa, wal onnachiisaa, tokkummaa isaanii ittiin ibsachaa turaniiru. Oromoon Anniyyaa yeroo karaa adda addaan faaruu loonii toohaa horaan kenname. Diinagdeen sababa dhibaa’ummaan yookiin danta dhabummaan duubatti deebi’aa ture. Isa kanaas afwalaloo fayyadamuun dhibaa’ummaa qeeqaa turan. Jiruuf jireenya Oromoo Anniyyaa keessatti, loon iddoo guddaa qaba. Sababni isaas, diinagdeen ummata kanaa irra caalaan loon horsiisuu irratti kan bu‘uureeffate waan ta‘eefidha.

**Fakkeenya 9ffaa:** *Yaa hawwisoo lallaqaccee,*

*Tooti geenyaan lallaqaddee.*

*Heyyaa heyyaa.*

(Aadde Nuuriyaa Abdallaahi Ahmad Abdii Abraahim Umar Dabalee D, Adoolessa 12fi 16/2016).

Faaruu loonii olitti kaa'ame duraa duubaan haalli itti namoonni hojii jibbaniif akka isaan fedhii hojii horii horsiisuu jajjabeefamuudha. Bo'oo 1ffaan faaruu olii kun 'yaa hawwisoo lallaqaccee' jedhuu kun namoota hawwisoo ta'an balaaleffachuu isaa miti. Hojiilee biroo akkuma sirba tolchanitti qajeelchanii akka hojjatan deeggaruuf malee qeeqa namoota hawwisoo ta'aniif qabuu miti. Bo'oo 2ffaan 'tooti geenyaan lallaqaddee' ergaan isaanii toohaan geenyaan beekaa dhukkubsachuu jechuudha. Hojii horsiisa loonii jibbuuf namoota dhibaawaniif faarsamti. Faayidaa afwalaloo keessaa tokko namoota jibba hojii qaban ittiin qajeelchuufi jaalala keessatti cimsuuf hawaasa tajaajiluu isaa qorannoo kanaan afgaaffiin addaan baafateera.

Afwalaloowwan olitti tarreeffaman bo'oo lachanuu namoota hojii ofii laaffisaniifi yeroo sirbi gahee immoo jabeenya agarsiisan ittiin qeequun haala hojii isaanii sirreeffachuun akka hojjatanii ofdanda'an taasisuudhaaf kan faarsaniidha. Gosti faaruu akkanaa afoolota Oromoo biroo keessatti argamanillee baay'inaan faaruu loonii toohaa horaa keessatti argamuu danda'eera.

**Fakkeenya 10ffaa:** *Raammisayyoon laga yaa'u,*

*Darreen bu'ee hora hintoohu.*

*Heyyaa heyyaa.*

(Dabalee D, Obbo Abdullaahi Hassan Baarrinkoo Adoolessa 14/2016).

Qabsoo agarsiisuuf dhimma itti bahan. Bo'oo 1ffaan 'raammisayyoon laga yaa'u' jedhu maqaa laga naannawa sanatti irraa fayyadamaa jiran faaruu loonii kanaan bifa faarsuutiin qabeenya lafa ofiifi itti fayyadamaa jiran agarsiisaniidha. Lagni Raammis jedhamu kun bishaan horaa bakka hedduun keessaa qotuun tajaajila bishaanii qofa osoo hintaane isaan naannoo san horiin qubatan dhugaatiif, jallisiifi bishaan isaa daakuun bashannanaaf mijjaawaadha. Bo'oo 2ffaa keessatti 'darreen bu'ee hora hintoohu' jedhuun darreen nama namummaa, eenyummaa gaarii hinqabne ta'anii gocha gantummaa qabaniif ittiin faarsuun jajjabeessuuf itti fayyadamaa turan. Darreen namoota jireenya hawaasa naannoo sanaa keessatti bakka caayaa dhaqanii waldhabdee furuufi dhageeffachuuf gahee bahachuu hindandeenyeedha. Darreen namoonni ta'an arrabsoo kana jalaa bahuuf torbee hora dhaquuf qophaa'anitti dhadhaa, aannaniifi nyaata humna kennan nyaachuun iddoo horaa deemu. Dimshaashumatti namoota ciccimoo filanii horatti erguu yeroo faaruun agarsiisan.

‘Mooraa tantee sii gilgilee tootuu sii filee’ jechuun yeroo toohaa horaaf karaa horaa deeman ittiin ibsataa turan.

**Fakkeenya 11ffaa:** *Yaa okkotee lafa buunan natti ootee*

*Naannigni kee guutuu baree guutuu barraan hir’uu loltee.*

*Heyyaa heyyaa.*

(Afgaaffii Dabalee D, Awwal Kaliil Ushee, Mahammad Ahmad Abdullaafi Mahammaad Aadam Bakar Adoolessa12fi13/2016).

Faaruun loonii olitti kaa’ame kunneen meeshaa fakkaate malee namootaaf kan itti dhimma bahaa jirruudha. Bo’oo 1ffaan ‘yaa okkotee lafa buunan natti ootee’ jedhu keessatti okkoteen lafa buusan iyyituus bakka namaa buute waan itti dubbateef akka namatti fudhachuun itti dubbate. Namoonni amala gowwummaa qabaniin sirreessuuf faarsuun itti agarsiisu. Bo’oo 2ffaan immoo ‘naannigni kee guutuu baree guutuu barraan hir’uun loltee’ jedhu kun tuffii namoota humna hinqabne ittiin qeequuf faarsaa turan. Naannigni iddoo bishaan horaa keessatti toohanii horiif obsaaniidha. ‘Hora toohuu keessatti akka raagamtaatti waan ilaalan tokko immoo waan guutuu ta’ee akka mijuu yookiin kabajaa eegetti lakkaawu’.jechuun manguddoonni afgaaffiin dhihaatteef ibsaniiru.

**Fakkeenya 12ffaa:** *Yaa qolqolee daaraa adii,*

*Loon abaartaa biyyaa badi.*

*Heyyaa heyyaa.*

(Aadde Nuuriyaa Abdaallaahi Ahmad  Dabalee D, Adoolessa 2/2016).

Faaruu loonii armaan oliirraa wanti hubatamu namoota horii hinqabneefi horii horsiisuu jibbaniin arrabsuuf faaruu loonii toohaa horaa Oromoon Anniyyaa itti fayyadamaniidha. Bo’oo 1ffaan ‘yaa qolqolee daaraa adii’ jechuun namoota dhadhaa horii fayyadamuu dhabuun qaamni isaanii hanqina nyaataa irraa mul’atuun qolqolee jechuun waamu. Qolqoleen osoo nyaattuu, nyaata bu’aa loonii ofkeessaa qaban waan qabaniif qaamni isaa akka  daaraa fakkaatee jireenya jiraatu isaan kanaan qolqollummaan daaraa goote ittiin jedhu. Bo’oo 2ffaan immoo ‘loon abaartaa biyyaa badi’ jechuun isaanii hawaasa horsiisee bulaa keessatti loon abaaruun safuu cabsuudha, ilmoo ofii abaaruun addummaa hinqabu. Namni horii jibbu akka nama farra jireenya ummata horsiisee bulaatti waan ilaalamuuf loon eebbisuu malee abaaruun gocha badaadhaan hawaasa keessatti beekkama. Walumaa galatti horii horsiisuun qabeenya guddifachuun waan ta’eef qabeenya abaaruun immoo akka qabeenya tuffachuun gadi aantummaa waan ta’eef namoonni horii abaaraniis ilaalcha horiif qaban sirreeffachuu akka qaban faaruu loonii Oromoo Anniyyaa kanaan dhimma itti bahaa jiraachuu agarsiisa.

### 4.2.3. Faaruu Loonii Guddina Diinagdee Mul’isan

Diinagdeen jireenya hawaasa tokkoof akkasumaas jireenyi hawaasaa immoo baay’ee murteessaadha. Diinagdeen hawaasa Oromoo Anniyyaa immoo, addatti loon horsiisuurratti kan hundaa’eedha. Ummanni kun faaruu looniitti dhimma bahuun haala diinagdee isaa ibsataa ture. Fakkeenyaaf faaruun armaan gadii kun yaadrimee kana of keessatti kan hammatuudha.

**Fakkeenya 13ffaa:** *Harkaan qonnaan uuda hin garree*
*Kormaan qonnaan uuddi qarree.*
*Heyyaa heyyaa.*

(Dabalee D, Aadde Nuuriyaa Abdaallaahi Ahmad Adoolessa 8/2016).

Faaruu loonii armaan olii keessatti bu’aa horii horsiisuun guddina diinagdee keessatti agarsiisu nutti mul’isa. Bo’oo 1ffaan ‘harkaan qonnaan uuda hin agarree’ jedhu qonnaan bulaan tokko yeroo harkaan qote oomisha gahaa akka hin arganne beekee horiin qotuun diinagdee isaa keessatti murteessaa ta’uu bira gahameera. Horiin malee qonnaan uuda yookiin tuulaan midhaanii akka hin agarree yookiin xiqqaa ta’uu himan faaruu loonii kanaan. Bo’oo 2ffaa keessatti immoo ‘Kormaan qonnaan uuddi qarree’ horiin yookiin kormaan qonnaan uuddi midhaanii qarree yookiin tuulaa gurguddoo ta’uu faaruu looniii tooraa horaa kanaan lafa kaa’era. Walumaagalatti faarichi bu’aa horii horsiisuun warra qonna irratti hirmaatan gargaaruu jala muree ibseera. Horiin jireenya ilma namaaf murteessaadha. Horiin jireenya namaa waliin kan walitti hidhamee bu’aa diinagdee, hawaasummaafi jireenyuma lubbuu ilmoo namaaf barbaachisaa ta’uu nu hubachiiseera.

**Fakkeenya 14ffaa:** *Hortee mooraa ballifattee,*
*Siin masaanuun narraa cabxee.*
*Heyyaa heyyaa.*

(Dabalee D, Obbo Faaxumaa Haamid Muummad Adoolessa 14/2016).

Faaruun loonii olitti kaa’ame akka abbootiin horii waliin dubbii loon isaanii waliin qabanitti kan agarsiisuudha. Bo’oo 1ffaa keessatti ‘hortee mooraa ballifattee’ jedhu keessatti horiin yeroo wal horanii baayyatan mooraa bakka keessa bulan guutanii abbaan horii mooraa san ballisaaf. Isa kana faaruu kanaan fayyadamuun loon isaanii baay’achuu walitti himuuf faarichatti dhimma bahaniiru. Bo’oo 2ffaa keessatti ‘siin masaanuun narraa cabxee’ jechuun faarichaa horiin diina kee akka namootarraa hamilee cabsuu danda’u. Loon dhabuun diina yookiin masaanuu ta’anii nama qabeenya tokkollee hinqabne horii

dhabuun ‘masaanuu’ nama jibban namatti horuu danda’a. Diina ofirraa dhorkuuf horii qabaachuun murteessaa ta’uu faaruun ibsachuu danda’eera.

**Fakkeenya 15ffaa:** *Saayyoo tollaan mimmiidhagee,*

*Saayyoon lollaan niin addaadhe.*

*Heyyaa heyyaa.*

(Dabalee D, Leeylaa Ahmad Siraac Adoolessa 14/2016).

Faaruu loonii olii keessatti bo’oo 1ffaan ‘saayyoo tollaan mimmiidhagee’ jedhu keessatti saayyoo jechuun saawwan yookiin horii beeyladaa ta’anii isaan hormaanni qajeellaan jiruun addaunyaa hawaasa horsiisee bulaa biratti akka waan hundi mijjaawetti fudhadhuun itti gammaduun abdii gaariin jiraachuu eegalan.

Bo’oo 2ffaa keessatti immoo ‘saayyoon lollaan niin addaadhe’ jedhu immoo ergaa cimaa saawwan dhabuun akka nama addeessuu danda’uu faaruu kanaan ibsatan horiin gaafa nama biraa dhume rakkachuu, cinqamuun, hamilee cabuun namoota horii hinqabneerratti mul’achuu danda’a kan jedhu faaruun agarsiiseera.

**Fakkeenya 16ffaa:** *Warra loonii maqaan tolaa tahee,*

*Kan loon dhabe daaraa tahe.*

*Heyyaa heyyaa.*

(Dabalee D, Obbo Faaxumaa Haamid Muummad Adoolessa 14/2016).

Diinagdeen jireenya hawaasa tokkoof akkasumas jireenyi hawaasaaf immoo horiin baay’ee murteessaadha. Diinagdeen hawaasa Oromoo Anniyyaa immoo, addatti loon horsiisuurratti kan hundaa’eedha. Oromoon Anniyyaa faaruu loonii toohaa horaa fayyadamanii warreen hora toohaaf deemaniifi warreen jiran haala kanaan kakaasaa turan. Isaaniis, hamilee walitti horanii wal jajjabeessuufi wal onnachiisu. Isa laafe kakaasuufi kan toohaa jiru jabeessaa turuu afwalaloo kanaa gadiitu agarsiisa.

Bo’oo 1ffaa keessatti ‘warra loonii maqaan tolaa tahee’ kan qabeenya qabu hawaasa Oromoo biratti jireenya dhuunfaaf hawaasaa keessatti gahee guddaa taphata. Namoota horii horsiisan maqaa gaariin waamu, kanneen horii horsiisuu dhaban yookiin sababa tuffiin hojii dhiisanii danta dhabummaan horiin jalaa dhuman qaamni isaanii daaraa tahee addaatee jiraata. Bo’oo 2ffaan immoo ‘kan loon dhabe daaraa tahee’ jedhu kun namoonni horiin jalaa bade sababa hiyyummaatiin qaamni namaa jijjiiramuu nutti agarsiisa. Ergaan afwalaloo kanaa horii horsiisuu jajjabeessuufi kanneen hojii tuffachuun hiyyooman ittiin gorsuuf faaruu kana faarsaa toohaa horaa Oromoo Anniyyaa boohartii, barsiisaafi bashannanaa waliin gammadaa horii isaanii obaafatanii addaan galu.

**Fakkeenya 17ffaa:** *Loowwan daalee soddomtu dhalee,*

*Namni hin elmuu jabbiilee malee.*

*Heyyaa heyyaa.*

(Dabalee D, Obbo Ahmad Ibrooshee Alii Adoolessa 16/2016).

Faaruu loonii toohaa horaa Oromoo Anniyyaa haala aadaa, seenaa, duudhaafi safuu Oromoota eeguun akka aadaan gaariin kun addaan citee hinhafneef hawaasichi walitti fufinsaan jiraachisuuf manguddootarraa afaaniin dhalootaaf daddabarsaa har'a gahee ammallee ittti jiru. Horiin bifa daalattii kan soddoma gahu dhaluufi namni osoo jabbii duraa hin elmine guddisa jabbiilee qofaaf dhiisuu agarsiisa. Bara sanatti hawaasni Oromoo qabeenyi guddaan horii aannanii tahuus aannan immoo nyaataafi dhugaatiif waan namatti toluuf isa kana horiin baay'een yeroo wal fakkaatutti dhalee ittiin ibsachuu faaruu kana keessatti mul'iseera. Bo'oo 1ffaa keessatti 'loowwan daalee soddomtu dhalee'

**Fakkeenya 18ffaa:** *Roobni roobee lolaa yaasee,*

*Gaarri mayree citaa baasee.*

*Heyyaa heyyaa.*

(Dabalee D, Obbo Aadam  Alii Abdullaahii Adoolessa 14/2016).

Faaruu loonii armaan olii kanaan badhaadhina yookiin quufa naannoo isaa jiruun walqabsiisuun faaruu kana keessatti ibsachuuf danada'eera. Oromoonni Anniyyaa Aanaa Gola Odaa jiran faaruu loonii toohaa horaa keessatti dhimmoota jiruuf jireenyaa komiifi quufa qaban tursisuuf bifa faaruutiin faarfataa naannoon isaa maal akka fakkaattu ibsachaa jiru. Bo'oo 1ffaa 'roobni roobee lolaa yaasee' jedhu kun lafa isaa galata waaqaaf galchaa horii isaa qabeenya isaa faarsaa waliin jiraataa jiru. Bo'oo 2ffaan immoo lafti isaa horii irra dheechifatan lafa gaara qabdu akka ta'ees faarichaan tuqee ibsatuu danda'eera. Walumaagalatti faaruun kun ergaa hawaasni daa'imman isaa naannoo jiraatuun wal barsiisuun aadaa, seenaa, durduriin isaanii gaarii ta'uu afwalaloo faaruu loonii Oromoo Anniyyaa kanaan daddabarsaa turaniiru.

**Fakkeenya 19ffaa:** *Doobbaan dhufee babbaroodaa,*

*Nyaachisaa koo abbaa uudaa.*

*Heyyaa heyyaa.*

(Sakatta'a galmee Dabalee D, Obbo Musxafaa Yaaqub Adoolessa 10/2016).

Faaruu Oromoo Anniyyaa Toohaa Horaa olitti kaa'eme keessatti bo'oo lamaan dhihaateera. Bo'oo 1ffaa 'doobbaan dhufee babbaroodaa' jedhu keessatti doobbaan gosa horii ta'ee korma gaafa dheeraa qabuun doobbaa jedhanii waamu. Babbaroodaa jechuun sagalee kormaan kun gammachuu keessa jiraachuu ittiin ibsataniidha. Isa kana mammaaksaan yoo ibsinu 'Kormi biyya wallaale nimar'ata'jedhuun namni eenyummaa,

sabummaa, mallattoon isaanii jalaa badee aadaan duraa ukkaamame akka korma saniitti mar'achuu danda'a. Bo'oo 2ffaan immoo 'nyaachisaa koo abbaa uudaa' keessatti horiin qabeenya diinagdee guddisuu danda'uudha. Uuda jechuun midhaan horiin qotamee lafa kaa'ame hanga tumamee callaa'utti turuun uuda jennee waamna. Dimshaashummatti beeyladootaan qonnaan guddina diinagdee oomishuu akka danda'an afwalaloo kanaan ibsateera.

**Fakkeenya 20ffaa:** *Doobbaan dhufee kaarra cufee.*

*Siiniin qotee irraa quufee.*

*Uuda tuulee,*

*Boolla liifaan cufee.*

*Heyyaa heyyaa.*

(Dabalee D, Afgaaffii Obbo Ahmad Alii Saalii Waxabajjii 30/2016).

Faaruu loonii armaan olii kanaan badhaadhina yookiin quufa naannoo isaa jiruun walqabsiisuun faaruu kana keessatti ibsachuuf danda'eera. Oromoonni Anniyyaa Aanaa Gola Odaa jiran faaruu loonii toohaa horaa keessatti dhimmoota jiruuf jireenya komiifi quufa qaban tursisuuf bifa faaruutiin faarfataa naannoon isaa maal akka fakkaattu ibsachaa jiru. Afwalaloon olii kun bo'oowwan afur qaba. Bo'oo 1ffaan 'doobbaan dhufee kaarra cufee' jechuun isaa doobbaan korma ta'ee kan gaafa dheeraa qabuudha. Doobbaan kaarra horiin itti galu haala isaaf hinbarbaachisne taanan kaarra hulaa irratti eegee akka hin seenne dhoorkuu danda'a. Gaafa kana fayyadamuun diina horii saawwan ta'an irraa hanga tokko ittisuuf humna kan qabuudha. Bo'oo 2ffaa keessatti 'siiniin qotee irraa quufee' jechuun waliin dubbii horiifi abbaa horii waliin jiraachuu agarsiiseera. Horiin namni qote quufuu akka danda'u ragaan faaruu loonii kanaan ibsateera. Bo'oo 3ffaa immoo 'uuda tuulee' uuda jechuun looga godina birootti ooydaa jedhamee beekkamuudha. Midhaan nyaataa hanga gogee tumaaf/calleeffamutti bakka tokkotti walitti qaban uuda jedhama. Bo'oo 4ffaan akkasuma 'boolla liifaan cufee' kan jedhu ergaan isaa midhaan akka bishingaa boollatti naqamanii yeroo barbaadanitti itti fayyadamaniif liifaan afaan boolla cufu. Liifa jechuun midhaan calleeffame jalaa argamu kan irraa firiin baafamuudha. Bara beelaa yookiin oomishni xiqqaa yoo ta'e muka, dhagaafi citaa fa'aa gubbarra kaa'anii dhoqqeen maraganii cufatu. Bara horiin qotanii oomishni milkaa'e faaruu loonii toohaa horaa Oromo Anniyyaatiin akka asii olitti ibsachaa jiru.

**Fakkeenya 21ffaa:** *Cobee guutee okoleellee.*

*Madda kormaa goromsallee.*

*Heyyaa heyyaa.*

(Dabalee D, Obbo Abdukariim Abdulmajiid Aadam Adoolessa 15/2016).

Faaruu loonii olitti kaa'ameen faaruu toohaa horaa Oromoo Anniyyaa keessatti iddoo guddaa qabduudha. Horii keessaa kan horsiisaaf barbaachisu saawwan waan ta'aniif horii jaalatan faarsuun tan jibban arrabsuun illanyaa isaaniiti. Bo'oo lama qaba. Bo'oo 1ffaan 'cobee guutee okoleellee' jechuun saawwan yeroo elman meeshaa aannan itti kuusan okolee ja'amu cobni isaa yeroo guutatti faaruu kanaan faarsuu danda'u. Bo'oo 2ffaan immoo 'madda kormaa goromsallee' jedhu keessatti saawwan waan hundaaf akka maddatti beekkama. Saawwan aannan kennuu dabalatee faayidaan saawwanii salphaa miti, hormaanni sanyiin beeyladootaa akka baay'atuuf maddi kormaafi goromsaa isa ta'uu faaruu loonii toohaa horaa kanaan addeesseera. Walumaagalatti ergaan afwalaloo kanaa horiin horuuf saawwan murteessaa akka ta'eedha.

### 4.2.4. Faaruu Loonii Hawaasummaa Mul'isan

Hawaasni addunyaa bara durii irraa eegalee gamtaan jiraatuu. Faayidaan waliin jiraachuu keessaaa tokko diina jalaa bahuudhaan hariiroo gaariin gaddaafi gammachuu waliin dabarsuu danda'uun gamtaan yeroo jiranitti afaaniin waa faarsuun akka hamileen dalaganiif barbaachiseef. Hawaasni waliin jiru kun beeyladota horsiisuun diinagdee guddisuu jalqaban beeyladota horsiisan kanaas faarsuu eegalan. Faaruu loonii toohaa horaa Oromoo Anniyyaa biratti  haala gaariin kan hojiirraa oolaa jiruudha. Hawaasni Oromoo Anniyyaa faaruu loonii kanaan walqeequu, wal deeggaruu, laafaa jajjabeessuu, namoota horsiisan jibbanitti tuffii mul'isuun akka ofdanda'aniif, safuu eeggatanii jiruuf jireenya akka gaggeeffataniif kan hawaasummaa cimsan faaruu loonii toohaa Oromoo Anniyyaa keessatti dhihaateera. Gama biraatiin faaruu loonii toohaa kana keessatti waliin namaafi horii gidduu akka jirtu yeroo isaan faarsan mar'achuun, sochiin gara faaruun jirutti fiiguun loowwanii hawaasummaan gaarii ta'e dhala nama qofa osoo hintaanee beeyladotaaf barbaachisaa akka argameera. Faaruuwwan armaan gadii xiinxaluun nidanda'ama.

**Fakkeenya 22ffaa:** *Akka algee,*

*Laga Dhuuggoo siituu mayree ol qajeele.*

*Heyyaa heyyaa.*

(Dabalee D, Abdushakuur Saanii Aadam Adoolessa 10/2016).

Faaruu loonii olii keessatti horii jaalatan kana akka algee godhanii fudhachuun faarsuun agarsiisuu danda'ameera. Bo'oo 1ffaan 'akka algee' jechuun hiika dhooksaa kan horiifi muka algee jedhamuu walitti hidhu fayyadamee dhiheesseera. Algeen muka qajeelaa

garmalee dheeraatee bakka fagoofi faayidaa adda addaa namaaf kennuudha. Algee mukni jedhamu kun tajaajila hora yeroo toohan muka hora keessa seenuuf gargaaru algee kanaan walitti hidhama, horii lafeen caphees isuma kanaan waan hidhaniif hora toohuu keessatti faayidaa olaanaa qabdi. Akkasumaas jireenya hawaasaa keessatti mana jieenyaa ijaaruuf baay'ee barbaachisaa ta'uu faaruu kanaan dabalee agarsiisuu danda'eera. Bo'oo 2ffaa keessatti immoo 'laga dhuuggoo siituu mayree ol qajeelee' jedhu keessatti algeen muka olqajeelaa ta'ee osoo kanneen naannoo lagaa garmalee waan ol qajeelee margeef laga isaa dhuuggoo jedhee faarsuun siituu mayree olqajeelee kan jedheef horiin sanyiin isaa tolteef guddina qaamaa, diinagdee keessatti gurgurameefi aannan elmamee bu'aa guddaa argamsiisuu waan danda'eef faarsuun dirqama itti tahee faaruu loonii toohaa horaa Oromoo Anniyyaan ibsateera.

**Fakkeenya 23ffaa:** *Eegee luxuun karkarroodhaa,*
*Saayyoo urgaan dakkarroodha.*
*Heyyaa heyyaa.*

(Dabalee D, Obbo Ahmad Ibrooshee Alii Adoolessa 10/2016)

Faaruu loonii olii keessatti haala horii faarsuun qabeenya ofii itti mararfatan jajjabeessuun bifa faaruu loonii Oromoo Anniyyaa kanaan faarsuu danda'an mul'ateera.

Bo'oo 1ffaa 'eegee luxuun karkarroodhaa' jedhee faarsame keessatti bifa horii miidhagaa ta'e faarsuun kan sanyiin fokkaataa ta'een immoo eegee luxuu jechuun arrabsoon gosa horii gaarii ta'e waliif faarsuun himaa turuu bo'oo kanaan faarseera.

Bo'oo 2ffaa keessatti immoo horii isaanii sanyii gaarii ta'e faarsuun wal booharsaa horii ofii hora obaafatanii nagayaan gargar galaa turan. Faaruu loonii kuniis 'saayyoo urgaan dakkarroodha'. Faaruu kana keessatti saayyoo jechuun saawwan kan bakka bu'ee afwalaloo kana miidhagsuuf tajaajila kennuuf galuu danda'eera. Dakkarroon immoo foolii bareedaa qabu bosona keessatti argamuudha. Dakkarroon muka libaanataaf yookiin ixanaaf ibiddatti naquun foolii manaafi naannoo manaa miidhagsuu danda'uudhaa. Horii isaanii kana waan garmalee jaalatuuf maqaa dakkarroo itti kennee faarfatee jira.

**Fakkeenya 24ffaa:** *Saayyoo saayyoo*
*Hamaa si haa dhoowwu*
*Heyyaa heyyaa.*

(Dabalee D, Obbo Aadam Mahammad Sakootaaf Adoolessa 8/2016).

Faaruu loonii Oromoo Anniyyaa kana olitti ibsame kanaan faaruu loonii kana keessatti eebba loon isaaniif godhuun gara horaa akka deeman faaruun addeesseera. Bo'oo 1ffaa 'saayyoo saayyoo' jechuun faaruun eebbisan saayyoo maqaa gurra namaaf tolu saawwan

bakka buusuun faaricha miidhagsuuf itti dhimma baheera. Gama biroon sa'a kan jedhuus fayyadamuu osoo danda'uu saayyoo jedhuun isaanii jaalala horiif qaban agarsiisuudha. Bo'oo 2ffaa keessatti eebbaan loowwan isaa faarsuun 'hamaa si haa dhoowwu' hamaan bakka adda addaa keessatti namoota safuufi haala Oromoota durii irraa goruun miidhaa adda addaa loowwan irratti raawwataniifi bineensota horii nyaatan yookiin miidhan hundaan bakka tokkotti walitti qabee hamaa si haa dhoowwu jedhuun eebbisee gara horaa safuu eeguun taasifama jedhu manguddoonni afgaaffiin dhihaateef.

**Fakkeenya 25ffaa:** *Kaarruu lafaa seentee bubbeen,*
*Kaarruu intalaa seente gurbeen.*
*Heyyaa heyyaa.*

(Aadde Leeylaa Ahmad Siraac, Dabalee D, Adoolessa 12/2016).

Faaruu loonii armaan olii keessatti hariiroo hawaasummaa cimsuu kanneen faarsaniidha. Faaruun loonii kana yeroo faarsaniitti hiriyoota isaanii keessaa tokko fuudha yookiin gaa'ela ijaarraatte jiraachuu ibsuuf. Bo'oo 1ffaa keessatti 'kaarruu lafaa seente bubbeen' jechuun haalli lafa isaanii qilleensa bubbeen faalamee jiraachuu ittiin ibsateera. Bo'oo 2ffaan immoo 'kaarruu intalaa seente gurbeen' jedhu keessatti kaarruu jechuun akka dubbi dhoksaatti fayyadamnee yoo ilaalle bakka qaama dubaraa agarsiisuuf faaruu looniitiin ibseera. Afwalaloowwan kana keessatti dubbiiwwan dhoksaa jiraniifi haala hawaasni safuu eeguun ergaa waliif dabarsaa jiraachaa jiru.

**Fakkeenya 26ffaa:** *Doobbaan dhufee babbaroodaa,*
*Nahee coraan na hadoodaa*
*Heyyaa heyyaa.*

(Afgaaffii Dabalee D, Mahammaad Aadam Bakar Adoolessa 12/2016).

Faaruu loonii kana olii keessatti bo'oo 1ffaan 'doobbaan dhufee babbaroodaa' jedhu ergaan isaa sagalee dhageesisaa deemuu jechuudha. Doobbaan korma ta'ee kan gaafa qabuudha. Doobbaan biyya isaa keessatti sodaa malee mataa olqabatee ofitti amanamummaan deemuun diina isaa osoo hinsodaatin mirga guutuu akka qabuutti beekuun sabboonummaan jiraachuu jiru. Bo'oo 2ffaan 'nahee coraa na hadoodaa' jedhu keessatti waliif rifateen miirri itti gaarii hintaane yeroo namatti dhaga'amuudha. Akka waliigalatti nama hamilee, abdii, miirri olaantummaa itti dhaga'amu ta'ee jireenya isaa adeemsisaa jiraatuudha.

**Fakkeenya 27ffaa***:* *Maqaan kan kee garaa raasii,*
*Nadhoo hamtuun gargar baasi.*
*Heyyaa heyyaa.*

(Afgaaffii Dabalee D, Mahammaad Aadam Bakar Adoolessa 12/2016).

Faaruu loonii armaan olitti tarreeffaman ergaafi haala duraan ergaa cimaa bo'oo lameen kanaan dabarseera. Bo'oo 1ffaan gaarummaa horii mul'isuuf faaruudhaan miidhagsee akka faarichaan jajjabaataa toohaa horaa dadhabbii malee itti fufan taasisa. Bo'oo 2ffaan 'nadhoo hamtuun gargar baasi'.

Faaruu kana keessatti nadhoon sababa wal dhabdeen loon hormaata tokkoo ta'an fa'a bakka adda addaatti karaa seeraafi manguddoon akka gargar qooddatanii yeroon akkasii dhiheenya kana argamaa waan jirtuuf isa kana ibsuuf 'maqaan kankee garaa raasii nadhoo hamtuun gargar baasi' jechuun ibsachuu danda'eera. Yeroo haadha manaafi abbaan manaa walitti bu'an qabeenya addaan qooduun dhufuu danda'a.

### 4.2.5. Faaruu Loonii Tuffii Mul'isan

Faaruu loonii tuffii mul'isan akka qorannoo kana keessatti dhihaatetti hawaasni horsiisee bulaa namoota hojii horsiisuu tuffatan faaruu loonii toohaa horaa Oromoo Anniyyaa fayyadamuun jallaa isaanii ittiin qajeelchuu, ibsaan, dheekkamsaan akka namoonni horii horsiisuu jajjabeefatan taasisuuf kan faarsaniidha.

**Fakkeenya 28ffaa:** *Loonii abbaan madda jiru haa dhoohanii,*
*Maa dhoorkanii,*
*Loonii abbaan madda jirre maa dhoohanii*
*Haa dhoorkanii.*
*Heyyaa heyyaa.*

(Dabalee D, Obbo Aadam Mahammad Saalii Adoolessa 12fi 16/2016).

Faaruu loonii arman olii keessatti bo'oowwan lameeniin dhiheessee qaaccesseera. Bo'oo 1ffaa 'loonii abbaan madda jiru dhoohanii' yommuu jedhu isa mammaaksa Oromoon 'Hoolaan abbaa gaarii qabdu duma ala kaayee rafa' jechuun horii abbaan hora bu'ee toohuuf akka qabeenya guddaatti waan abbaan beekuuf isaan haa dhoohanii maa dhoorkanii' jechuun dabaree eeguun isaan hinbarbaachisu. Bo'oo 2ffaa 'loonii abbaan madda hinjirre maa dhoohanii haa dhorkanii?' afwalaloo kanaa loonii abbaan bira hinjirre miidhaalee adda addaaf saaxilamu. Isa kana mammaaksaan yommuu ibsinu. 'Teessoo abbaan dagate tuchee sagalii ciniina' Akka afagaaffiin odeef-himtootarrraa fudhateen horiin badee lafa horaa dhaqe balala jedhama garuu, hora obaasan malee dheebisaan hingalchan. Ergaan faaruu kanaa mammaaksaan yeroo ibsan 'hoolaa abbaa gaarii qabu duma ala kaayyatee rafa 'jedhan. Isaan kanarraa wanti hubannu loon abbaa gaarii qabu

akka barbaadetti jireenya qananii keessa jiraachuu danda'a. Horiin abbaa gaarii hinqabne garuu, rakkoolee adda addaa isaan qunnamuu akka danda'u nutti agarsiisa. Gama birootiin danta dhabdummaan jireenya horsiisee bulaa keessatti garmalee balaaleffatamuu isaa agarsiisa. Dhooha loonii jechuun loon dabareen horatti gadi dhiisuu jechuudha. Akka walumaagalatti sadarkaa namoonni irra jiran addaan waan qoodee ibseef tuffii namoota agarsiisuu danda'eera.

**Fakkeenya 29ffaa:** *Yaa elamtuu mucha saayyaa,*

*Dhabdee beenuu taa'i gubbaa boolla qayyaa.*

*Heyyaa heyyaa.*

(Dabalee D, Nuuriyaa Iissaa Abraahim Adoolessa 16/2016)

Faaruu loonii olii keessatti haala ummata Oromoo Anniyyaa faaruu toohaa horaa keessatti dhihaatu gadi fageenyaan xiinxalameera. Bo'oo 1ffaa keessatti 'yaa elamtuu mucha saayyaa' jechuun namoota mucha saawwanii elmaniidha. Muchi loonii akka faarichaan dhihaateen jabbileen qofti luuguu waan qabduuf namoota horiin jalaa xiqqaate immoo aannan jabbileen ittiin guddattu waan jalaa elmanii fixaniif hawaasa naannoo qorannoo sanitti akka gaarummaa hinqabnetti hubatameera. Bo'oo 2ffaa keessatti afwalaloon dhihaate' dhabdee beenuu taa'i gubbaa boolla qayyaa' loon horsiisuu irratti hanqina jibbansa hojii waan qabuuf loon jalaa dhumanii deemi karaa qe'eetti galii boolla qayyaarraa taa'i ittiin jedhanii faaruun agarsiisaa turuu faarichi ragaa guddaadha. Walumaagalatti namoota horii horsiisuu dhiisanii horiin harkaa xiqqaateen yookiin dhumeen faaruu tanaan abaaru. Galumsa barruu keessatti ibsameen 'Boolla Qayyaa' jechuun qaama hormaata dubartiiti. Jaartii malee dalagaa biroo hinqabduu ganduma san keessa deddeemi jechuudha. Arrabsoon akkanaa immoo akka namoonni horii horsiisuu dhiisaanii galanii hiyyummaa keessa hinturreef faaruun cimsanii agarsiisuuf dhimma bahu.

**Fakkeenya 30ffaa:** *Osoo kiyyaa numa dhootaa,*

*Laafaa jabaa gargar footaa.*

*Heyyaa heyyaa.*

(Dabalee D, Aadde Hindiyyaa Muummaad Alii Adoolessa 8/2016).

Faaruu loonii Oromoo Anniyyaa kan toohaa horaa olii kun bo'oowwan lama qaba. Bo'oo 1ffaa 'osoo kiyyaa numa dhootaa' hiikni jecha dhootaa jedhu hayyama argatanii gara bishaan horatti gadhifamuu jechuudha. Akka yaada kiyyatti numa dhugda garuu, abbaan horii laafaa yoo ta'e horii san obaasuu hindanda'u jechuu faaruu loonii kanaan ibsateera. Bo'oo 2ffaa keessatti 'laafaa jabaa gargar footaa' jechuun bo'oo kanaa namoota laafaafi jabaa ta'e addaan baasee horiin namatti agarsiisuu danda'eera. Afwalaloo kana keessatti

tuffii namootaa ittiin addeessuuf faaruu kanaan fayyadamanii ibsuun hojii qonnaa akka jabeessanii hojjataniif faaruun sirreessaa toohaa horaa akka hindadhabne taasisu.

**Fakkeenya 31ffaa:** *Kooraan fardaa cillaayfatee.*
*Jaarsi dolchaa irraanfatee.*
*Heyyaa Heyyaa.*

(Aadde Aashaa Ahmad Umarfi Obbo Kaliif Ahmad Xaahaa Dabalee D, Adoolessa 20/2016).

Faaruu loonii olii kun bo'oo lamaan dhihaate. Bo'oo 1ffaa 'kooraan fardaa cillaayfatee' jedhu keessatti meeshaa fardaa kooraa fakkeessuun namaan walqabsiisuun qeeqanii hanqinoota namoota hora horsiisuu keessatti waan dagatan sirreessuuf faaruu loonii toohaa horaan ibsan. Cillaayfatee jechi jedhu akka aadaa hawaasa horsiisee bultoonni faaruu kana keessatti fayyadamanii cillaayfachuun gar tokkotti duufuu yookiin jaalachuu kan agarsiisuudha. kanaan miira namoota waliin hojjatanii jajjabeessuuf namoota umriin deemte akka isaan onnatanii hojii toohaa horaa keessatti gahee olaanaa taphataniif kan faarfamuudha. Ergaan isa kanaa namoota ittiin jajjabeessuuf faaruu kana fayyadamu. Gama birootiin namoota meeshaalee itti fayyadaman dagatanii bakka hojii deeman ittiin qeequuf ogumatti dhimma bahuu mul'isa. Faayidaa ogumaa keessaa inni murteessaan yaadachiisuuf afwalaloo kanatti dhimma bahu.

**Fakkeenya 32ffaa:** *Yaa hawwisoo boonaan baddee,*
*Buree darbuu maa dadhabdee?*
*Heyyaa heyyaa.*

(Afgaaffii Aadde Leeylaa Ahmad Siraac Dabalee D, Hagayya 15/2016).

Faaruu loonii asii olii kun namoota jibbanna hojii horsiisa loonii qabaniifi tuffii faaruu toohaa horaa qaban ittiin qajeelchuuf faaruu kanatti dhimma bahu. Bo'oo 1ffaa keessatti 'yaa hawwisoo boonaan baddee' jechuun faarichaa namoonni hojii dhiisaanii sirbaafi waan hawwiisaanii jala badaniin hawwisoo jedhanii waamu. Hawwisoon kun hojii horsiisa loonii jibbanii boonuu qofaan hawaasa keessatti akka hojii jibbanitti waan beekkamuuf isaa sirreessuu faaruu kanaan faarsanii waliif dhaamu. Bo'oo 2ffaan immoo 'Buree darbuu maa dadhabdee'? jedhu keessatti bureen meeshaa bishaan horaa itti toohuuf gargaaruudha. Namni buree darbuu dadhabe hawaasa horsiisee bulaa naannoo horaa biratti akka waan danta dhabdummaan ilaalamuu danda'a isa kana itti qajeelchuuf faaruu loonii kanatti fayyadamu. Walumaagalatti faaruun kun akka dubartoonni afgaaffiin dhihaatteef akka jedhanitti torbee hora horii geessuuf qophaa'anitti nyaata humna kennan nyaachisuun

aadaa hawaasni naannoo qorannoon irratti gaggeeffama gaarii ta'uu hubachuun danda'ameera.

### 4.2.6. Faaruu Loonii Eebbaafi Abaarsa Mul'isan

Faaruu loonii toohaa horaa Oromoo Anniyyaa kanneen eebbaafi abaarsan mul'isan hawaasa horsiisee bulaa keessatti qorannoo kanaan akka dhihaatetti hawaasni horsiisee bulaa namoota hojii horsiisuun milkaa'an eebbisuun kanneen horii horsiisuu jibbaan faaruu loonii toohaa horaa Oromoo Anniyyaa fayyadamuun jallaa isaanii abaarsaan sirreessuu, gorsuun aadaafi duudhaa Oromoo baay'eeti. Namoota amala badaa qaban ittiin qajeelchuu, ibsuun, dheekkamuun akka namoonni horii horsiisuun duuba hafummaa akka hintaane faaruu looniitiin kan faarsaniidha.

**Fakkeenya 33ffaa:** *Yaa qolqolee daaraa adii,*
*Loon abaartaa biyyaa badi.*
*Heyyaa heyyaa.*

(Aadde Leeylaa Ahmad Siraac Adoolessa 10/2016).

Faaruu loonii armaan oliirraa wanti hubatamu namoota horii hinqabneefi horii horsiisuu jibbaniin arrabsuuf faaruu loonii toohaa horaa Oromoon Anniyyaa itti fayyadamaniidha. Bo'oo 1ffaan 'yaa qolqolee daaraa adii' jechuun namoota dhadhaa horii fayyadamuu dhabuun qaamni isaanii hanqina nyaataa irraa mul'atuun qolqolee jechuun waamu. Qolqoleen osoo nyaattuu, nyaataa bu'aa loonii ofkeessaa qaban waan qabaniif qaamni isaa akka daaraa fakkaatee jireenya jiraatu isaan kanaan qolqollummaan daaraa goote ittiin jedhu. Bo'oo 2ffaan immoo 'loon abaartaa biyyaa badi' jechuun isaanii hawaasa horsiisee bulaa keessatti loon abaaruun safuu cabsuudha, ilmoo ofii abaaruun addummaa hinqaban. Namni horii jibbu akka nama farra jireenya ummata horsiisee bulaatti waan ilaalamuuf loon eebbisuu malee abaaruun gocha badaadhaan hawaasa keessatti beekkama. Walumaa galatti horii horsiisuun qabeenya guddifachuun waan ta'eef qabeenya abaaruun immoo akka qabeenya tuffachuun gadi aantummaa waan ta'eef namoonni horii abaaraniis ilaalcha horiif qaban sirreeffachuu akka qaban faaruu loonii Oromoo Anniyyaa kanaan dhimma itti bahaa jiraachuu agarsiisa.

**Fakkeenya 34ffaa:** *Akka algee,*
*Laga Dhuuggoo siituu mayree ol qajeele.*
*Heyyaa heyyaa.*

(Dabalee D, Abdushakuur Saanii Aadam Adoolessa 10/2016)

Faaruu loonii olii keessatti horii jaalatan kana akka algee godhanii fudhachuun faarsuun agarsiisuu danda’ameera. Bo’oo 1ffaan ‘akka algee’ jechuun hiika dhooksaa kan horiifi muka algee jedhamu walitti hidhu fayyadamee dhiheesseera. Algeen muka qajeelaa garmalee dheeratee bakka fagoofi faaydaa adda addaa namaaf kennuudha. Algee mukni jedhamu kun tajaajila hora yeroo toohan muka hora keessa seenuuf gargaaru algee kanaan walitti hidhama, horii lafeen caphees isuma kanaan waan hidhaniif hora toohuu keessatti faayidaa olaanaa qabdi. Akkasumaas jireenya hawaasaa keessatti mana jieenyaa ijaaruuf baay’ee barbaachisaa ta’uu faaruu kanaan dabalee agarsiisuu danda’eera. Bo’oo 2ffaa keessatti immoo ‘laga dhuuggoo siituu mayree ol qajeelee’ jedhu keessatti algeen muka olqajeelaa ta’ee osoo kanneen naannoo lagaa garmalee waan ol qajeelee margeef laga isaa dhuuggoo jedhee faarsuun siituu mayree olqajeelee kan jedheef horiin sanyiin isaa tolteef guddina qaamaa qabu, guddina diinagdee keessatti yeroo gurgurameefi aannan elmame bu’aa guddaa argamsiisuu waan danda’eef faarsuun dirqama itti tahee faaruu loonii toohaa horaa Oromoo Anniyyaan ibsachuu danda’an.

**Fakkeenya 35ffaa:** *Saayyoo saayyoo*

*Hamaa si haa dhoowwu*

*Heyyaa heyyaa.*

(Dabalee D, Obbo Aadam Mahammad Sakootaaf Adoolessa 8/2016).

Faaruu loonii kun bakka lamatti dhihaatuu danda’eera. 1ffaa qoqqodama isaaniitiin akka afwalaloo eebbaafi abaarsaatti dhihaateera. 2ffaan immoo akka xiinxala gosa faaruu addaan qooduu keessatti ibsamuu danda’eera. Afwalaloo Oromoo Anniyyaa kana olitti ibsamee kanaan faaruu loonii kana keessatti eebba loon isaaniif godhuun gara horaa akka deeman faaruun addeesseera. Bo’oo 1ffaa ‘saayyoo saayyoo’ jechuun faaruun eebbisan saayyoo maqaa gurra namaaf tolu saawwan bakka buusuun faaricha miidhagsuuf itti dhimma baheera. Gama biroon sa’a kan jedhuus fayyadamuu osoo danda’uu saayyoo jedhuun isaanii jaalala horiif qaban agarsiisuudha. Bo’oo 2ffaa keessatti eebbaan loowwan isaa faarsuun ‘hamaa si haa dhoowwu’ hamaan bakka adda addaa keessatti namoota safuufi haala Oromoota durii irraa goruun miidhaa adda addaa loowwan irraatti raawwataniifi bineensota horii nyaatan miidhan hundaan bakka tokkotti walitti qabee hamaa si haa dhoowwu jedhuun eebbisee gara horaa safuu eeguun taasifama jedhu manguddoonni afgaaffiin dhihaateef.

**Fakkeenya 36ffaa:** *Waarii tantee hoosifattee,*

*Hortee mooraa bal’iffattee.*

*Heyyaa heyyaa.*

(Afgaaffii Dabalee D, Obboo Shukrii Aadam Sa’id Adoolessa 18/2016).

Faaruu loonii Oromoo Anniyyaa faaruu toohaa horaa asii olii keessatti bo’oo lamaafi buufata afwalaloo tokkoon dhihaatee kan jiruudha. Ergaaleen xiinxalaman haala ummatichaa xiyyeeffannoo guddaa keessa galchuun hiikameera. Faaruu loonii keessatti eebba gaggeessuu agarsiifti. Bo’oo 1ffaa ‘waarii tantee hoosifattee’jedhu kun horiin jabbiilee ofii halkan waarii hoosisuufi guyyaa bakka biraa oolanii yeroo galanitti osoo irraa hin elmatiin waatiin akka saffisaan guddataniif gocha raawwatamuudha. Bo’oo 2ffaan immoo ‘hortee mooraa bal’ifattee’ ergaa cimaa eebba ofkeessaa qabduudha. Baay’inni horii akkuma dabalaa deemuun osoo bakka mooraa hinjijjiirre mooraa cinaa tokkoon bal’isanii kaarra isaa akkuma jalqabaatti dhiisaanii gama biroon guddisaa jiruu jireenya horsiisa loonii mo’achuu isaa isaa mooraan daddabalaa deemuu isaa ragaa cimaa ta’ee hawaasa naannoo qorannoon keessatti dalagame afgaaffii kennaniin ibsaniiru.

### 4.2.7. Faaruu Loonii Waliin Dubbii Abbaa Looniifi Loonii Mul’isan

Faayidaa afwalaoo keessaa inni tokko aadaafi seena ummata tokkoo dhalootaa haaraaf dabarsuu akka ta‘e hayyoonni nimirkaneessu. Haaluma kanaan (Bonney,1985:285). Folklore is an educational tools for the trasmission of cultural traditions, values and histories from generation to next jechuun ibsa. Hawaasni Oromoo Anniyyaa seenaa ofii qabu. Akka qorannoon kun ibsutti hawaasni horsiisee bulaa kun waliin dubbii loowwan waliin bo’oowwan faaruu loonii gaditti dhihaatan irraa argachuun nidanda’ama. Deebiin yeroo bifa mar’aan horiirra deebi’uus qorannichaan bira gahameera.

**Fakkeenya 37ffaa:** *Yaa adiwoo adii waatii,*

*Goromsi kee dhale waatii.*

*Heyyaa heyyaa.*

(Afgaaffii Dabalee D, Aadde Faaxumaa Haamid Muummad Hagayya 20/2016)

Faaruu loonii armaan olii keessatti bo’oowwan lamaan dhihaate. Bo’oo 1ffaan ‘yaa adiyoo adii waatii’ yaa adiwoo jechuun isaa akka galumsa gaalee kanatti adiwoon horii badee hinmul’atin adiwoodhaan waamu. Adii waatii jechuun naannoo gammoojjii horsiisee bulaa keessatti horii bifti adii ta’e aduu dandamachuu waan danda’aniif baay’ee filatamaadha. Horiin badee waatii yookiin jabbiilee adii dhalee argamuu isaa namoota ollaatti himuun waliin dubbiin horii isaanii isaan gidduu jiraachuu gaalee kanaan addeesseera. Bo’oon akka yaada faarichaatti horiin adiwootti waatii adii jiraachuufi carraa badee mul’achuu guddaa qabaachuu agarsiisuu isaati. Bo’oo 2ffaan immoo ‘goromsi kee dhale waatii’ as keessatti

wal hormaanni horii walittii fufee jiraachuu akka gammachuu qabu ibsateera. Horii badee argame sun goromsi isaa dabalataan waatii biroo dhalee jira jechuun faaruu loonii toohaa horaa kanaan gabaabinaan lafa kaa'era. Akka waliigalaatti horii masheena hintaane kan hormaata isaa baay'isaa jiru naannoo horaatti faarsuun hormaanni horii aadaa hora dhuguu waliin hariiroo cimaa qabaachuudha.

**Fakkeenya 38ffaa:** *Waytii Areer bulchaa teenyuu,*
*Mar'a tantee waan dhageenyu.*
*Heyyaa heyyaa.*

(Afgaaffii Dabalee D, Obboo Shukrii Aadam Sa'id Hagayyaa 12/2016)

Faaruu loonii Oromoo Anniyyaa faaruu toohaa horaa asii olii keessatti bo'oo lamaafi buufata afwalaloo tokkoon dhihaatee kan jiruudha. Bo'oo 1ffaa 'waytii areer bulchaa teenyuu' jedhu keessatti bulchaan jecha horsiisaa bulaa biratti hiikaa bakka yeroof loon waliin qubatanii yeroo muraasa yookiin ji'a lama (2) hanga afur (4) turaniin bulchaa jedhanii waamu. Gaafa bakka areer jedhamu jirru rakkatee horiin jalaa miidhamaa hinturre jechuu faaruu loonii kanaan ibsateera. Bo'oo 2ffaa keessatti 'mar'a tantee waan dhageenyu' ergaan isa kanaa bakka amma jiraataa jiranitti horiin jalaa miidhamaa jiraachuu ibsuuf, beeyladonni yeroo rakkate sagalee mar'aa dhageessisuun haalli keessa jirru gaarii miti jechuu abbaa horiitti himachuun waliin dubbiin abbaafi horii gidduu jiraachuu faaruu loonii toohaa horaatiin ibsateera.

**Fakkeenya 39ffaa:** *Waabee laffee siituu roobii ciisa dhoowwe,*
*Raammis laffee siitu booyyee ciisa dhoowwee,*
*Foolataan kee oota dhoowwee.*
*Heyyaa heyyaa.*

(Afgaaffii Dabalee D, Obboo Siraac Ahmad Muussaa Adoolessa 12/2016)

Faaruu loonii Oromoo Anniyyaa faaruu toohaa horaa asii olii keessatti bo'oo sadiifi buufata afwalaloo tokkoon kan dhihaateedha. Bo'oo 1ffaan 'waabee laffee siituu roobii ciisa dhoowwe' jechuun horiin isaa bakkeewwan adda addaa keessatti dheedaaf deemuun bineensota bosonaa ciisa dhoorkuu faaruu kanaan ibsaniiru. Laggeen akka Waabee keessatti horii eegaa turuu dhaloota ammaaf dabarsuu danda'aniiru. Bo'oo 2ffaa 'Raammis laffee siituu booyyee ciisa dhoowwee' akka gaalee olii kanatti horiin bosona keessa yaa'anii citaa barbaadanitti bineensa booyyee jedhamu ciisuu sodaachuun horii baqatee yeroo deeman ciisa dhabuun abbbaa horii saniif akka gootummaa guddaatti ilaalamaa jira. Bineensa booyyee jedhamufi roobiin akka amantaa hawaasa naannoo qorannootti bineensota jibbamoodha. Isaan hirriiba yookiin ciisa dhorkuun abbootii horiif boqonnaa

kennuu danda’a. Bo’oo 3ffaa keessatti ‘foolataan kee oota dhoowwee’ jechuun afwalalichaa foolataa jechuun horii dhalaaf ga’een foolate jedhuun. Horiin hora dhugu akka manguddoonni afgaaffiin dhihaateef jedhanitti oota yeroo dhalaa baay’ee hinqaban. Hora obaasuun oota ilmoo irraa xiqqeessuun akka ilmoon nagayaan dhalattuuf faaydaa olaanaa qaba. Kanaaf horaafi horsiisa horii waliin hariiroon guddaan jiraachuu faaruu loonii olitti ibsameen dhihaatera.

**Fakkeenya 40ffaa:** *Doofaan uleen si rukutee,*

*Bakka tantee ana laalatee.*

*Heyyaa heyyaa.*

(Dabalee D, Afgaaffii Obbo Aarif Aadam Ibroo Hagayya 02/2016)

Faaruu loonii armaan olitti kaa’ame faaruu Oromoo Anniyyaa toohaa horaa waliin dubbii horiifi abbaa horii gidduu jiru kan ibsuudha. Bo’oo 1ffaan ‘doofaan uleen si rukutee’ jedhu keessatti doofaan nama horiifi faaydaa horiin qabu jibbuun uleen loon rukutan yookiin tuman ittiin gorsaniidha. Loon faaydaa adda addaa namaaf kennuu danda’an kana doofaan danta dhabeessi horii rukutuun akka diina ilmoo ofii rukututti ilaalama. Bo’oo 2ffaan immoo ‘bakka tantee anaa laalatee’ bo’oon kun ergaa baay’ee ofkeessaa qaba. Bakka horii kanaa bu’anii irraa laalatuu jechuun akka ilaalcha Oromoon horiif rifatuu, nahuufi diina horii isaanii miidhan haala dinqisiisaa ta’een horii hanbifachuuf gatii guddaa kafaluun horiin jiraachuun bu’aa qabatamaafi ilaalchaan mul’atan waliigalaan sirreessuuf faaruu loonii toohaa horaa Oromoo Anniyyaatiin ibsachuun danda’ameera.

## 4.3. Jijjiiramaafi Itti Fufinsa Faaruu Loonii Toohaa Horaa Oromoo Anniyyaa

Jireenyi ogafaanii kan dhugoomu afaan namootaatiin yookiin weeddifamuutiin waan ta’eef, walakkaan isaa yookiin guutummaa guututti adeemsa keessa jijjiiramuu danda’a. Namni ogafaan beeku tokko gaafa namaaf dhiheesse booda yeroo biroo osoo namoota biroof isuma hurruubuuf yaale, akka gaafa duraatti guutummaan guutuutti dhiheessa jechuun hindanda’amu. Kaan irraanfachuu danda’a yookiin haa ta’u jedhee kalaqa haaraa itti dabaluufi bifa caalatti qalbii namoota harkisa jedhetti yaaduun dhiheessuuf yaala, yookiin haalli hurruubichi keessa jiru isa gaafa duraa waliin tokko tahuu waan hindandeenyeef waa itti dabaluu yookaan waa irraa hir’isuu hinoolu. Kun immoo ogafaanicha irratti gama adda addaan jijjiiramni akka uumamu godha. (Alamaayyoo,

Alamituufi kanneen biroo. 2010:85). Seensa Afoolaa Introduction To Folklore Damee Barnoota Afaan Oromoofi Ogbarruu.

Haaluma kanaan namoonni ogafaan nama tokko irraa dhagahan, nama biraaf himuuf yoo jedhan akkasumas jijjiiramni garagaraa uumamaa deema jechuudha. Kun immoo ogafaan irratti jijjiiramni akka mul'atu godha. Amala ogafaanii waan ta'eef, jiijjiirama kana toohachuun hindanda'amu. Kanaaf ogafaan tokkichi bifa (version) garagaraatti mul'achuu kan danda'uuf. Fakkeenyaaf, oduun durii 'Hantuutaafi adurree' jedhu yeroo adda addaafi bakka adda addaatti yeroo himamu (seeneffamu) haala adda addaan seeneffama. Oduma walfakkaatu tokko yeroo adda addaatti bifa garagaraan hurruubanii agarsiisu. Kana jechuun garuu, qabiyyee isaa hunda gadhiisa jechuu miti. Ergaan isaa akkuma jirutti ta'ee, haala ittiin dhihaatutu jijjiirama, qabiyyee keessaa hanga tokko hir'isuu yookaan itti dabaluun dhiheessa jechuudha. Oduu durii wal fakkaatu namoota adda addaa irraa yeroo dhageenyu haalli inni ittiin dhihaatu gama adda addaan kan walfakkaatu hintahu.

Jijjiiramuun faaruu loonii Oromoo Anniyyaa kan toohaa Horaa bakka lamatti addaan qooduun ilaaluu dandeenya. Jijjiirama meeshaalee hora ittiin toohaniifi faaruun jijjjiiramuudha. Bifti faaruuwwan itti jijjiiraman kun afaan biraa makachuufi meeshaaleen aadaa ittiin toohan gara meeshaalee ammayyaatti geeddaramuudha. Bara durii osoo tajaajilli bishaan dhugaatii hinbabal'atin dura hawaasni horsiisee bulaa aanichaa meeshaalee aadaa kanneen akka ciicoo, buree, galoontaa, gaawwaa, dhiilkaafi kkf akka meeshaalee toohaa horaatti itti tajaajilamu turan. Yeroo ammaa immoo meeshaaleen kunneen kanneen biroon bakka bu'anii tajaajila kennaa jiru. Fakkeenyaaf, muree, xaasaa, pilaastikoota adda addaa tajaajila biroof oomishaman fayyadamaa jiru. Gama birootiin iddoon bishaan itti dhugan naanniga jedhamu duraan biyyee supheefi dhagaa irraa harkaan yeroo gabaabaa keessatti abbootiin horii qopheeffataa turan yeroo ammaa immoo mootummaan dhagaa, hashawwaafi simintoon ogeessa ammayyaatiin Injinaraan yookiin Mahandiisa barateen ijaaramaa jira. Akka waliigalatti jijjiiramni dhufe kun gama aadaa laaffisuu, jijjiiruu, ammayyummaa jajjabeessuufi dhabamuu aadaa horaa horsiisa faaruu toohaa Oromoo Anniyyaarratti dhufe tahuu qorannoo kanaan bira gahameera.

**Fakkeenya 41ffaa**: *Akka jaarsaa arrii qabaa.*
*Waan dubbatuu sabrii qabaa.*
*Heyyaa Heyyaa.*

(Dabalee D, Ahmad Hassan Sheekaa Adoolessa 20/2016).

Faaruu loonii bo’oo 1ffaa faaricha olitti tarreeffame keessatti ‘akka jaarsaa arrii qabaa’jechi jijjiirame jira. Bo’oo 2ffaa keessatti jechi ‘sabrii’ jedhu jecha afaan Arabaa irraa kan fudhatameedha. Jecha afaan biroo keessatti argamu tahullee yaa’insa walaloo kanaaf gahee taphateera. Inni kun jijjiiramummaa faaruu loonii toohaa horaa agarsiiseera. Jechi Afaan Oromoo bakka isaa bu’uu ‘obsa’ kan jedhu walaloo kana waliin deemee walalicha miidhagsee wal qabannaa walaloo addeessuu hindanda’u. Ergaan isa kanaa amala tolummaa loonii yookiin horii kan agarsiisuudha. Akka jaarsaa arrii qabaa. Bifa horii yoon ilaalan akkuma jaarsaatti bifa adii, gurraacha, burreefi magaala ta’e kan qabuudha. Jaarsi ummata Oromoofi akkuma addunyaattuu nikabajama. Ummata Oromoo bakkeewwan adda addaa jiraatan biratti dubbiin wal dhabdee jiraattu ‘dubbii tana jaarsoliif kennaa’ jennaan qaamonni lameen waldhabe iftoominaan ofitti fudhata, gammachuun akka dubbiin jaarsaaf kennamte akka furamtu waan beekaniif jechuudha. Sabni Oromoo keessattuu wayyooma yookiin kabajama keessa galchuun jaarsaaf qaban olaanaa ta’uu faaruun calaqqisiiseera.

**Fakkeenya 42ffaa***:* *Harkaan gaawwaa jabeeffadhuu.*
*Gurraan ilmii dhageeffadhuu.*
*Heyyaa Heyyaa.*

(Dabalee D, Aashaa Ahmad Umarfi Kaliif Ahmad Xaahaa Adoolessa 20/2016)

Faaruu loonii olitti kaa’ame bo’oo 2ffaa keessatti jechi ilmii jedhu afaan Arabaatiin tahuus jijjiiramummaa afwalaloo agarsiisuu danda’eera. Akka afwalaloo kanaatti harkaan hojjachaa gurraan ilmii dhaggeeffachuun bu’aa akka qabdu addeesseera. Hiikkaan jecha ‘ilmii’ jedhuu beekkumsa, hubannoo argachaa hojii hora toohuu itti fufuu afwalaloo faaruu loonii kana keessatti harkaan gaawwa jabeeffadhu jechuun harkaafi gurri waliin hirmaachuun akka gocha toohaa horaa keessatti hirmaatan jajjabeessuuf faaruu kanaan dhimma bahaniiru.

**Fakkeenya 43ffaa:** *Akka weennii dulloomaanii*
*Deemanii gadoo gummoolanii.*
*Heyyaa Heyyaa.*

(Dabalee D, Afgaaffii Obboo Ahmad Ibrooshee Adoolessa 8/2016 godhame)

Bo’oo 1ffaa keessatti afwalaloo olii loowwan horsiisan kana akka weennii fakkeessuun itti dubbachuun faaruu toohaa keessatti bifa loon isaanii namoota yookiin jamaa isaaniitti faarichaan dabaluun ibsan.

Bo’oo 2ffaa keessatti immoo haala deemicha loowwan isaanii faaruun dabaluun agarsiisan. Jijjiiramichi faaruu kana keessattti argame jecha ‘gummoolanii’ jedhu yoo ta’u jechi kun

kan agarsiisu, gadi jedhanii akka waan diina ofii dhokataaa jiranitti deemaa jiraachuu isaanii gummoolanii jechuun ibsaa turan. Jechi jijjiirame itti fayyadamaa jiran kun faaruu kanaan ala tajaajila biroo kennaa akka hinjirreedha.

**Fakkeenya 44ffaa:** *Abbaa koo Abaabiyyee*
*Ababni kee nyaate biyyee.*
*Heyyaa Heyyaa.*

Faaruu loonii toohaa horaa olitti dhihaate bo'oo lamaan ibsame keessatti, bo'oo 1ffaa keessatti horii isaatiin 'abbaa koo'jechuun jaalala Oromoon horiif qabu, akka ilmoo isaatti ilaaluuf ragaa guddaadha.

Bo'oo 2ffaa keessatti immoo jecha afaan biroo itti makuun jecha 'ababa' jedhu nyaata yookiin soorata eegaluu kan agarsiisuudha. Biyyeen horiin nyaataanis akka galumsatti biyyee hayaa kan soogidda ofkeessaa qabdu geejjibanii jabbiileef galchuun nyaachisaniidha. Horii isaanii waliin akka dubbachuu fakkeessuun jabbiileen dhiheenya dhalatanillee biyyeetti ababuu nyaata eegaluu jamaa isaaniif calaqqisuu afwalaloo kanaan addeessuu danda'eera.

**Fakkeenya 45ffaa:** *Obbol gandoo mandara koo.*
*Haadha ilmaa hangafa koo.*
*Heyyaa Heyyaa.*

(Dabalee D, Aadde Nuuriyaa Abdallaahi Ahmad Waxabajjii 20/2016)

Faaruu loonii kana keessatti jaalala haadha manaa ofii waliin hariiroo gaariin jiraachuufi daran akka ishee gammaddee jiraattu taasisuu danda'a.

Bo'oo 1ffaa keessatti obbol gandoo mandara koo, jechuun obboleessa ollaa isaa jiru jechuun faaruun agarsiisuun waljajjeessuun hamileen akka eeggamtuuf faayidaa hamileefi hawaasummaa cimsuun mul'ateera. Faaruun kun namoota naannoo horaa jiran hunda obboleessa jechuun hariiroo gaariin jiraachuu addeesseera. Gama birootiin immoo jechi 'mandara' jijjiiramummaa faaruun waan mul'isuuf amaloota afwalaloon turtii yeroo dheeraa booda gara afaan birootti jijjiiramuun isaa hariiroo afaanonni waliin jireenya hawaasaa keessatti agarsiisan.

Bo'oo 2ffaan 'haadha ilmaa hangafa koo' jechuun addatti haadha manaa yoomeessa san keessatti kaasuun isaa hariiroo gaariin haadha manaafi isa gidduu jiraachuu ibsate. Faaruu loonii kana keessatti haati warraa yeroo ofdhageesse iddoo horaa dhaquun akka hamilee dubartootaaf kennu taasisuu danda'eera.

**Fakkeenya 46ffaa:** *Hayyuuna koo*
*Hayyuu jechuun warra gaalaa.*

*Loonii goseen wal dabalaa.*
*Heyyaa Heyyaa.*
(Dabalee D, Obboo Siraac Ahmad Muussaa Waxabajjii 20/2016)

Faaruu loonii olii keessatti hayyuuna koo hayyuu jechuun warra gaalaa jedhu keessatti inni hiikaafi galumsi bo'oo 1ffaa afwalaloo kanaa guutumaan jijjiiramuu danda'eera. Sababni jijjiiramuuf dirqamees warra gaala horsiisu yookiin qabeenyaaf horsiisa gaalaan jiraatu qofaaf hayyuu kennuun yaada isaa guututti jijjiiramummaaf saaxileera. Haalli itti afwalalichi dhihaate olaantummaa garee horsiisa beeylada keessaa gaala qofa waan jajjeebbessuu hamilee hawaasa horsiisee bulaa beeyladota biroofi qonnaan bulaas miidhuu waan danda'uuf hiikaan isaa dogoggoraa qabaachuu qorannoon kanaan manguddoon

**Fakkeenya 47ffaa:** *Duulli duulee dhawaatessee,*
*Hayyuun dubbii ayaatessee.*
*Heyyaa heyyaa.*
(Dabalee D, Faaxumaa Haamid Muummad Waxabajjii 20/2016).

Faaruu loonii oliin jijjjiiramummaa afaanii afwalaloo kana miidhagsuuf galee tajaajila afaan biroo bakka buusuu danda'eera.

Bo'oo 1ffaa keessatti duulli duulee dhawaateessee jechuun ergaan isaa bal'aa ta'e kanneen akka yeroo duulaaf deeman dhawaataan yookiin tarreen deemuu agarsiisuudha. Wal duraa duubaa eeganii diina isaanii ofirraa ittisuuf haala gaariin tokkummaan qabsoon gara fuulduraa deemuu isaanii faaruu looniitiin fayyadamanii addeessaa jiru. Faaruun loonii bo'oo 2ffaan immoo 'hayyuun dubbii ayaatessee.' Jechuun ergaan afwalalichaa afaan Arabaa fayyadamee faarsuus ergaa isaa jijjiiruu hindandeenye, hawaasni sababa amantiin afaan biroo afaan ofitti makanii dubbachuufi faarsuun jecha 'ayaatessee'jedhu hayyuun dubbii sirreesse jechuu kan bakka bu'ee tajaajila jijjiiramummaa afwalaloon tokko saaxilamuu isaa agarsiisuu danda'eera.

# 5. GOOLABA, ARGANNOOWWANFI YABOO

Kutaan kun kutaa yaadni waliigalaa qorannoo kanaa gabaabinaan itti cuunfamee kaa'ameedha. Dabalataanis, ka'umsi qorannichaa, kaayyoofi gaaffileen bu'uura qorannichaa wal unatanii irra geesseen tokko uumamee iddoo itti dhiyaateedha. Kuniis, hojii qorannoo kana keessatti qorataan xiinxala ragaalee taasiseen booda argannoo irra gaheefi yaada furmaataa ta'uu kan danda'u qaamolee murteessoof gahee kan keessatti kenneedha. Haaluma kanaan, boqonnaa kana jalatti goolaba, argannoofi yaboo wal duraa duubaan dhihaataniiru.

## 5.1. Goolaba

Faaruun loonii toohaa horaa Oromoo Anniyyaa afwalaloo afaaniin daddarbaa dhaloota har'aatti dhufeedha. Faaruu loonii toohaa horaa Oromoo Anniyyaa Godina Harargee Bahaa Aanaa Gola Odaatti kan adeemsifameedha. Akkaataan jalqabbii safuu naannoo horaa yoo ilaalle faaruun kun kan ummata horsiisee bulaa Oromoo biratti baroota dheeraaf tureera. Ummanni Oromoo afwalalootti fayyadamuudhaan duudhaafi safuu, aadaafi hawaasummaa fi siyaasa bara keessa jiranii ittiin calaqqisiisuu danada'u. Gosoota afwalaoo ummatichi itti fayyadamu keessaa isa tokkoodha. Faaruuwwan keessaa immoo, faaruun loonii isa ijoo hawaasa horsiisee bulaa Oromoo biratti beekkamtuudha. Kaayyoon qorannoo kanaas qabiyyee faaruu loonii toohaa horaa Oromoo Anniyyaa maal fakkaatu qaaccessuudha.

Qorannoo kana keessatti, faaruun loonii hawaasa Oromoo Anniyyaa sirnoota ittiin faarfamuufi qabiyyee akkamii akka ofkeessaa qabu adda baheera, akkasumas faaruun loonii kun yeroo ammaa sadarkaa maal irra akka jiru qorannoo kanaan adda baasee jira. Qabiyyeen afwalaloo faaruu loonii toohaa Oromoo Anniyyaa ergaaleefi ifaafi dhokataa ta'een kan beekkaman kanneen taasisan jechoota filatamoo, jechamoota ergaa cimaa qaban, dubbiiwwan qolaa gosa adda addaa keessatti argamaniiru.
Dimshaashumatti faaruun loonii toohaa horaa Oromoo Anniyyaa wanti afoola biroorra adda taasisu qaba. Yeroo faaruun faarfamtu horiin sagalee gurratti tolu wayta dhagahanitti mar'achuun deebisaa kennuun adda taasisuu danda'eera. Jamaan immoo, warri jalaa qabaniis akkaatuma faaruun daddabalaa deemuun faaruu ho'isaa yeroo horiin hundi dhugetti warri hora toohaa jiruufi faaruu jalaa qabaniis suuta jechaa dheeratee? Yeroo ja'an sorreey. Sorreey jechuun immoo akka eeyyeen hundi dhugan jechuu isaaniiti.

## 5.2. Argannoowwan

Akka argannoo qorannichaatiin muldhiseetti, Oromoon Anniyyaa adeemsa faaruu loonii ittiin faarsan qabu. Sirna faaruu loonii warri dhiiraa gamtaan faarfataniifi dubartoonni ililbeen hamilee jajjabeessan akka ta'e ragaan qaacceffame nimuldhisa. Akkuma yaada barreeffameefi cuunfaa odeef-kennitootarraa walitti qabamee xiinxalameen faaruun loonii toohaa horaa Oromoo Anniyyaa irraa hubatamuu danda'ametti argannoolee armaan gadii argamaniiru.

- Faaruu loonii toohaa horaa Oromoo Anniyyaa afwalaloo afaaniin ibsamuufi gochoota akka wal jalaa qabuu, toohee walirraa fuudhuun gochoota raawwatamu ta'ee, aadaa Oromoo Anniyyaa keessatti kan faaruu loonii kana faarsan warra dhiirootaafi dubartootaan ta'uu isaa qorannoo kanaan mirkaanaa'eera.
- Qabiyyeewwan faaruun loonii toohaa horaa Oromoo Anniyyaatiin dhihaate kanneen akka siyaasaa, hawaasummaa, diinagdee guddisuu, tuffii mul'isaniifi waliin horiifi abbootii gidduu jiraachuu agarsiisan haala horsiisee bultoota naannichaa biratti aadaan dhoksaan hafuura baafachuu jiraachuufi fuulduraaf kan hawaasa waliin jiraatu ta'uun barameera.
- Gama biraatiin immoo sababa guddina ammayyummaa fakkaatuun kanneen akka: amantiilee, jijjiirama teeknoloojii, haala jireenya horsiisee bultoota ammaa irraa kan ka'e dhaloonni haarayni loon faarsuu qaanfachuu, meeshaaleen ittiin toohan jijjiiramuun dhaloota heegereef aadaa bareedaa kana dabarsaa akka hinjirre, akka duuba hafummatti lakkaa'amaa turuuniifi afaanota biroorra jechoota adda addaa keessa makanii jijjiiramaa jiraachuun adda baheera.
  - Walumaagalatti, Oromoon Anniyyaa afwalaloo faaruu looniitti jaalala, abdii, guddina adda addaa gama siyaasaa, aadaa, safuufi kabaja namoonni horii horsiisaniif qaban akka ilmoo ofitti lakkaa'anii kan kunuunsan ta'uun odeef-kennitootaafi faaruuwwan dhihaatan irraa qorachuun danda'ameera.

## 5.3. Yaboo

Adeemsa dalagaalee qorannoo keessatti faaruu loonii toohaa horaa Oromoo Anniyyaa akkaataa kamiin akka qaaccessinu ilaaluun qoratameera. Kuniis duudhaa naannoo horaatti jiru sana kunuunsanii dhalootaaf dabarsuurratti gufuuwwan garagaraa akka qunnamaniidha.

Haaluma kanaan argannoowwan qorannichaan adda bahan kanneen irratti hundaa'uun haala waliigalaan safeeffannaa faaruu loonii toohaa horaa Oromoo Anniyyaa irratti yaada furmaataa qorataan kenname isaan gaditti tarreeffaman kanneeni:

- ❖ Faaruu loonii toohaa horaa Oromoo Anniyyaa afwalaloo afaaniin ibsamuufi gochoota akka wal jalaa qabuu, toohee walirraa fuudhuun gochoota raawwatamu ta'ee, aadaa Oromoo Anniyyaa keessatti kan faaruu loonii kana faarsan warra dhiirootaafi dubartootaan ta'ee osoo jiruu qaamonni dhimmi ilaalu dhalootaaf dabarsanii gaariidha.
- ❖ Qabeenya hawaasaa kan qabiyyeewwan faaruu loonii toohaa horaa Oromoo Anniyyaatiin dhihaate kanneen akka siyaasaa, hawaasummaa, diinagdee guddisuu, tuffii mul'isaniifi waliin dubbii horiifi abbootii gidduu jiraachuu agarsiisan haala horsiisee bultoota naannichaa biratti aadaan dhoksaan hafuura baafachuu jiraachuufi fuulduraaf kan hawaasa waliin jiraatu ta'e kana hawaasni biroo akka itti dhimma bahu osoo taasisanii baay'essa.
- ❖ Sababa guddina ammayyummaa fakkaatuun kanneen akka: amantiilee, jijjiirama teeknoloojii, haala jireenya horsiisee bultoota ammaa irraa kan ka'e dhaloonni haarayni loon faarsuu qaanfachuu, meeshaaleen ittiin toohan jijjiiramuun dhaloota heegereef aadaa bareedaa kana dabarsaa akka hinjirre, akka duubatti hafummatti lakkaa'amaa turuuniifi afaanota biroorra jechoota adda addaa keessa makanii jijjiiramaa jiraachuun afwalaloo kana dadhabsiisuu waan danda'uuf Waajjirri Aadaafi Tuurizimii sadarkaan jiran aadaa hawaasaa kana akka hinjijjiiramneef tattaaffii osoo godhanii gaariidha.
    - ➢ Rakkoolee olitti eeramaniifi furmaanni kenname hundi osoo hojirra oolee sirna barnootaafi guddina aadaa, seenaa, siyaasa, duudhaafi eenyummaa saba kanaa mataa olqabuun nidanda'ama.

## Wabiilee

Abdulshakuur Ahimadfi Alamuu Disaasaa. (PhD). 2021. Xiinxala Qabiyyee Faaruu Loonii Hawaasa Oromoo Booranaa, Yuunivarsiitii Arsiifi Yuunivarsiitii Saayinsiifi Teeknoloojii Adaamaa.

Addunyaa Barkeessaa. 2011. Akkamtaa: Yaadrimee Qorannoo Hujoo Finfinnee.

Agu, D. C. C. 1989. The Influence of Technology on Music Creativity and Performance in Present day Nigeria. Joseph E.Nnadi (Ed) *Humanities in Contemporary Nigerian Education, Relevance and Methodological Options.* A Publication of the College of Education Eha-Amufu.

Alamaayyoo *et al*. 2010. Seensa Afoolaa Introduction to Folklore Damee Barnoota Afaan Oromoofi Ogbarruu.

Alamaayyoo Faqqadaa et al. 2010. Seensa Afoolaa Introduction to Folklore Damee Barnoota Afaan Oromoofi Ogbarruu Yuunivarsitii Jimmaa.

Alamaayyoo Hayilee *et al*. 2006. Seenaa Oromoo Hanga Jaarraa 16ffaa.

Asafaa Tafarraa. 2009. Eelaa: Seenaa Oguma Oromoo. Finfinnee, Oromia.

Ashenafi Belay and Eba Teresa. 2017. The Poetics of Oromo Blessing Expressions: A Stylistic Analysis of a Verbal Art Genre. *Assistant Professor, Department of English Language and Literature*, Jimma University, Jimma, Ethiopia 2017, Volume 32.

Asmarom Legesse. 1973. Gada: Three Approaches to the Study of African Society, (New York: The Free Press.

Asteer Gannoofi Onismoos Nasiib. 1884. Barsiisaa Jalqabaa.

Bascom William R. 1954. Four Functions of Folklore. The Journal of American Folklore Society. Available online: www.Jstor.org/stable/.

Bayyanaa Laggasaa. 2008/2016. Xiinxala Yoomessaafi Qabiyyeewwan Faaruu Loonii, Ummata Oromoo Godina Baalee Aanaa Laga Hidhaa Keessatti Waraqaa digrii Lammaffaa Yuunivarsitii Finfinnee.

Birhaanuu Mathiwos. 2009. Fundamentals of Literature. Delhi-32, Abhishek Publications.

Bukenya A. (1994). Understanding Oral Literature. Nairobi: Nairobi University Press.

Cheek J. 2004. At the margins? Discourse analysis and Qualitative Research. Qualitative Health Research,

Clandinin. D.J. 2007. Handbook of narrative inquiry: Mapping a Methodology.Thousand Oaks, CA: Sage.

Creswell J.W. 2013. Qualitative Inquiry and Research Design: Choosing Among Five Approaches (3rd ed.). Thousand Oaks CA: Sage.

Creswell J.W. 2014. Research Design: Qualitative and Mixed Method Approaches. (4th nded). Thousand Oaks, CA: Sage Publisher.

Dammituu Aagaa Lamuu. 2019. Xiinxala Qabiyyee Af-Walaloo Geerarsa Oromoo Maccaa: Godina Wallagga Lixaa Aanaa Boojji Dirmajii Yuunivarsiitii Finfinnee.

Dastaa Dassaaleny. 2013. Bu'uura Qorannoo Addis Ababa. Far East Trading PLC.

Dundes Allen. 1965. The Study of Folklore Berkely: Prentice Hall. (Maxxansa 2ffaa) D.G printing and Publishing Enterprise Finfinnee.

E. 1986. Folk Group and Folk Genres Introduction. Logan UT: Utah State University Press

Filee Jaallataa. 2016. Beekumtaa Oromoo. Finfinnee: Mana Maxxansaa Raajii.

Finnegan R. 1970. Oral literature in Africa Kenya. Oxford University press.

Finnegan R. 1976. Oral Literature in Africa. Oxford: Oxford University Press. Folklore Society URL

Fiqaaduu Birruu. 2007. Qacceessa Qabiyyee Mammaaksa Oromoo, Ijoolleefi Ijoollummaa'. MA Thesis Yuunvarsiitii Addis Ababa (Kan hinmaxxanfamiin).

Gammachuu Magarsaa Ruudaa (PhD). 2011. http://www.Youtube.obn.com.Sagantaa Ana haadhufuurratti. As dhuftee Oromoo

Gammachuu Magarsaa Ruudaa (PhD). 1993. Knowledge, Identity the Colonizing Structure: The Case of the Oromo in East Africa and North East Africa.

Gemetchu M. 1994. Identity, Knowledge and the Colonizing Structure. Ph.D. Dissertation, University of London, School of Oriental and African Studies.

Georges R.A and Jones, M.A. 1995. Folkloristics: An Introduction Bloomigton and Indian Polis. Indiana University Press.

Geremew Chala Teresa and Hunduma Dagim Raga. 2018. Oromo Oral Literature for Environment al Convervation: A Study of Selected Folksongs in East and West Hararghe Zones.

Getu Degu and Tegbar Yigzaw. 2006. In Collaboration with the Ethiopian Public Health Training Initiative, The Carter Center, the Ethiopian Ministry Of Health, and the Ethiopia Ministry of Education: Gondar University.

Gonfaa Tuggee Gaajoo. 2016. Xiinxala Qabiyyeefi Bifiyyee Mammaaksota Oromoo Gorsa Eeyyantaa Namaa Kennuuf Oolan: Haala Aanaa Qarsaa Maallimaa, Godina Shawaa Kibba Lixaa, Yuunivarsiitii Finfinnee.

Hayiluu Hundee. 2016. Xiinxala Adeemsa SIRNA gaa'elaa Oromoo Shawaa Lixaa, Aanaa Jalduu (Waraqaa Qorannoo Digrii lammaffaa, Yuunvarsiitii Addis Ababa).

Hinseenee Makuriyaa. 2010. Gaachana Kormaa. Addis Addis Ababa: Printed by Far East Plc.

Ibekwe, E. U. 2010. Musicians and the Philosophical Dimension of African man. *Awka Journal of Research in Music and the Arts.* Department of Music, Nnamdi Azikiwe University, Awka.

Ibekwe, E. U. 2012. (B) Children's Early Exposure to Folk music: An Approach Towards Achieving Good Governance. A. B. C. Chiegboka, T. C. Uto-Ezeajugh, E. U.

Ibekwe, C.C.Nwosu, N. C. Oguno, and K. L. Nwadialor 2012. (A) *The Humanities and Good Governance.* Nimo: Rex Charles and Patrick Ltd.

Jeylan W.Hussein. 2005. The Functions of Afrcan Oral Arts: The Arsi-Oromo Oral Arts in Focus Faculty of Education, Alemaya University, African Study Monographs.

Kemmis, S. and Wilkinson, M. 1998. Participatory Action Research and the Study of Practice. In B. Atweh, S. Kemmis, and P. Weeks (Eds.), Action Research in Practice: Partnerships for Social Justice in Education. New York: Routledge.

Kendii X.J. & Danaa G. 2005. An Introduction to Fiction, Poetry and Drama Newyork. Pearson

Livingston & Myra C. 1991. Poem Making Ways: Ways to Beging writing poetry.Newyork: A Charlotte Zolotow Book, an Imprint of Harper Collins Publishers.

Mangesha Riqitu. 1970. Oromo Folktales. England: London University Press.

Marshall, C.and Rossman G. B. 2011. Designing qualitative research (5th ed.).Thousand Oaks, CA: Sage.

Meider, W. 1997. The Politics of Proverbs from Traditional Wisdam to Proverb Steres Types, the University Misconsia Press.

Melakneh Mangistu. 2006. Fundamental of Literature. Addis Ababa: Addis Ababa University.

Milkessa Edae et al. 2017. Hora and Cattle Owners of Maccaa Oromo in Ethiopia: an Analysis from Folkloric Perspective http://ijmmu.comeditor@ijmmu.com ISSN2364-5369 Volume 4 Issue 4 August 2017.

Neuman, L.W. 2007. Basic Social Research: Qualitative and Quantitative Approaches (2nd ed.) Bost peason Edu. Cailiral IC.

Ogbalu, U. J. 2011. Appreciation of Igbo Folklores and Songs Versus Realism. *Ujah, UNIZIK Journal of Arts and Humanities*, (12).

Okpewho. 1992. African Oral Literature: Backgrounds, Characters, and Continuity. Bloomington and Indiana Polis: Indiana University Press. Oring,

Pink. S. 2001. Doing Visual Ethnography. Thousand Oaks, CA: Sage.

Rabbirraa Tafarraa. 2009. Gadaa Finfinnee Oromiyaa.

Richard, Dorson. 1972. *Folklore and Falklife: An Introd*uction. Chicago and London University Press.

Ruth Finnegan. 2012. Oral Literature in Africa. Cambridge, UK: Open Book Publishers, 2012. http:// dx.doi.org/10.11647/OBP.0025 I

Sims and Stephen. 2005. Living Foklore: An Introduction to study of People on their Traditions. Logan Utah .Utah state University press.

Sims, Marths C and Stephins, Martins. 2011. Living Folklore: An Introduction the Study of People and Their Culture (Second Edition). LOGAN UTAH; Utah University Press

Sumner, Cloude. 1996. Oromo Wisdom Literature (volume III) Folktales Collections and Analysis. Addis Ababa: Gudina Tumsa Foundations.

Sumner, Clude. 1996. Proverbs, Falktales (An Anthology of Oromo literature) Gudina Tumsa Foundation AA Centeral Printing Press.

Tafarii Ayyaanaa. 2004. Afaan Oromoo New Systematic Books Series. Addis Ababa: Aster Nega Publishing Enterprise.

Tesch, R. 1990. Qualitative Research: Analysis Types and Software Tools. New York: Falmer.

Univarsity of Chicago Press.

Wolcott, H. T. 2009. Writing up Qualitative Research (3rd ed.). Thousand Oaks, CA: Sage.

Workineh K. 2001. Traditional Oromo Attitudes Towards the Environment: An Argument for Environmentally sound Development.

## Faaruu Loonii Osoo Hinqaacceeffamin Hafan

**Afgaaffii Hawaasaaf Dhiyaatan Yeroo adda addaa sassaabaman**

**Fakkeenyawwan Tarreeffaman**

1) **Fakkeenya** Yaa Killiyyaa killa bunaa.
   Abbee lolee akkam taana?
   Heyyaa heyyaa.
2) **Fakkeenya** Gurbaa Saayyoo beela dhoowwu
   Ganda ambaa dhaqu hinbulu.
   Heyyaa heyyaa.
3) **Fakkeenya** Eessa roobee lolaan dhufee.
   Hormaanni kee raadaan dhufee.
   Heyyaa heyyaa.
4) **Fakkeenya** Raaga dhaqee deega hingalu
   Heyyaa heyyaa.
5) **Fakkeenya** Yaa qululloo eegee hiddaa.
   Waytii dhufaa maal naa fiddaa?
   Heyyaa heyyaa.
6) **Fakkeenya** Adda gaarree dudduguuydee,
   Daammii ilmoon mucha luuydee.
   Heyyaa heyyaa.
7) **Fakkeenya** Adda gaarree saalaa mulluu.
   Warri diidaa as hinbulluu.
   Heyyaa heyyaa.
8) **Fakkeenya** Adda gaarree babbalaccuu.
   Mijjaa waliin nu haa tolchuu.
   Heyyaa heyyaa.
9) **Fakkeenya** Areer roobee lollolaasee,
   Bulchaa teenyee guba dheenna.
   Rabbii guddaan nu badhaasee.
   Heyyaa heyyaa.
10) **Fakkeenya** Balala waa hinhaleelanii.
   Bakka si dhaabu waa hinbeekanii.
   Heyyaa heyyaa.

11) **Fakkeenya** Naanniga kee qulqulleessee

Koottuu dhugii toohee gubbaan si balaysee.

Heyyaa heyyaa.

12) **Fakkeenya** Warri loonii bariin ka’ee

Saawwan tiksuuf karra bane.

Heyyaa heyyaa.

13) **Fakkeenya** Warri loonii jiidhaa suufaa

Kaarra banee malkaa buusa.

Heyyaa heyyaa.

14) **Fakkeenya** Adda gaarree babbalaccuu

Sanyiin tantee sirraa haamayruu.

Heyyaa heyyaa.

15) **Fakkeenya** Tiiysituun tee qaqallanii,

Galaa bobbaa si faarsanii.

Heyyaa heyyaa.

16) **Fakkeenya** Faaruun loonii gurraaf faaya

Si hin arrabsuu anuu hayaa.

Heyyaa heyyaa.

17) **Fakkeenya** Siin uuddi too taate qarree,

Abshiir aabboo waa hindaganne.

Heyyaa heyyaa.

18) **Fakkeenya** Gurraacha koo

Gurraacha loon areeranii.

Loon wallaaltuu wareeranii.

Heyyaa heyyaa.

19) **Fakkeenya** Qaxxaamurri faanti yaatee.

Akka aayyoo an si yaadee.

Heyyaa heyyaa.

20) **Fakkeenya** Filindisoo umna galee.
Halkan guunnaan waarii galee.

Dullachi kee taadhii dhalee.

Goromsi kee gaanan galee.

Heyyaa heyyaa.

21) **Fakkeenya** Funyaan fiiquu boruu baatee.

Goobnaan qorkeen kormaan aatee.

Heyyaa heyyaa.

22) **Fakkeenya** Yaa jilbibbii jilba kuulaa.

Abbootiin tee dhiira duulaa.

Heyyaa heyyaa.

23) **Fakkeenya** Adilee koo adii lawwee

Boonaa je'ee bite qawwee.

Heyyaa heyyaa.

24) **Fakkeenya** Yaa kuula koo kuulli ijaan si marsitee.

Kuullee gurbeen si marsitee.

Heyyaa heyyaa.

25) **Fakkeenya** Hogguu hogguu iyyuun fedhee.

Waan iyyuufuu naa nagayaa.

Nagayaafiin iyyuu dhabee.

Beellama kee ooluu dhabee.

Heyyaa heyyaa.

26) **Fakkeenya** Eegaan siqee madda gahee.

Dhabsiitullee sheenaa bahee.

Heyyaa heyyaa.

27) **Fakkeenya** Aduun dhiitee kophee kaayyuu.

Adii warraa naa fidadhuu.

Kophaan galtuu.

Heyyaa heyyaa.

28) **Fakkeenya** Keenya sangaan jifuu galaa.

Jifuu galaan waan lolanii.

Loon malee waan hintolanii.

Heyyaa heyyaa.

29) **Fakkeenya** Akka allaattii haadha liibee.

Kee foolataan oota dhiibee.

Heyyaa heyyaa.

30) **Fakkeenya** Walii waldoo baaduu mannaa.

Loon hadiyyoo oole wayyaa.

Heyyaa heyyaa.

# Dabaleewwan

Dabalee A
**Afgaaffii**

**YUUNIVARSIITII HARAMAAYAA KOOLLEJJII SAAYINSII HAWAASAAFI NAMUMMAA MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGUMAAFI QUNNAMTII**

## Meeshaalee Funaansa Ragaalee

Yaadachiisa: gaaffilee isin gaafataman hundi isaanii bifa iccitii qorannoo eeggateen, akkasumaas suuraaleen isin kaasnuufi waraabbiin taasisnu qorannoo kana qofaaf kan oolchinuudha. Suuraafi waraabbii suursagaleef dhiifama isin gaafanna. Na ofkalchaa!! QORATAAN: **Ibraahim Mahammad Aadam**

## 1. Gaafatamaa Afgaaffii

1. **Loog Fireemii Afgaafii (Interview Log Frame) qopheessuu.**
2. **Gartuu (Identifier):** afc 2012034_00483
3. **Mata Duree (Title)** : **Horaa Horsiisa**: **Faaruu Loonii Toohaa Horaa Oromoo Anniyyaa** irratti gaaffiifi deebii gaggeeffame.
4. **Maqaa (Name)**: Kan Gaafate Barataa Ibraahim , Kan Gaafatamaan ________________.
5. **Bakka (Place)** : Harargee Bahaa Aanaa Gola Odaa, Waajjira Aadaafi Turiizimii Aanaa Gola Odaa
6. **Guyyaa (Date) Caamsaa hanga Hagayyaa bara 2016tti**
7. **Afaan (Language):** Afaan Oromoo
8. **Uunkaawwan (Formats)** : (1 audio file, digital, WAV (4:45 min.); 1 video file, digital, sound, color, mpeg4 (4:45 min.)) First Edited

## 1. Afgaaffiif

**A. Gochaawwan faaruu loonii toohaa horaa Oromoo Anniyyaa maal fakkaata?**

1. Gochaawwan yeroo toohan dalagan maal fa'a?
2. Namoonni hora toohaniifi loon faarsan tokko moo adda adda?
3. Namoonni hora toohan maqaa niqabuu?
4. Horsiifatee bulaa ta'ee kanneen horii faarsuus hora hingeessineen jechoonni yookiin faaruun wanti ja'amu jiraa?

**B. Qabiyyeewwan faaruu loonii toohaa horaa Oromoo Anniyyaa kam fa'i?**

1. Faaruun loonii Toohaa Horaa kanneen Siyaasaa agarsiisan jiruu?
2. Faaruun loonii Toohaa Horaa kanneen diinagdee guddisuuf faarsan jiruu?
3. Faaruun loonii Toohaa Horaa kanneen tuffii nama hojii jibbuun ja'an jiruu?
4. Faaruun loonii Toohaa Horaa kanneen hawaasummaa cimsan jiruu?
5. Faaruun loonii Toohaa Horaa kanneen danta dhabdummaa agarsiisan jiruu?
6. Faaruun loonii Toohaa Horaa kanneen jaalala horiif ykn dubartootaaf qaban faarsan jiruu?
7. Faaruun loonii Toohaa Horaa kanneen waliin dubbii horiifi abbaa horii faarsan jiruu?
8. Faaruun loonii Toohaa Horaa kanneen tokkummaa agarsiisan jiruu?
9. Faaruun loonii Toohaa Horaa kanneen horsiisuun hojii caalmaa ta'uu agarsiisan jiruu?
10. Faaruun loonii Toohaa Horaa kanneen Seenaa himan jiruu?

## C. Jijjiiramummaan faaruu loonii toohaa horaa Oromoo Anniyyaa keessa jiru maal fa'a?

1. Jijjiiramni faaruu loonii toohaa horaa keessa jiru kan akkam fa'a?
2. Faaruu loonii toohaa horaa kana maaliif dubartoonni hinfaarsine?
3. Hariiroon Oromoofi hora gidduu jiru maali?
4. Sababni dhabamaa deemuu faaruu toohaa horaa Oromoo maal jettanii yaaddu?
5. Yeroo loon hora dhugan faarsuufi faarsuu dhabuun jijjiirama akkam dhugaatii loonirratti fida?
6. Dhabamuu afoola faaruu loonii toohaa horaa kanaaf Waajjirri Aadaafi Turiizimii tarkaanfii akkam fudhataa jira?
7. Dhabamuu faaruu loonii toohaa horaa kanaafi kan biroof furmaanni Waajjirri Aadaafi Turiizimii fudhataa jira?
8. Dhabamuu Faaruu loonii toohaa horaafi biroo akka hinbanneef barreeffamaan ykn suursagaleen ykn Viidiyoon waraabaa jirtuu?
9. Afoolota adda addaa Waraabuufi barreessanii as galchuun gahaadha jettanii yaadduu?
10. Meeshaaleen Faaruu Toohaa Horaa duraan jiruufi ammaa akkami?
11. Meeshaalee kanneen walitti qabdanii jirtuu?
12. Sagantaa itti Afoolota walitti qabdan ummata barsiisuuf qabattan jiraa?

**HORAA BULAA!! KUMA LAMA ALLAMAGAN!!**

**Dabalee B**

## Gaaffii Marii Garee Xiyyeeffate

**YUUNIVARSIITII HARAMAAYAA KOOLLEJJII SAAYINSII HAWAASAAFI NAMUMMAA MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGUMAAFI QUNNAMTII,**

## Gaaffiilee Marii Garee Xiyyeeffannoo (MGX)

Kaayyooleen gaaffiilee marii garee kanaa **Horaa: Horsiisa Loonii Faaruu Loonii Toohaa Horaa Oromoo Anniyyaa** qaaccessuuf odeeffannoo walitti funaanameedha. Galma ga'insa kaayyoolee kanaafis odeeffannoon isinirraa sassaabuun dirqama. Kanaafuu odeeffannoon funaaname kun dhimma biraaf akka hintaane hubatanii sodaa malee bilisa taatanii gaaffilee isin gaafadhuuf akka naa deebistan obsaan isin gaafadha. Gahee qorannoo kanaaf naaf gootaniifis jalqabarratti isin galatoomfadha.

## 2. Gaaffilee Marii Garee Xiyyeeffannoof Dhihaatte

1. Faaruun toohaa horaa maalif gamtaan faarsan?

2. Horaafi horiin hariiroo waliin niqabuu?

3. Horiin bakka horatti maalif faarfama?

**Dabalee C**

**Suuraalee MGX Yeroo Qorannoo Dirree Fudhataman Keessaa**

Qorannoo Horaa-Horsiisa: Faaruu Loonii Toohaa Oromoo Anniyyaa


Qorataan Qorannoo Barataa : Ibraahim Mahammad Aadam

WAT Aanaa Gola Odaa

Dhaabbata Qorannoon Dhihaatuuf: Yuunivarsiitii Haramaayaa Muummee Afaan Oromoo, Ogumaafi Qunnamtii

Sagantaa Barnoota Idileen Ittiin Guuttannaa Digrii Duraan Boodaa (Post Graduate Program)






Fakkii 2. Suuraa MGX Qorannoo Dirree Fudhatame




Fakkii 3 Suuraa Yeroo Qorannoo Dirree Fudhatame

## Dabalee D

**MAQAA GAAFATAMTOOTA QORANNOO HORAA-HORSIISA: FAARUU LOONII TOOHAA OROMOO ANNIYYAA**

**QORATAAN QORANNOO BARATAA: IBRAAHIM MAHAMMAD AADAM**

**WAAJJIRA AADAAFI TURIIZIMII AANAA GOLA ODAA**

**DHAABBATA QORANNOON DHIHAATUUF: YUUNIVARSIITII HARAMAAYAA MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGUMAAFI QUNNAMTII**

**SAGANTAA BARNOOTA IDILEEN ITTIIN GUUTTANNAA DIGRII DURAAN BOODAA(POST GRADUATE PROGRAM)**

| T/L | Maqaa Guutuu | Koorni yaa | Umrii | Araddaa/Bakka Hojii | Gahee Hojii |
|---|---|---|---|---|---|
| 1 | Ahmad Hassan Sheekaa | Dhi | 40 | WAT A/Gola Odaa | Hoj. Mootu |
| 2 | Badrii Amiin Aadam | Dhi | 45 | WAT A/Gola Odaa | Hoj. Mootu |
| 3 | Ahmad Ibrooshee Alii | Dhi | 44 | WAT A/Gola Odaa | Hoj. Mootu |
| 4 | Musxafaa Yaaqub | Dhi | 43 | WAT A/Gola Odaa | Hoj. Mootu |
| 5 | Bishrii Ahmad Saabir | Dhi | 34 | WAT A/Gola Odaa | Hoj. Mootu |
| 6 | Faaxumaa Haamid Muummad | Dub | 47 | Cophii Dagaagaa | Hors. Bulaa |
| 7 | Ahmad Alii Saalii | Dhi | 52 | Magaalaa Burqaa | Hors.Bulaa |
| 8 | Na’iimaa Abdii Bakar | Dub | 50 | Gaara Gaafaa | Hors.Bulaa |
| 9 | Abraahim Aadam Sheekaa | Dhi | 55 | Jiddoo Misraa | Hors.Bulaa |
| 10 | Haajir Abdukariim Odaa | Dhi | 42 | Jiddoo Misraa | Hors.Bulaa |
| 11 | Aarif Aadam Ibroo | Dhi | 37 | Jiddoo Misraa | Hors.Bulaa |
| 12 | Aadam Mahammad Saalii | Dhi | 42 | Cophii Dagaagaa | Hors.Bulaa |
| 13 | Hindiyyaa Muummad Ahmad | Dub | 40 | Jiddoo Misraa | Hors.Bulaa |
| 14 | Usmaa’il Mahammad Ahmad | Dhi | 46 | Gaara Gaafaa | Hors.Bulaa |
| 15 | Bayaan Mahammad Abdullaa | Dhi | 40 | Gaara Gaafaa | Hors.Bulaa |
| 16 | Mahammadra’oof Umar Yuuyyaa | Dhi | 45 | Jiddoo Misraa | Hors.Bulaa |
| 17 | Aadam Mahammad Sakootaa | Dhi | 40 | Jiddoo Misraa | Hors.Bulaa |
| 18 | Abdushakuur Saanii Aadam | Dhi | 47 | Cophii Mi’aawaa | Hors.Bulaa |
| 19 | Mahammad Asad Yuusuf | Dhi | 36 | Cophii Mi’aawaa | Hors.Bulaa |
| 20 | Mahammad Ahmad Alii | Dhi | 48 | Cophii Mi’aawaa | Hors.Bulaa |
| 21 | Awwal Kaliil Ushee | Dhi | 60 | Gaara Gaafaa | Hors.Bulaa |
| 22 | Siraac Ahmad Muussaa | Dhi | 50 | Gaara Gaafaa | Hors.Bulaa |
| 23 | Mahammad Ahmad Abdullaa | Dhi | 35 | Cophii Mi’aawaa | Hors.Bulaa |
| 24 | Mahammaad Aadam Bakar | Dhi | 44 | Cophii Dagaagaa | Hors.Bulaa |
| 25 | Abdukariim Abdulmajiid Aadam | Dhi | 60 | Magaalaa Burqaa | Hors.Bulaa |
| 26 | Nuuriyaa Iissaa Abraahim | Dub | 50 | Magaalaa Burqaa | Hors.Bulaa |
| 27 | Husseen Yaayaa Alii | Dhi | 50 | Cophii Dagaagaa | Hors.Bulaa |
| 28 | Abdii Abraahim Umar | Dhi | 48 | Gaara Gaafaa | Hors.Bulaa |
| 29 | Sharaf Sheek Afandii AbbaaJundaa | Dhi | 32 | WAT A/Gola Odaa | Hoj.Moot |

| | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|
| 30 | Aashaa Ahmad Umar | Dub | 40 | WAT A/Gola Odaa | Hoj.Moot |
| 31 | Kaliif Ahmad Xaahaa | Dhi | 30 | Magaalaa Burqaa | Hors. Bulaa |
| 32 | Abdullaahii Hassan Baarrinkoo | Dhi | 65 | Cophii Dagaagaa | Hors.Bulaa |
| 33 | Leeylaa Ahmad Siraac | Dub | 40 | Cophii Dagaagaa | Hors.Bulaa |
| 34 | Nuuriyaa Abdallaahi Ahmad | Dub | 40 | Cophii Dagaagaa | Hors.Bulaa |
| 35 | Mudassir Mahammad Abdullaa | Dhi | 60 | Cophii Dagaagaa | Hors.Bulaa |
| 36 | Muluukaa Abraahim Ahmad | Dub | 45 | Mag. Burqaa | Hors.Bulaa |
| 37 | Ibraahim Mahammad Saalii | Dhi | 55 | Cophii Mi’aawaa | Hors.Bulaa |
| 38 | Abduramaan Abdullaahii Usmoo | Dhi | 60 | Cophii Dagaagaa | Hors.Bulaa |
| 39 | Ibraahim Abdullaa Filaa | Dhi | 36 | Gaara Gaafaa | Hors.Bulaa |
| 40 | Shukrii Aadam Sa’id | Dhi | 30 | Gaara Gaafaa | Hors.Bulaa |

Gabatee 1 Maqaa Odeeffannoo kennitoota Qorannichaa

**Maddisaa:** Waajjira Aadaafi Turiizimii Aanaa Gola Odaarraa fudhatame.